In partnership with Canada

PLAN INTERNATIONAL
Until we are all equal

MOOJULA LEENJII DEGGARSAA QOPHEESSUUFI HOOGGANSA ISAA



Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa
Deggersa maallaqaa Gloobaal Afeyiris Kaanaadaa (GAC) irraa argameen piroojektii Sagalee fi Geggeesummaa Dubartootaatiin kan Qophaa'ee
Amajjii, 2016 A.L.I
Finfinnee, Itiyoophiyaa

MOOJULA LEENJII DEGGARSAA QOPHEESSUUFI HOOGGANSA ISAA

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa

Deggersa maallaqaa Gloobaal Afeyiris Kaanaadaa (GAC) irraa argameen piroojektii Sagalee fi Geggeesummaa Dubartootaatiin kan Qophaa'ee

Amajjii, 2016 A.L.I

Finfinnee, Itiyoophiyaa

Qopheessitoota Waliinii

Pilaan Internaashinaal Itoophiyaa, Garee Bulchiinsa Pirojektii WVL

Pilaan Internaashinaal Kaanaadaa /CNO/ fi

Leenjistootaafi Barsiisota Ijoo (LBI)

Dassaalenyi Tabiraatu

Elisaabeexi Geetaachoo

Roobeel Dassalenyi

Gulaalaafi Hiikaa - Paangoo Dhaabbata Gorsaa

Graphic Design Agegnehu Alene

Galata

Pilaan Internaashinaal Itoophiyaan (PII) miseensota garee Deggarsaa Qopheessuufi Hooggansa LBI fi garee bulchiinsa pirojektii Sagalee Dubartootaa fi Hoggansaa Itoophiyaa akkasumas garee Pilaan Internaashinaal Kaanaadaa moojuulii ijaarsa dandeettii kana qopheessuu keessatti tumsa taasisaniif galata fi dinqisiifannaa isaa ibsuu barbaada. Akkasumas Dhimmoota Addunyawaa Kaanaadaa /GAC moojuulii kana qopheessuuf maallaqa gumaacheef galata addaa qabna. Kana malees, adeemsa kana keessatti deeggarsa ogummaa fi hoggansa kennuu keessatti gumaachi Pilaan Internaashinaal Kaanaadaa /CNO fi PMT taasisan dinqisiifannaa guddaa qaba.

Miseensota garee Deggarsaa Qopheessuufi Hooggansa LBI fuula haguugduu moojuulii kana irratti tarreeffamaniin carraaqqii cimaafi itti fufiinsa qabu hojii cimaa yeroo dhiphaa kenname keessatti hojii qophii moojuulichaaf barbaachisu raawwachuu isaaniif dinqisiifannaafi galatni onnee irraa madde dhiyeessina.

Gabatee Qabiyyee

Galata 1

Seensa Moojuulichaa 5

Kutaa 1: Deggarsa Qopheessuufi Hooggansa isaa Hubachuu 8

Kutaa xiqqaa 1: Adeemsa Barnoota Hirmaachisaa Karoorsuu 8

Kutaa xiqqaa 2: Eegaluu 10

Kutaa xiqqaa 3: Deggarsaafi Sanada Deggarsaa Qopheessuuf Hooggansa IsaaHubachuu 22

Kutaa xiqqaa 4: Bulchiinsa Pirojektii Hooggansa Deggarsaa Irraa Adda Baasuun Hubachuu 25

Kutaa xiqqaa 5: Gosa Deggarsaa 26

Kutaa Xiqqaa 6: Maddoota Maallaqaa fi Malawwan Sassaabbii Qabeenyaa Hordofuu 28

Kutaa Xiqqaa 7: Rakkoolee qabatamaa deeggarsa guddiisuufii deeggarsa hoogganuu keessattii mul'atan eeruu 30

Kutaa xiqqaa 8: Xumura tokkoon tokkoon guyyaa leenjii adeemsa barnootaa goolabi 31

Gaaffiiwwan Madaallii Duraa Kutaa 1ffaa: Sanada Deggarsaa Qopheessuufi Hooggansa Isaa Hubachuu 32

Gaaffiiwwan Madaallii Boodaa Kutaa 1: Sanada Deggarsaa Qopheessuu fi Hooggansa Deggarsaa Hubachuu 32

Kutaa 2: Bu'a Qabeessummaa Iyyaannoo Deggarsaa Tuumsu/Ciimsuu 34

Kutaa xiqqaa 1: Iyyannoo Duraa/ Marsaa Qophii 35

Kutaa Xiqqaa 2: Barbaachisummaa Odeeffannoo Walitti Qabuu 36

Kutaa xiqqaa 3: Qooda Fudhattoota Pirojektichaa Mari'achiisuu 37

Kutaa xiqqaa 4: Iyyannoo Deggarsaa Hubachuu (Karoora Tarsiimoo, Haala, Dandeettii Dhaabbataa Wajjin Walsimsiisuu) 38

Kutaa xiqqaa 5: Meeshaalee Dizaayinii/tolfama Pirojektii (Bu'uura Loojikii fi Bu'uura Bu'aa) 39

Kutaa xiqqaa 6: Piroppozaala Deggarsaa Qabiyyeewwan Bu'uuraa Isaa Waliin Barreessuu 40

Kutaa xiqqaa 7: Karoora Hojii Pirojektii 43

Kutaa xiqqaa 8: Baajeta Pirojektii Qopheessuu 44

Kutaa xiqqaa 9: Deggarsa Barreessuufi Iyyachuu Keessatti Qormaata Qabatamaa 45

Gaaffiiwwan Madaallii Duraa Kutaa 2ffaa: Bu'a qabeessummaa Iyyannoo Deggarsaa Guddisuu 46

Gaaffiiwwan Madaallii Boodaa Kutaa 2ffaa: Bu'a qabeessummaa Iyyannoo Deggarsaa Guddisuu 47

Kutaa 3: Hoggansa Deggarsaa Bu'a Qabeessa 48

Kutaa Xiqqaa 1: Hoggansa DeggarsaaBu'a Qabeessa 48

Kutaa Xiqqaa 2: Hojiilee Duraa Hoggansa Deggarsaa Bu'aa Irratti Xiyyeeffatee 49

Kutaa Xiqqaa 3: Bittaa Fi Bulchiinsa Qabeenyaa Hoggansa Deggarsaa Bu'a Qabeessa 51

Kutaa Xiqqaa 4 Bulchiinsa Faayinaansii fi Bulchiinsa Deggarsaa 52

Kutaa Xiqqaa 5: Hordoffii fi To'annoo Keessaa 54

Kutaa xiqqaa 6: Hoggansa Deggarsaa Keessatti Qormaata Qabatamaa fi Karaalee Ba'umsaa 56

Gaaffiiwwan Madaallii Duraa Kutaa 3ffaa: Hoggansa Deggarsa Bu'a Qabeessaa 58
Gaaffiiwwan Madaallii Boodaa Kutaa 3ffaa: Hoggansa Deggarsa Bu'a Qabeessaa 59
Kutaa 4ffaa:: Deggarsa Gabaasuu 60
Kutaa xiqqaa 1: Hubannoo Bu'uuraa fi Qophii Gabaasa Deggarsaa 60
Kutaa xiqqaa 2: Gabaasa Faayinaansii 62
Kutaa xiqqaa 3: Gabaasa Seeneffamaa 64
Kutaa 5ffaa: Hojimaata Cufiinsa Deggarsaa 67
Kutaa xiqqaa 1: Cufiinsa Deggarsaa Hiikuu 67
Kutaa xiqqaa 2: Hojimaata Cufiinsaa Hubachuu 69
Kutaa xiqqaa 3: Qormaata Qabatamaa Cufiinsa Deggarsaa fi Karaa Ba'umsaa 70
Kutaa xiqqaa 4: Tokkoo Tokkoo Guyyaa Leenjii Goolabuu 71
Kutaa xiqqaa 5: Madaallii Dhumaa Xumura Leenjii fi Hordoffii 72
Kutaa xiqqaa 6: Sirna Cufiinsaa fi Waraqaa Ragaa Hirmaattotaaf Kennuu 73
Gaaffiiwwan Madaallii Duraa Kutaa 5ffaa: Hojimaata Cufiinsa Deggarsaa 74
Gaaffiiwwan Madaallii Boodaa Kutaa 5ffaa: Hojimaata Cufiinsa Deggarsaa 75
Dabalata 1: Saamuda Liinkii Saamuda MG Unkaa fi Qajeelfama Iyyannoo Fandii Amaanaa 76
Dabalata 2: Qabiyyeewwan Piroppoozaala Deggarsaa 77
Dabalata 3: Saamuda Fakkeenya Qophii Deggarsaa 78
Dabalata 4: Fakkeenya Bu'uura Loojikii Feteh (EMIYI) Irraa 85
Dabalata 5: Unka Gabaasa Deggarsaa Beekamoo 88
Wabiiwwan 90

Gabaajeewwan

BD	Hooggansa deeggarsaa Bulchiinsa Deggarsaa
DhHB	Dhaabbiilee Hawaasummaa irratti Bu'uureeffate
CDCS	Cimina, Dadhabina, Carraa, fi Sodaa
DhAI	Dhaabbata Abbagaar Itiyoophiyaa
DhHB	Dhaabbata Hawaasa Bu'uureffate
DhMDu	Dhaabbata Mirga Dubartootaa
DhMM	Dhaabbata Miti-Mootummaa
DhWS	Dhaabbata Waldaa Siivilii
DO	Daayirektara Ol'aanaa
EDhH	Ekispertoota Dhimma Hojii
EMIYI	Ejensii Misooma Idil-addunyaa Yunaayitid Isteetis
ETMN	Ejensii Tumsa Misoomaa Noorweey
GPD	Gaaffii Piroppoozaalaa Dhiyeessuu
HGO	Hojii Gaggeessaa Olaanaa
HN	Humna Namaa
HSD	Hoggansa Sagalee Dubartootaa
KMNI	Komiishinii Mirga Namoomaa Itiyoophiyaa
KT	Karoora Tarsiimoo
LF	Log Fireemii
LBI	Leenjistoota fi Barsiisaa Ijoo
MA	Mootummaa Ameerikaa
MMBU	Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa
PG	Piropozaala
PII	Plan International Itoophiyaa
SHA	Sagantaa Haqaa Addunyaa
WAAW	Waajjira Abbaa Alangaa waliigalaa
WAAW	Waajjira Abbaa Alangaa Waliigalaa
WIU	Waajjira Ittisa Uummataa
YB	Yaadrimee Bu'aa
YH	Yaadrimee Hojii
YW	Yaadannoo Waliigaltee

SEENSA MOOJUULICHAA

Moojuliin Leenjii Deggarsa Qopheessuu fii Hooggansa isaa kun, kan qophaa'e Dhaabbatota Mirgoota Dubartootaatiif (DhMDu) yeroo ta'u argannoo madaallii dhaabbilee irratti gaggeeffame irraati. Moojulichi dargaggoota hoggantoota dubartootaa pirojektii Hooggansa Sagalee Dubartootaa (HSD) irratti hirmaatan bira ga'uuf kan akeekedha.

Moojuliin leenjii kun hunda-galeessa ta'uu isaa mirkaneessuuf gareen kun barreeffamoota, maddoota onlaayinii, maanuwaalii leenjiiwwan biroo, muuxannoo qabatamaa dhaabbilee fi maddoota kanaan walqabatan gamaaggameera. Qabxiileen kun kutaa yaadannoo teeknikaa keessatti hammatamaniiru. Gama addaa addaa leenjichaa waliin gahuuf moojuliin leenjii kun, marii garee, taphani gaheefi qabatamaa akkasumashirmaachisaa ta'ee kan qophaa'eedha.

Moojuliin leenjii kun mata dureewwan armaan gadiitiin kutaalee shanitti qoodameera:

Deggarsa Qopheessuufi Hooggans Hubachuu;Gaaffii Deggarsaa Bu'a qabeessa; Hooggansaa fiii Baajata Gargaarsaa; Gabaasa Deggarsaa fi Hojimaata Cufiinsa Deggarsaati. Leenjifamtootaaf mala adda addaa kan akka marii garee, walgahii guutuu, tapha gahee, garee marii, fi gaaffilee hirmaannaa yaadaa fayyadamuun haala hirmaachisaa ta'een leenjiin ijaarsa dandeettii ni kennamaaf. Barbaachisummaa isaa irratti hundaa'uun tooftaalee addaa addaa ta'anis ni dhiyaatu.

Moojuliin leenjii kun saamuda meeshaalee sanadoota deeggarsaaf dirqama ta'an of keessatti niqabata. Meeshaaleen kunniin deggarsa qopheessuu fi gabaasuu keessatti akka wabii ta'aniif dabalamaniiru.

Kaayyoo gooroo Moojuulichaa

Xumura leenjii moojuulii kanaa irratti hirmaattonni:

- *Qorannoowwaniifi fakkeenyota barbaachisoo ta'an fayyadamuun, DhMDutiif deggarsa bu'a qabeessa ta'e qopheessuu, hoogganuu fii baajata isaa irratti hubannoo qabatamaa niqabaatu.*
- *Sanadawwaniifi ulaagaalee barbaachisan hunda guutuun adeemsa deggarsa ittiin gabaasanii fii cufan hubachuu isaanii ni mul'isu.*
- *Dandeettii rakkoo furuu fi yaada qeeqaa fayyadamuun deggarsa gaafachuufi bulchuu waliin walqabatee qormaatawwan qabatamaa jiran adda baasuun ni furu.*
- *Beekumsaa fi dandeettii leenjicha irraa argatan fayyadamuun sanada deggarsaa milkaa'aa ta'e dhaabbilee isaaniif ni qopheessu; kanaanis maallaqni deggarsa irra argaman ni dabaluu; hawaasa isaanii keessatti dhiibbaa gaarii qabaatu.*

Maanuwaaliin kun deggarsa gaafachuufi hoogganuu irratti odeeffannoo kennuuf kan qophaa'eef yoo ta'u tooftaalee leenjii haala mijeessan, hirmaachisoo ta'anii fii barnoota muuxannoon barataman of keessatti hammata. Galmi isaas hirmaattonni beekumsaa fi dandeettii qabatamaa haalota hojii addunyaa dhugaa keessatti hojiirra oolchuu danda'an akka argatan gochuudha.

Kana galmaan ga'uuf mala barumsaa hirmaachisaa kan hirmaattoota adeemsa barumsaa keessatti dammaqinaan hirmaachisu fayyadamna. Malli kun barumsa aadaa barsiisaan ykn leenjisaan garee tokko barsiisu caalaa bu'a qabeessa ta'uun isaa mirkanaa'eera. Sadarkaan barnoota idilee hirmaattonni maal iyyuu yoo ta'e, namni hundi gumaacha gatii guddaa qabu qaba, akkasumas namoota dhuunfaa hunda irraa hirmaannaa cimaa ni jajjabeessina.

Akkaataa

Akka as keessatti fayyadamnutti leenjisaan adeemsa barumsaa kan qajeelchu "haala mijeessituu" jedhamee waama. Haala mijeessituun kunis muuxannoo, beekumsaa fi dandeettii isaanii karaa shaakala,

yaada qeeqaa fi yaad-calaqqeedhaan haala hirmaattonni itti qooda fudhatan uuma. Malli kun hirmaattonni deggarsa gaafachuufi hooggansa a isaaf furmaata qabatamaa akka argamsiisani taasisa.

Barumsi waa'ee deggarsaa hirmaattota hundaaf akka qaqqabu gochuuf gochaalee fi fakkiiwwan maanuwaalii keessatti hammachiisneerra. Afaan leenjifamtootaaf mijatu fayyadamuu fi jechoota baay'ee hinbeekamne fayyadamuu irraa fagaachuudhaan, haala barumsaa hunda hammate kan saala, sanyii fi aadaa hunda kabaju akka uumnu abdii qabna.

Hirmaattota Leenjii fi Wantoota irraa Eegaman

Ciminaa fi bu'a qabeessummaa barumsa hiriyaaf beekamtii kennuudhaan, Moojuliin Leenjii Sanada Deggarsaa qopheessuufi bulchuu kun leenjii beekumsaafi dandeettii ogeessota DhDu/DhMDu fooyyessuuf haala bu'a qabeessa ta'een akka mijeessuuf kan qophaa'edha.

Leenjichi bu'a qabeessa ta'uu isaa mirkaneessuuf mala armaan gadii ni fayyadamna:

Barumsi hiriyaa ni jajjabeeffama, haallis ni mijataaf.Qabiyyeen maanuwaalii fedhii garee xiyyeeffannoo ta'ee wajjin haala walsimuun kan qophaa'u ta'a.Leenjii qabatamaa caaseffachuun dura sadarkaa beekumsa hirmaattotaa fi fedhii addaa isaanii hubachuuf madaalliin fedhii ni gaggeeffama. Haala mijeessituunis leenjiin kun hunda kan hammatee fi saala, sanyii, fi aadaa hunda kan keessummeessuu ta'uu ni mirkaneessa.

Gurmaa'ina Moojuulichaa

Maanuwaaliin ogeessota Dhaabbilee Dubartootaa (DhDu) fi Dhaabbilee Mirga Dubartootaa (DhMDu) waliin hojjetaniif leenjii Sanada Deggarsaa qopheessuufi Bulchuu irratti kennamu haala bu'a qabeessa ta'een haala mijeessuudhaaf kan qophaa'e yoo ta'u kutaalee shanitti qoodameera. Kutaaleen kunis akka armaan armaan gadiitti:

Kutaa Tokkoffaa:

Hubannoo Sanada Deggarsaa Qopheessuufi Hoogganuu- Kutaalee biroo hundaaf bu'uura kan kennu yoo ta'u, adeemsaa fi kaayyoo barumsa hirmaachisaa fi haala mijeessuu bu'a qabeessa ta'e irratti hubannoo ni uuma.

Kutaa Lammaffaa:

Iyyata Deggarsaa Bu'a qabeessa- Beekumsaa fi dandeettii qabatamaa adeemsa iyyannoo deggarsaa bu'a qabeessa ta'e kennuu irratti xiyyeeffata.

Kutaa Sadaffaa:

Hooggansa Deggarsa fi Baajata - Mata dureewwan hooggansa deggarsaafi baajata waliin walqabatan kan hammatu yoo ta'u, leenjifamtoonni deggarsa haala bu'a qabeessa ta'een bulchuuf beekumsaa fi dandeettii barbaachisaa ta'e akka qabaatan taasisa.

Kutaa Afraffa:

Gabaasa Deggarsaa - Beekumsaa fi dandeettii qabatamaa adeemsa gabaasa deggarsa waliin walqabatu kennuu irratti xiyyeeffata.

Kutaa Shanaffaa:

Hojimaata Cufiinsa Deggarsaa- Hojimaata cufiinsa deggarsaa sirrii ta'eef tarkaanfiiwwan barbaachisoo hordofamuu qaban ni haguuga. Moojuloonni kun mala barumsaa hirmaachisaa hordofuun kan qophaa'an yoo ta'u, haala mijeessituun akka qajeelfamaatti kan tajaajiluu fi haala leenjifamtoonni adeemsa barumsaa irratti dammaqinaan itti qooda fudhatan kan uumudha. Qabiyyeen moojulichaas fedhii leenjifamtootaa xiyyeeffannoo ta'anii wajjin kan walsimu yoo ta'u, sadarkaa beekumsaa fi fedhii addaa hirmaattotaa murteessuuf leenjii caaseffachuun dura madaalliin fedhii ni gaggeeffama.

Moojuliin kun gaaffilee madaallii duraa fi boodaa dhuma kutaa tokkoon tokkoo kutaalee irratti kan hammatedha. Hirmaattonnis gaaffilee kanaaf leenjii duraa fi booda deebii kennuu qabu. Gaaffiiwwan madaallii duraa beekumsaa fi dandeettii hirmaattonni leenjii dura qaban madaaluuf kan qophaa'an yoo ta'u, gaaffileen madaallii boodaa ammoo bu'a qabeessummaa leenjichaa madaaluu fi hirmaattonni beekumsaa fi dandeettii haaraa argachuu isaanii adda baasuuf kan qophaa'ani dha.

Gaaffiiwwan madaallii duraa haala mijeessichi qaawwa beekumsaa hirmaattotaa adda baasuu fi leenjii fedhii addaa hirmaattotaa guutuuf akka mijatu gargaaru. Haala mijeessichi deebii gaaffilee madaallii duraa xiinxaluudhaan qabiyyeewwan kamtu caalaatti xiyyeeffannoo akka barbaaduu fi mata dureewwan kamtu gabaabinaan uwwifamuu akka danda'u murteessuu ni danda'a.

Gama biraatiin gaaffileen madaallii boodaa haala mijeessichi bu'a qabeessummaa leenjichaa madaaluu fi kaayyoon barnootaa galma ga'uu isaa murteessuuf ni gargaara. Haala mijeessichi deebii gaaffilee madaallii boodaa xiinxaluudhaan hirmaattonni beekumsaa fi dandeettii haaraa argachuu isaanii fi beekumsaa fi dandeettii argatan kana hojii isaanii keessatti fayyadamuu danda'uu isaanii murteessuu ni danda'a.

Hirmaattota Wal-barsiisuu

Akka haala mijeessituu moojuulii leenjii kanaatti hirmaattoota hundaaf haala barumsaa nageenya qabuu fi hunda hammate uumuun barbaachisaa dha. Kana gochuuf hirmaattota wal-barsiisuuf yeroo waliin qabnuuf seera bu'uuraa tokko tokko kaa'uudhaan jalqabna. Mee tarkaanfiiwwan kana hordofaa:

1. **Hirmaattota Beeksisuu:**

- *Hirmaattonni maqaa isaanii fi dhaabbata bakka bu'an himuun akka of beeksisan gaafachuu.*
- *Hirmaattonni iyyannoo deggarsaa fi bulchiinsa isaa irrattimuuxannoo isaanii gabaabinaan akka qoodan jajjabeessuu.*

2. **Seera Bu'uuraa leenjichaa Kaa'uu:**

- *Seerotni bu'uuraa waliigalteewwan haala barumsaa kabaja qabuufi bu'a qabeessa ta'e uumuuf akka gareettikan ka'anne ta'uu isaa ibsuu.*
- *Hirmaattonni seera bu'uuraa tokko tokko, kan akka dammaqinaan dhaggeeffachuu, yaada daneessa kabajuu, iccitii eeguu, fi yaada namaa addaan kutuu irraa fagaachuu ilaalchisee akka yaada kennan gaafachuu.*

- Seerota bu'uuraa waraqaa garagaltu/flip chart ykn gabatee adii irratti galmeessuun guutummaa yeroo leenjichaa keessatti agarsiisuu.

3. **Wantoota leenjicha irraa hirmaattonni eegan:**

- *Hirmaattonni leenjiicha irraa waan isaan eegan, maal akka barachuu abdatan, maalfooyyessuu akka barbaadan, fi gaaffii addaa qaban gaafachuu.*
- *Madaalliin leenjii duraa fi boodaa fooyya'iinsa jiran madaaluu fi bakkeewwan fooyya'uu qaban adda baasuuf akka gaggeeffamu ibsuu.*

Tarkaanfiiwwan kana hordofuudhaan hirmaattoota hundaaf haala barumsaa gaarii fi bu'a qabeessa ta'e uumuu dandeenya.

1 Kutaa DEGGARSA QOPHEESSUUFI HOOGGANSA ISAA HUBACHUU

Kaayyoon Kutaa kanaa:

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni sanada deggarsaa qopheessuufi hooggansa isaa irratti hubannoo bal'aa niqabaatu. Hooggansapirojektii hooggansa deggarsaa irraa adda nibaasuu, sanada deggarsaa qopheessuuf fi bulchiinsa isaa waliin walqabatee qormaatawwan qabatamoo jiran nifuruu, akkasumas tokkoon tokkoon dhuma guyyaa leenjii isaanii adeemsa barumsaa bu'a qabeessa ta'een nixumuruu.

Bu'aan eegamu:

Hirmaattonni yaad-rimeewwanii fi adeemsa ijoo sanada deggersaa qopheessuu fi hooggansa isaa irratti hubannoo ifa ta'e ni qabaatu. Walxaxaa bulchiinsa deggarsaa keessa darbuu fi qormaata qabatamaa uumamuu malan milkaa'inaan furuuf beekumsaafi dandeettii ni hidhatu. Dabalataanis, hirmaattonni guyyaa leenjii tokkoo tokkoo guyyoota leenjii haala bu'a qabeessa ta'een xumuruuf tooftaalee bu'a qabeessa ta'an hojiirra oolchuu.

Sa'aa ramadame:

Mata dureewwan kennaman:

- Adeemsa barnoota hirmaachisaa karoorsuu
- Jalqabuu
- Hooggansa pirojektii Hooggansa deggarsaa irraa adda baasuu
- Rakkoolee qabatamaa sanada deggersaa qopheessuu fii Hooggansa isaa irratti mul'atan furuu
- Dhuma tokkoo tokkoo guyyaa leenjii irratti adeemsa barnootaa xumuruu

Kutaa xiqqaa 1: Adeemsa Barnoota Hirmaachisaa Karoorsuu

Kaayyoo	Kaayyoon kutaa xiqqaa kanaa hirmaattonni haala barumsaa mijataa akka uuman dandeessisuu fi xumura sagantaa leenjii kanaa irratti ammoo hojiiwwan hirmaachisoo bu'a qabeessa ta'an akka gaggeessan gochuudha.
Gocha	Gochonni kunis kan hammatu barbaachisummaa dammaqinaan hirmaachuu, hariiroo dhuunfaa jabeessuu, garee koorniyaa madaalawaa ta'e ijaaruu, madaallii duraa gaggeessuu irratti mari'achuu ta'a. Dabalataanis, tarkaanfiiwwan karooraa kanneen akka kaayyoo barnootaa adda baasuu, malaa fi tooftaalee mijatoo ta'an filachuu, meeshaalee leenjii qopheessuu, leenjii saganteessuu fi hirmaattota afeeruu tu huwwifama.
Mala	Malli itti fayyadamnu marii garee fi odeeffannoo waliif qooduudha.
Meeshaalee	Gabatee garagaltu/Flip Charts, maarkerii, waraqaa yaadannoo, ulee haphee/glue stick, lilmoo, maastiishii/cello tape, maqasii, kaardii ykn waraqaa, kaardii keelloo fi diimaa, dhaabbannaa gabatee garagaltu, barruulee.
Sa'aa	Daqiiqaa 30.

Hojiiwwan HaalaMijeesitootaa :

1. Barbaachisummaa dammaqinaan hirmaachuu ibsuu fi mari'achiistuu malee barsiistuu akka hin taane ibsuu
2. Barbaachisummaa naannoo barumsaa mijataa fi gahee haala mijeessituun kana uumuu keessatti qabu irratti xiyyeeffachuu.
3. Hirmaannaa walqixaa mirkaneessuuf gareewwan koorniyaa madaalawaa akka ijaaraman jajjabeessu.
4. Kaayyoo barumsaa adda baasuu, malawwan mijatoo ta'an filachuu, meeshaalee qopheessuu fi sagantaa baasuu dabalatee tarkaanfiiwwan karoora leenjii milkaa'aa ta'eef barbaachisan irratti mari'achuu.
5. Bakka leenjii mijaawaa ta'e filachuu fi meeshaaleen barumsaa barbaachisoo ta'an akka argaman mirkaneessuu
6. Fayyadama gabatee garagaltu/flip charts fi barbaachisummaa sirnaan qabachuu fi kuusuu ibsuu.
7. Marii gareef haala mijeessuu fi gaaffii ykn yaaddoo hirmaattonni kaasan kamiinuu deebisuu.

1.1 Dammaqinaan Hirmaachuu Jajjabeessuu

Sanada deggarsaa qopheessuufi hoogganuu isaa irratti barumsi hirmaachisaa bu'a qabeessa ta'e mirkaneessuuf haala mijeessituun barsiisaa osoo hin taane mari'achiiftuu ta'eettisocho'uu qaba. Malli kun haala mijeessituu fi hirmaattoota gidduutti, akkasumas hirmaattotaafi hirmaattota gidduutti waliin haasa'uu fi waljijjiirraa yaadaa ni jajjabeessa.

Hubachiisa Teeknikaa:

Barumsa hirmaachisaadhaaf haalli barumsaa mijataa ta'e barbaachisaadha. Fedhii fi dandeettiin hirmaattotaa garaagarummaa qabaachuu waan danda'uuf haala mijeessituchi leenjicha jalqabuun dura fedhii fi hawwii hirmaattotaa hubachuu qaba. Haala mijeessituchi haala leenjii mijataa uumuuf qophii fi shaakala barbaachisaa yeroon dursee gochuu qaba. Hirmaannaa fi waliin dubbii dammaqina qabu jajjabeessuuf hirmaattoota lakkoofsaan murtaa'an waliin hojjechuun gaariidha. Kunis hirmaannaa fi walitti hidhamiinsa garee guddisuu kan danda'u yoo ta'u, kuni ammoo qulqullina adeemsa barumsaa hirmaachisaa ta'eefooyyessuu danda'a. Hirmaattonni dubartootaas ta'e dhiiraa yaada isaanii kan biroof hiruufis ta'e wal jijjiiruuf carraa walqixa akka qabaataniif gareewwan koorniyaa madaalawaan ijaaramuu qabu.

Akka haala mijeessituutti hirmaattonni yaadaafi muuxannoo isaanii waliif qooduudhaan adeemsa barumsaa keessatti dammaqinaan akka hirmaatan jajjabeessuu dandeessa. Walitti dhufeenya dhuunfaa hirmaattota gidduu jiru jajjabeessuudhaan waliindubbii isaanii fi dammaqinaan akka hirmaatan gochuu dandeessa. Garee koorniyaa madaalawaa ta'e uumuudhaan hirmaattonni dhiiraa fi dubaraa hirmaachuuf carraa walqixa akka qabaatan mirkaneessuu dandeessa.

1.2 Hojii Qophii Gochaafi Karooraa

Muuxannoo barumsaa hirmaachisaa milkaa'aa ta'e mirkaneessuuf leenjii dura tarkaanfiiwwan karooraa hedduu ilaalamuu qabu. Haala mijeessituun adeemsa karooraa dursee jalqabuu qaba. Tarkaanfiiwwan karooraa kunis kanneen armaan gadii of keessatti qabachuu danda'u:

- *Kaayyoowwanii fi bu'aawwan barumsichaa hirmaattotaaf adda baasuu*
- *Kaayyoowwan barnootaa galmaan ga'uuf malawwanii fi tooftaalee barumsaa mijatoo ta'an adda baasuu*
- *Meeshaalee leenjii barbaachisoo ta'an adda baasuun qopheessuu*
- *Bakka leenjii fi wanneen barbaachisan qopheessuu*
- *Leenjii saganteessuu fi dursanii hirmaattota afeeruu*
- *Qaawwa beekumsaa fi fedhii hirmaattotaa adda baasuuf madaallii duraa gaggeessuu.*

Bakka/iddoo Leenjii fi Meeshaalee Barnootaa

Moojuulii leenjii yeroo qopheessinu iddoo fi meeshaalee barnootaa haala barumsaa mijataa fi bu'a qabeessa ta'e mirkaneessuuf itti fayyadamnu ilaaluun barbaachisaadha. Qabxiileen hubatamuu qaban tokko tokko kunooti:

Bakka/iddoo Leenjii:

Leenjichaaf bakka mijataa fi sirrii ta'ee fi wanta yaada namaa facaasu irraa bilisa ta'e filadhu. Bakki itti gaggeeffamu qilleensa gaarii kan qabu, ifa gaarii kan qabuu fi teessoo gahaa fi jijjiiramuu danda'u qabu ta'uu isaa mirkaneessuu. Meeshaalee barumsaa kanneen akka gabatee garagaltu, kaardii, maarkerii, waraqaa duwwaa, fi gabateewwan barumsaa gaggeessuuf barbaachisan dhiyeessuu.

Meeshaalee Barnootaa:

Dhiyeessiin ibsaa yoo kan adda ciccitu yoo ta'e illee hirmaattonni akka qabaatan gochuuf meeshaalee leenjii kooppii gahaa ta'e kenniif. Yeroo barnoota hirmaachisaa gaggeessinu, meeshaaleen barumsaa armaan gadii nigargaaru: Maanuwaalii iyyannoofi bulchiinsa isaa kan Pilaan Intarnaashinaal (PI), waraqaa garagaltu/flip chart, waraqaa filiippi chaartii, ykn waraqaa gurguddaa, maarkerii halluu adda addaa, waraqaa yaadannoo, Ulee haphee, lilmoo, maastiishii, maqasii, kaardii yookiin waraqaa citaa, waraqaa yaadannoo irratti barreessuuf gargaaru, kaardii keelloo fi diimaa (kan to'ataan adeemsaaf itti fayyadamuu) Dhaabbata gabatee garagaltu (akka filannootti, balbalaa fi keenyan irratti waraqaa gurguddaa fannisuu dandeessa), barruulee akka barbaachisummaa isaatti. Yeroo waraqaa garagaltu/flip charts fayyadamtu, hirmaattonni chaartii irraa fagoo taa'an qabiyyee isaa salphaatti akka dubbisaniif barreeffama harkaa mul'atuun barreessi. Odeeffannoo baay'ee fuula tokko irratti barreessuu irraa of qusadhu; hamma danda'amee fi barbaachisaa ta'etti halluu adda addaa fayyadami. Waraqaawwan garagaltu/flip chart barreeffamanii keenyan irratti fannifaman walitti qabi; garuu osoo leenjiin hin xumuramin gadi hin buusin. Kunis haala mijeessituun ykn hirmaattonni akka barbaachisummaa isaatti irra deebi'anii akka isaan eeraniif nigargaara. Haaluma kanaan waraqaawwan kanaaf lakkoofsa kenni; booda itti fayyadamuuf sirnaan qabachuu fi kuusuu barbaachisa; fakkeenyaaf, gabaasa hojii leenjii qopheessuuf.

Kutaa xiqqaa 2: Eegaluu

Milkaa'ina leenjii kamiifuu jalqabni gaariin murteessaadha. Leenjiin kun kutaa " Eegaluu" jedhu irraa jalqabuu qaba, kunis tarkaanfiiwwan saddeet of keessaa qaba. Haala mijeessituchi haala gaariin qophaa'ee hojiiwwan qophii hunda yeroon xumureera yoo ta'e, kutaan "Eegaluu" sa'aatii tokkoo fi walakkaa ol fudhachuu hin qabu.

Tarkaanfii 1. Leenjicha saaquu

Tarkaanfii 2. Sirna saaqiinsaa(leenjii sadarkaa olaanaaf kan barbaachisaa ta'e ykn haala irratti kan hundaa'udha) .

Tarkaanfii 3. Hirmaattota walbarsiisuu/beeksisuu

Tarkaanfii 4. Waan hirmaattonni eeganii fi yaaddoo isaan qaban ifa gochuu

Tarkaanfii 5. Kaayyoo leenjichaa hubachuu

Tarkaanfii 6. Gabatee yeroo irratti walii galuu

Tarkaanfii 7. Haala mijataa fi hirmaannaa cimaa mirkaneessuu

Tarkaanfii 8. Seera leenjichaa irratti waliigaltee irra gahuu

2.1 Woorkshooppii Leenjichaa Saaquu:

Bakka bu'aan qindeessaa leenjichaa yookaan haala mijeessituun hirmaattotaa fi keessummoota hunda leenjicha irratti ni simatu.

2.2 Sirna Baniinsa/Saaqiinsa Woorkishooppii Leenjichaa:

Kaayyoo	Hojimaata leenjii sirnaan banuuf/saaquuf gargaaru agarsiisuu.
Gocha	Sirna baniinsa idilee workishooppii leenjii.
Mala	Keessummaa (wwan) kabajaa hirmaattootaaf haasaa akka taasisan affeeruu.
Meeshaalee	Waltajjii irra dhaabbatanii dubbatan qopheessuu.
Sa'aa	Daqiiqaa 20.

Hojiiwwan haala mijeessituu: Qindeessaan ykn bakka bu'aan dhaabbata dhimmi ilaallatuu hirmaattota gara leenjichaatti akka simataniifi ergaa jajjabina akka dabarsan afeeri. Keessummaan kabajaa (yoo jiraate) haasaa baniinsaa akka taasisu affeeri. Sirna baniinsaa booda, keessummaan (keessummoonni) gaggeessuun kutaa leenjii jalqabaa eegali.

Qabxii hubatamuu qabu: Woorkshoopii leenjii sadarkaa olaanaa fi akka barbaachisummaa isaatti leenjiin yeroo hunda irratti sirna baniinsaa dursanii qophaa'uu barbaachisuun ni jalqaba. Erga namni hundi simatamee booda bakka bu'aan qindeessituu keessummaa haasaa taasisu (keessummoota) beeksisuun gara fuulduraa/waltajjiitti, ni afeera. Akka hawwamutti, haasaan baniinsaa keessummaa (wwan) tokkoo tokkoo isaanii daqiiqaa 10-15 keessatti xumuramuu qaba. Haasaawwan hordofuun haala mijeessituun waltajjii qabachuun, adeemsa barumsaa hirmaachisaa ni jalqaba;gabateen yeroo hordofamuu isaas ni mirkaneessa.

Kaayyoo: Xumura leenjii kanaa irratti hirmaattonni of beeksisaniiru.

Gocha: hirmaattotaa beeksisuu/walbarsiisuu

Mala: Hirmaattonni lama lamanta'uun of beeksisu. Daqiiqaa 2-3 booda gara gareetti deebi'anii hirmaattota biroo waliin nama gartuu isaanii keessa jiru wal barsiisu. Akkasumas, leenjisaa fi hirmaattonni biroo maqaa hirmaattota hunda hatattamaan sammuutti qabachuun waan rakkisuuf, hirmaattonni maqaa isaanii waraqaa dachaafame irratti maarkeriidhaan akka barreessanii fi fuuldura isaanii bakka mul'atutti kaa'an jajjabeessuun gabatee maqaa salphaa fayyadamuun gaariidha .

Meeshaalee: Waraqaa gurguddaa chaatii garagaltuu/flip chart, maarkerii.

Sa'aa : Daqiiqaa 20.

2.3 Hirmaattota Beeksisuu/walbarsiisuu

Hojiiwwan haala mijeessituu: Hirmaattota hunda simadhuu of beeksisuu. Mata dureewwan seensaaf ta'an gabatee garagaltu/flipchart irratti barreessi. Hirmaattonnicimdii/ lama lama ta'anii golee kutaa sanaa keessatti akka walitti qabaman gaafachuun qindeessi. Hirmaattonni lama lama ta'anii akka hojjetaniifi akka wal gaafatan daqiiqaa 2-3f hayyamiif. Odeeffannoo dabalataa tokko tokko, kan akka hiikkaa maqaa isaanii fi/ykn waan addaa waa'ee isaanii, fakkii, ykn seenaa addaa walqabatee jiru, seensa isaanii irratti akka dabalan yaada kenni. Yeroon yeroo xumuramu hirmaattonni nama reefuu gaaffii fi deebii godhan garee guutuu waliin akka wal barsiisan gaafadhu. Of beeksisuudhaan jalqabuun hirmaattota gidduutti haala gaarii akka uumu, kunis boqonnaa akka argataniifi/relax akka godhanfi bilisa ta'anii akka dubbatan kan gargaaru ta'uu isaa ibsi, kanaanis hirmaannaa fi tokkummaa garee akka cimsan ibsi.

Qabxii hubatamuu qabu: Hirmaattonni duraanuu akka gaariitti yoo wal beeku ta'e, seensa bal'aan barbaachisuu dhiisuu danda'a. Leenjii kamuu keessatti, hirmaattonni akka wal baran gochuun barbaachisaadha. Haala mijeessituchi hirmaattota hunda simachuun gabaabinaan akka of beeksisan gochuun jalqabuu qaba

2.4 Hirmaattonni Kan Leenjicha Irraa Eganiif fi Yaaddoo Hirmaattotaa Ifa gochuu

Kaayyoo	Xumura leenjii kanaa irratti hirmaattonni leenjicha irraa maal akka argachuufeegan adda baasuu ni danda'u.
Gocha	Hirmaattonni waan leenjicha irraa eeganiifi yaaddoo qaban ni ibsu.
Mala	Hirmaattonni waan leenjicha irraa eeganiifi yaaddoo qaban akka ibsan carraan ni kennamaaf.
Meeshaalee	Yaadannoowwan maxxanfamaniifii qalama.
Sa'aa	Daqiiqaa 15.

Hojiiwwan Haala Mijeessituu: Hirmaattota waa'ee mata-duree Moojuulii 1ffaa, "Iyyannoo fi Bulchiinsa Deggarsaa" beeksisi.Hirmaattonni leenjicha irraa maal akka eegan tokkoofi yaaddoo qaban tokko akka dubbatan gaafadhu. Hirmaattotaaf fakkeenya tokko kenni.Yaadota isaan kaasan keessaa waraqaa garagaltu/flip chart irratti galmeessi.Yaadota irra deddeebi'anii fi kan walfakkaatan garee gareedhaan kaa'i. Waan isaan leenjicha irraa eegan kaayyoo leenjii waliin wal bira qabi.Waraqaa garagaltu/flip chart yeroo leenjii guutuu keessatti akka mul'atu gochuu fi akka barbaachisummaa isaatti eeri. Guyyaa xumura leenjichaatti hirmaattonni yeroo leenjii kana keessa wanti duraan isaan eegan guutamuu fi dhiisuu isaa wal bira qabuuf fi mari'achuuf carraa ni argatu.

Qabxii hubatamuu qabu: Hirmaattonni waan barbaadanii fi fedhii adda addaa qabu. Leenjichi kan milkaa'u waan isaan barbaadanii fi fedhiin isaanii yoo guutedha. Shaakala kana keessatti, hirmaattonni leenjichaan walqabatee waan isaan eeganii fi yaaddoo qaban akka ibsan gaafatamu. Tokkoon tokkoon hirmaattotaa leenjii kana irraa qabatamaan maal akka eegan ifa ta'uun isaanii yeroon isaa amma. Wanti isaan eegan daangaa kaayyoowwan kaa'amaniin ala yoo ta'e, haala mijeessituchi maal eeguu akka danda'an ibsuufiin barbaachisaadha. Yoo kana hin taane, haala mijeessituu fi hirmaattonni jalqabarraa hubannoo tokko yoo hin qabaanne wal hubachuu dhabuun uumamuu danda'a.

2.5 Kaayyoo Waliigalaa Leenjii Hubachuu

Kaayyoo	Xumura leenjii kanaa irratti hirmaattonni kaayyoo leenjichaa ni hubatu.
Gocha	Hirmaattonni leenjicha irraa waan eeganiifi kaayyoo leenjichaa walbira qabanii nimari'atu
Mala	Kaayyoowwan leenjii tarreeffaman gabatee garagaltu/flip chart irratti nimul'ifamu.
Meeshaalee	Gabatee garagaltu.
Sa'aa	Daqiiqaa 10.

Hojiiwwan Haala Mijeessituu: Kaayyoowwan leenjichaa gabatee garagaltu/flip chart irratti tarreessi, tarreeffama sana keenyan irratti fannisi, kaayyoowwan sanas sagalee ol kaasii hirmaattotaaf dubbisi. Hirmaattonni waan leenjicha irraa eeganiifi kaayyoowwan walbira qabanii yaada isaanii akka ibsaniif afeeri. Leenjichaan dura kaayyoo fi waan leenjicha irraa eegan irratti hubannoo waloo irra gahuun haala hojii mijataa akka uumuu fi walta'iinsaa fi barachuuf haala mijataa akka uumu ibsi.

Hubachiisa Teeknikaa:

Kaayyoowwan Leenjichaa

- *Sanada deggarsaa bu'a qabeessa ta'e qopheessuu, bulchuu fi baajata,gabaasa fi cufiinsadeggarsaa irratti hubannoo qabatamaa horachuu*
- *Iyyannoo deggarsaafi bulchiinsa isaa keessatti waanneen qormaata qabatamaa ta'aniifi karaa keessaa ba'an hubachuu*

Qabxii Hubachiisaa

Kaayyoon leenjichaa leenjii dura haala gaariin yoo ibsame yaadonni gadheen/negative comments hirmaattota irraa kennaman nixiqqaatu. Kaayyoowwan irratti hubannoon ifa ta'e hirmaannaa guddisa; adeemsi barumsaa hirmaachisaa haala gaariin akka yaa'u nitaasisa. Gochi kun haala mijeessitoonnii fi hirmaattonni waan isaan eegan akka ibsatannidandeessisa. Wanti hirmaattonni leenjicha irraa eegan kaayyoo leenjii sanaa ol yoo ta'e, kaayyoo irratti hubannoon ifa ta'e dhabuun haala mijeessitootaa fi hirmaattota gidduutti hubannoo dogoggoraa fi mufannaa uumuu waan danda'uuf haala mijeessituchi kana battalumatti qulqulleessuu qaba.

2.6 Gabatee Yeroo Irratti Waliigaluu

Kaayyoo	Hirmaattota waliin sagantaa yeroo fi bulchiinsa yeroo irratti waliigaltee irra ga'uu
Gocha	Gabatee yeroo irratti walii galuu
Mala	Marii banaa
Meeshaalee	Gabatee yeroo bal'aa kan leenjichaa, sagantaa yeroo guyyoota
Sa'aa	Daqiiqaa 10.

Hojiiwwan Haala Mijeessituu:

1. Qabiyyee leenjii beeksisuu fi sagantaa sa'aa bal'aa dhiyeessu (daqiiqaa 3-5) kun dursanii haala gaariin qophaa'uu barbaachisa. Sana booda hirmaattonni sagantaa sa'aa guyyoota irratti akka walii galan gaafadhu.
2. Gabateen yeroo bal'aan kan jijjiiramuu danda'u ta'uu isaa, guyyaa guyyaan akka ilaalamu hirmaattotaaf beeksisuu.
3. Gabateen sa'aa bal'aan hanga xumura leenjii sanaatti keenyan irratti akka mul'atutti maxxanfamee akka turu kaasi.

2.7 Haala Mijataa fi Dammaqinaan Hirmaachuu Mirkaneessuu

Kaayyoo	Hirmaattonni adeemsa barumsaa keessatti dammaqinaan akka hirmaatan mirkaneessuu
Gocha	Hirmaattota hirmaachisuu fi dammaqinaan akka hirmaataniif gahee ramaduufii
Mala	Hirmaannaa dammaqinaan irratti odeeffannoo qooduun hirmaattotaaf gahee ramaduu
Meeshaalee	Gabatee hojii guyyaa guyyaa hirmaattotaa
Sa'aa	Daqiiqaa 30

Hojiiwwan haala mijeessituu:

Tokkoon tokkoon hirmaattotaa adeemsa barumsa hirmaachisaaf haala mijeessuu keessatti muuxannoo qabatamaa argachuuf yoo xiqqaate al tokko gahee haala mijeessituu fudhachuu qabu jedhamee yaadama. Kutaan ykn shaakalli tokko ramadameefii, boqonnaa dhimmi kun ilaallatu sirriitti dubbisuudhaan

(fi meeshaalee kutaa sanaaf barbaachisan qopheessuun akka of qopheessu/situ ni gaafatama/mti. Hirmaattota ramaduuf haala mijeessituchi kanneen armaan gadii ni raawwata:

a) Shaakala adeemsa barumsaa hirmaachisaa akka mijeessan hirmaattota ramadi

1. Shaakala/gochaalee kutaalee leenjii adda addaatiif mijatoo ta'an filadhuu qindeessi.
2. Lakkoofsa shaakala fi lakkoofsa fuula shaakalli kun irratti argamu waraqaa irratti barreessiitii mari.
3. Waraqaawwan maraman kana geengoo hirmaattotaa gidduu kaa'i.
4. Hirmaattonni maraa tokko akka fudhatan gaafadhu.
5. Hirmaattonni shaakala yaadannoo isaanii irratti agarsiifame akka qoratanii fi qopheessan gaafadhu; gaaffii kamuu yoo qabaatan gargaarsaa fi deeggarsa taasisiif.
6. Sana booda hirmaattonni adeemsa barumsaa shaakalaa wajjin walqabatee jiru akka mijeessan gaafadhu. Guyyaa fi sa'aatii shaakala itti raawwachuun isaan irraa eegamu ibsi.
7. Tokkoo tokkoo shaakala raawwatamu kana hordofuun hirmaattonni raawwii hojii haala mijeessituu madaaluun irratti akka mari'atan ibsi.

b) Hojii guyyaa guyyaadhaaf tola ooltota ramadi

Guyyaa guyyaan adeemsa barumsaa sirrii ta'e caaseffachuu fi deeggaruuf akka gargaaruuf gahee hojiiwwan biroo adda addaa hirmaattonni fudhatan ni jiraatu. Gaheewwan hojii biroo akkasii hirmaattootaaf ramaduuf haala mijeessituchi kanneen armaan gadii ni raawwata:

1. "Gabatee Hojii Guyyaa" gabatee garagaltuu/boordii/waraqaa irratti sochiiwwan guyyaa guyyaa ykn dalagaalee adeemsa barumsaa hirmaannaa sirrii ta'e mirkaneessuuf kanneen barbaachisan agarsiisi, fkn, "suppervaayizara madaallii" ykn "dammaqsituu" irratti wixini.
2. Sochiiwwan guyyoota sanaa waraqaa xixiqqoo baay'ina guyyoota leenjii wajjin walsimu irratti barreessi (fkn, guyyoota 4f, yaadannoowwan xixiqqoo 4 gahee "dammaqsitu" jedhu waliin barreessi), marii geengoo hirmaattotaa gidduu kaa'i.
3. Hirmaataan hundinuu roola tokko ykn lama akka fudhatu gaafadhu. Qabiyyeen maraa sanaafi maqaan hirmaataa gocha sanaa jalatti "gabatee hojii guyyaa" keessatti galmaa'ee keenyan irratti ni maxxanfama.

2.6 Sagantaa Yeroo Irratti Waliigaluu

Kaayyoo	Xumura moojuulii leenjii kanaa irratti hirmaattonni sagantaa yeroo irratti waliigaluun haala barumsaa mijataa ta'e mirkaneessuun adeemsa sanada deggarsaa qopheessuufi fi Hooggansa isaa irratti dammaqinaan hirmaachuu ni danda'u.
Gocha	Marii fuulee taasisuun sagantaa yeroo irratti waliigaluu.
Mala	Haala mijeesaan/tuun sagantaa yeroo bal'aa leenjichaa ni dhiheessa/siti, sana booda hirmaattonni sagantaa yeroo guyyootaa irratti waliigalu.
Meeshaalee	Gabatee yeroo bal'aa leenjichaa, sagantaa yeroo guyyoota.
Sa'aa	Daqiiqaa 10.

Qabiyyee leenjichaa beeksisuun sagantaa sa'aa bal'aa dursee qophaa'uu qabu dhiyeessi (daqiiqaa 3-5). Hirmaattonni sagantaa yeroo guyyoota irratti akka waliigalan gaafadhu. Gabateen yeroo bal'aan kan jijjiiramuu danda'u ta'uu fi guyyaa guyyaan kan ilaalamu ta'uu hirmaattota beeksisi. Gabateen yeroo bal'aan hanga xumura leenjii sanaatti keenyan irratti akka mul'atu akka maxxanfamu itti himi.

2.7 Haala Mijataa fi Dammaqinaan Hirmaachuu Mirkaneessuu

Kaayyoo	Adeemsa barumsichaa keessatti hirmaattonni hundi dammaqinaan akka hirmaataa jiran mirkaneessuu.
Gocha	Hirmaattota hirmaachisuu fi dammaqinaan akka hirmaataniif gahee ramaduufii
Mala	Hirmaannaa dammaqinaan irratti odeeffannoo qooduun hirmaattotaaf gahee ramaduu
Meeshaalee	Gabatee hojii hirmaattotaa kan guyyaa guyyaa
Sa'aa	Daqiiqaa 30

Hojiiwwan Haala Mijeessituu

Shaakala adeemsa barumsaa hirmaachisaa akka mijeessan hirmaattota ramadi

A. Shaakala/gochaalee kutaalee leenjii adda addaatiif mijatoo ta'an filadhuu qindeessi.
B. Lakkoofsa shaakala fi lakkoofsa fuula shaakalli kun irratti argamu waraqaa irratti barreessiitii mari.
C. Waraqaawwan maraman kana geengoo hirmaattotaa gidduu kaa'i.
D. Hirmaattonni maraa tokko akka fudhatan gaafadhu.
E. Hirmaattonni shaakala yaadannoo isaanii irratti agarsiifame akka qoratanii fi qopheessan gaafadhu; gaaffii kamuu yoo qabaatan gargaarsaa fi deeggarsa taasisiif.
F. Sana booda hirmaattonni adeemsa barumsaa shaakalaa wajjin walqabatee jiru akka mijeessan gaafadhu. Guyyaa fi sa'aatii shaakala itti raawwachuun isaan irraa eegamu ibsi.
G. Tokkoo tokkoo shaakala raawwatamu kana hordofuun hirmaattonni raawwii hojii haala mijeessituu madaaluun irratti akka mari'atan ibsi.

Hojii guyyaa guyyaadhaaf tola ooltota ramadi

Guyyaa guyyaan adeemsa barumsaa sirrii ta'e caaseffachuu fi deeggaruuf akka gargaaruuf gahee hojiiwwan biroo adda addaa hirmaattonni fudhatan ni jiraatu. Gaheewwan hojii biroo akkasii hirmaattootaaf ramaduuf haala mijeessituchi kanneen armaan gadii ni raawwata:

A. "Gabatee Hojii Guyyaa" gabatee garagaltuu/boordii/waraqaa irratti sochiiwwan guyyaa guyyaa ykn dalagaalee adeemsa barumsaa hirmaannaa sirrii ta'e mirkaneessuuf kanneen barbaachisan agarsiisi, fkn, "suppervaayizara madaallii" ykn "dammaqsituu" irratti wixini.
B. Sochiiwwan guyyoota sanaa waraqaa xixiqqoo baay'ina guyyoota leenjii wajjin walsimu irratti barreessi (fkn, guyyoota afuuriif, yaadannoowwan xixiqqoo afur gahee "dammaqsitu" jedhu waliin barreessi), marii geengoo hirmaattotaa gidduu kaa'i.
C. Hirmaataan hundinuu roola tokko ykn lama akka fudhatu gaafadhu.
D. Qabiyyeen maraa sanaafi maqaan hirmaataa gocha sanaa jalatti "gabatee hojii guyyaa" keessatti galmaa'ee keenyan irratti akka maxxanfamu hubadhu.

Galmee seensaa

Ganama ganama, kutaa barumsaa jalqabaa dura, namni hojii kana irratti ramadame hirmaattota akkamitti akka jiran fi maaltu akka isaanitti dhaga'amu ni gaafata. Innis mala haala mijeessituchi waa'ee haala hirmaattotaa - ykn waa'ee fayyaa isaanii - kutaan barumsaa guyyaa sanaa jalqabuu isaa dura akka beeku isa dandeessisudha. Kaayyoon mala kanaa miira walitti dhihaachuu fi haala tasgabbaa'aa uumuu, akkasumas walta'iinsa haala mijeessituu fi hirmaattoota gidduutti uumuudha. Namni kanaaf ramadame hirmaattonni waa'ee rakkoo ykn gammachuu kutaa seenuu isaanii dura isaan mudate akka dubbatan afeera. Hirmaattonni tokko tokko qoosaa ykn haala nama kofalchiisu illee ibsuu kan danda'an yoo ta'u, kaan immoo waa'ee fayyaa isaanii dubbachuu ykn miira gaarii dhabuu isaanii dubbachuu barbaaduu danda'u. Haala isa lammaffaa keessatti haala mijeessituun sun dafee deebii kennuu fi rakkoo sanaaf furmaata barbaaduuf yaala.

Nama Irra Deebi'ee Ibsu

Kutaa haaraa jalqabuun dura namni itti gaafatamni hojii kanaa itti kenname hirmaattonni hundi waan guyyaa darbe raawwate irra deebi'anii akka dubbatan nigaafata. Tokkoon tokkoon hirmaattotaawaan baratan gabaabsanii akka ibsan ni gaafatamu. Sana booda haala mijeessituun sunwaan guyyaa duraa baratame, fi waan har'a baratamu gidduutti riqicha fi walitti hidhamiinsa uuma. Madaallii barnoota darbee keessatti, kutaa har'aa kan duraa wajjin walbira qabamee yoo ilaalamu maaltu fooyya'uu akka qabu marii gabaabaa ni jalqaba.

Dammaqsituu/Sisi'eesituu

Hirmaataan "dammaqsituu/sisi'eesituu" ta'ee ramadame adeemsa barumsaa keessatti yeroo hirmaattonni haala dadhabbii ykn nuffiikeessa galan xiyyeeffannoo fi kaka'umsa isaaniidabaluutu irraa eegama. Yeroo barbaachisaa ta'etti, haala mijeessituu waliin mari'achuun, dammaqsituun hojiiwwan dadammqasuu tokko tokko ni gaggeessa. Isaan kun sochii qaamaa, sirboota, taphoota, qoosaa, seenaa himuu fi kkf kan dabalatu ta'uu danda'a.Yeroo baay'ee hirmaattonni yaada hedduu kanneen namadammaqsannidubbatu.

Suppervaayizera Adeemsa Hojii

Adeemsa barumsaa hirmaachisaa keessatti yeroon hojiiwwaniif kennaman darbuu barbaadu. "Suppervaayizerri adeemsaa" akka eegduu yerootti ka'ame yeroo kenname ilaaluun hojiin tokko yoom akka xumuramuu qabu ykn saffisiifamuu qabu hordofee sa'atii agarsiisa. Ga'een supparvaayizera hojimaataas adeemsa barumsaa bu'a qabeessa irrattihaala mijeessituu deeggaruudha. Inni/isheen:

- *Yeroo daangeffamee fi seerri leenjii irratti waliigalame akka kabajamu ni taasisa. Haala barumsaa fi gareedhaaf yoo mijate, hirmaattonni seera leenjii cabsuu isaaniitiin qoqqobbii irratti ta'uu danda'u adda baasuu fi irratti walii galuu akka danda'an yaada ni kenna. (Fakkeenya: Kan seera leenjii hin kabajne dhaggeeffattoota fuulduratti akka sirbu, shubbisu fi kkf ni taasifama)*
- *Yeroon daangeffame ga'uu agarsiisuuf bilbila, harka rukutuu ykn fiishkaa afuufuu fayyadama*
- *Yeroon hojii murtaa'eef yeroon kenname ga'uuf daqiiqaan 5 hafu, supparvaayizarri adeemsaa kaardii keelloo ni agarsiisa. Yeroon yeroo xumuramu kaardii diimaa agarsiisa. Yeroo kanatti haala mijeessituun sochii sana addaan kutee xumuruu qaba.*

Qabxii Yaadannoo

- *Gara boodaatti hanqinni yeroo sababa yeroo murtaa'e darbuun mudatu akka hin uumamneef hojiiwwan hundi yeroo isaan fudhatan tilmaamuun hirmaattonni dursanii akka qophaa'anii fi qoratan gaafachuun barbaachisaa dha.*
- *Adeemsi barumsichaa haala mijataa hirmaannaa ho'aaf mijatu keessatti kan gaggeeffamu yoo ta'e bu'aa baay'ee gaarii ta'e argamsiisa.*

- *Dammaqinaan hirmaachuun hirmaattotaa kan mirkanaa'u:*
  1. *Haala teessuma mijataa ta'ee fi waliin dubbachuuf kan hayyamu filachuu.*
  2. *Aadaa, amantii fi kkf ilaalchisee malawwan haala dubbii (context-conscious approaches) hojiirra oolchuu.*
  3. *Hirmaattota akka haala mijeessitoota leenjifamtootaatti ykn supparvaayizerootaatti hirmaachisuu (Madaallii koorniyaa sirritti eeguu).*
  4. *Hirmaattonni hojii guyyaa guyyaa irratti dammaqinaan akka hirmaatan hayyamuu.*

Suppervaayizera Madaallii:

Haala mijeessituun walga'ii yaada duub-deebii kennuu hordofuu hinqabu. Gara dhuma guyyaa leenjii tokkoon tokkoo isaatti haala mijeessituun waltajjii "suppervaayizra madaallii" tti ni dabarsa; inni ammoo hirmaattonni guyyaa sana akka madaalan ni gaafata. Madaalliin kun walga'ii gamaaggama guyyaa itti aanutti marii dabalataa ykn duuba-deebiiirratti ka'uu danda'a.

Bakka irra deebi'amuu qabu yaadannoo qabachuu /Parking Lot

Yeroo marii fi barumsaa gaaffiin ka'uu ni danda'a, kunis haala mijeessituchi hatattamaan deebii kennuu barbaaduu dhiisuu danda'a ykn deebisuu dhabuu danda'a. Taateewwan akkasii kana furuuf, gabatee garagaltu/flip chart fudhachuun mata duree "Bakka irra deebi'amuu qabuu/Parking Lot" jedhu kan haala mijeessituun gaaffilee ykn dhimmoota booda irratti mari'ataman ykn irra deebi'amanii ilaalaman irratti barreessuudha. Sana booda gaaffilee sanaaf deebii argachuuf madda barbaachisaa ta'e mariisisuu dandeessa, akkasumas leenjichi osoo hin xumuramin dura yeroo ta'e irratti hirmaattootaaf deebii kennuu dandeessa.

Galmee seensaa

Kutaa barumsa jalqabaa dura, namni hojii kana irratti ramadame hirmaattota akkamitti akka jiran fi maaltu akka isaanitti dhaga'amu ni gaafata. Innis mala haala mijeessituchi waa'ee haala hirmaattotaa - ykn waa'ee fayyaa isaanii - kutaan barumsaa guyyaa sanaa jalqabuu isaa dura akka beeku isa dandeessisudha. Namni gocha kana hoogganu hirmaattonni waan sammuu isaanii keessa jiru kamiyyuu, kan akka rakkoo ykn muuxannoo nama gammachiisu akka qoodan ni jajjabeessa. Hirmaattonni tokko tokko qoosaa ykn waan nama kolfisiisu tokko qooduu kan barbaadan yoo ta'u, kaan immoo waa'ee fayyaa isaanii dubbachuu barbaadu ta'a. Haala mijeessituchi dhimmoota ka'an kamiifuu furmaata ykn deebii ariifachiisaa nikenna.

Nama Irra Deebi'ee Ibsu

Kutaa haaraa jalqabuun dura namni itti gaafatamni hojii kanaa itti kenname hirmaattonni hundi waan guyyaa darbe raawwate irra deebi'anii akka dubbatan nigaafata. Sana booda haala mijeessituun sun waan guyyaa duraa baratame, fi waan har'a baratamu gidduutti riqicha fi walitti hidhamiinsa uuma. Madaallii barnoota darbee keessatti, kutaa har'aa kan duraa wajjin walbira qabamee yoo ilaalamu maaltu fooyya'uu akka qabu marii gabaabaa ni jalqaba.

Dammaqsituu /sisi'eesituu

Namni "dammaqsituu" ta'ee ramadame adeemsa barumsaa keessatti yeroo hirmaattonni haala dadhabbii ykn nuffii keessa galan xiyyeeffannoo fi kaka'umsa isaanii dabaluutu irraa eegama. Yeroo barbaachisaa ta'etti, haala mijeessituu waliin mari'achuun, dammaqsituun hojiiwwan dadammqasuu tokko tokko ni gaggeessa. Isaan kun sochii qaamaa, sirboota, taphoota, qoosaa, seenaa himuu fi kkf kan dabalatu ta'uu danda'a. Yeroo baay'ee hirmaattonni yaada hedduu kanneen nama dammaqsan nidubbatu.

Suppervaayizera adeemsa hojii

Adeemsa barumsaa hirmaachisaa keessatti yeroo baay'ee yeroon hojiiwwan hojjetaman darbuun ni danda'a. "Suppervaayizerri adeemsaa" yeroon murtaa'e akka hindarbinee fi seerri leenjii hirmaattotaan irratti waliigalame akka kabajamu kan mirkaneessu ta'ee hojjeta. Yoo barbaachisaa ta'e, supparvaayizerichi hirmaattonni seera leenjii cabsuu isaaniif qoqqobbii namarra ka'amuu danda'u, kan akka garee fuulduratti sirbuu ykn shubbisuu irratti akka walii galan yaada dhiyeessuu danda'a. Akkasumas, supparvaayizerri adeemsaa yeroo daangeffame agarsiisuuf bilbila, harka rukutuu ykn fiishkaa afuufuu fayyadama. Yeroon hojii tokkoof murtaa'e dhumuuf daqiiqaan shan yeroo hafu, supparvaayizerri kaardii keelloo ni agarsiisa. Yeroon yeroo xumuramu kaardii diimaa ni agarsiisa, haala mijeessituunis sochii sana addaan kutee walitti qabuu qaba.

Qabxiilee Yaadannoo

- *Hanqinni yeroo akka hinmudanneef hojiiwwan hundi yeroo isaan fudhatan tilmaamuun dursii qoradhu.*
- *Haala mijataa hirmaannaa cimaa ta'u uumi, kunis bu'aa gaarii argamsiisa.*
- *Teessuma bakka jijjiiruun akka danada'amutti mijeessii;aadaa fi amantiitiin ilaalchisee maloota haala yaada keessa galchan fayyadamuun;hirmaattoota akka haala mijeessitoota leenjifamtootaa ykn supparvaayizerootaatti hirmaachisuun; hirmaattonni dammaqinaan hojii guyyaa guyyaatti akka hirmaatan gochuun hirmaannaa leenjifamtootaa mirkaneessi.*

Suppervaayizera Madaallii:

Haala mijeessituun walgahii yaada duuba-deebii kennuu hordofuu hin qabu. Gara dhuma guyyaa leenjii tokkoon tokkoo isaatti "suppervaayizerri madaallii" hirmaattonni guyyaa sana akka madaalan ni gaafata. Madaalliin kun walgahii gamaaggama guyyaa itti aanutti marii dabalataa ykn yaada kennuu dhiyaachuu danda'a.

Bakka irra deebi'amu yaadannoo qabuu/Parking Lot

Yeroo marii fi barumsaa gaaffiiwwan haala mijeessituun battalumatti deebisuu hindandeenye ka'uu ni danda'u. Taateewwan akkasii kana furuuf, gabatee garagaltu/flip chart fudhachuun mata duree "Bakka Dhaabbii Konkolaataa/Parking Lot" jedhu kan haala mijeessituun gaaffilee ykn dhimmoota booda irratti mari'ataman ykn irra deebi'amanii ilaalaman irratti barreessuudha. Sana booda gaaffilee sanaaf deebii argachuuf madda barbaachisaa ta'e mariisisuu dandeessa, akkasumas leenjichi osoo hin xumuramin dura yeroo ta'e irratti hirmaattootaaf deebii kennuu dandeessa.

2.8 Seera/noormii Leenjii Irratti Waliigaltee Irra Ga'uu

Kaayyoo	Hirmaattonni seera leenjii irratti akka mari'atanii fi waliigaltee irra ga'an hayyamuu
Gocha	Seera/noormii leenjii irratti waliigaltee irra ga'uu
Mala	Mariiwwan garee xiqqaa ykn guddaa
Meeshaalee	Gabatee garagaltuu/flip chart, maarkarii
Sa'aa	Daqiiqaa 15

Hojiiwwan haala mijeessituu:

1. Hirmaattonni lama ykn garee xixiqqoo namoota 3-6 ta'anii akka ijaaramanii fi seera leenjii barbaachisoo jedhanii fudhatan sadii akka fidan gaafadhu (daqiiqaa 5).
2. Gabatee garagaltu/Flip chart kan seeronni fi hojimaatni leenjii dhiyaatan hundi galmaa'anii fi guutummaa yeroo leenjii keessatti agarsiifaman irra kaa'i.
3. Marii garee xixiqqaa booda gareewwan kun bu'aa marii isaanii yaa'ii guutuudhaaf dhiyeessu qabu.
4. Qabxiilee gareewwan kaasan gabatee garagaltu/ flip chart irratti barreessiitii qabxiilee irra deddeebi'aman adda baasuun hirmaattota waliin sirreessi.
5. "Seera leenjii" ijoo ta'an walitti qabuun hirmaattonni hundi guutummaa leenjii sanaa keessatti seerota irratti mari'atamee waliigaltee irra ga'ame akka kabjan taasisuu.
6. Suppervaayizerri hojimaataa seera leenjii irratti waliigalame akka eegamu fi kabajamu mirkaneeffachuu akka qabu himi.

Hubachiisa Teeknikaa: Fakkeenya Seerota Leenjii

1. Mobaayilli hundi haala callisaa (silent mode) irratti akka ta'u
2. Xiyyeeffannoon hordofaa jirra
3. Haala mijeessituu nitumsa
4. Yeroodhaan argamna
5. Yaada namoota biroo hin xiqqeessinu
6. Yaada ijaarsa keenya kennuu irraa of hin qusannu
7. Yeroo leenjiin itti fufee jirutti haasawaa cinaa hinhaasofnu
8. Osoo namoonni biroon dubbatanii dubbii isaanii addaan hin kunnu
9. Hirmaattonni biroon miira gaarii yoo hin qabaanne ni dhimmamna, ni hubannas
10. Wanta garee keessatti mari'annu iccitiidhaan eegna

Qabxii Yaadannoo

Adeemsa barumsaa keessatti hirmaattonni adda addaa gahee hojii adda addaa ni fudhatu. Kutaaleen adda addaa adeemsa barumsaa haala gaariin akka adeeman gochuuf, tokkoon tokkoon hirmaattotaa, gahee hojii yeroo kamiyyuu haaqabatan, hirmaattota hafaniin dhaggeeffatamuu, hubatamuu, kabajamuu fi dinqisiifatamuu qabu.

2.9 Seerota Leenjii Irratti Waliigaltee Irra Ga'uu

Kaayyoo	Hirmaattonni seerota leenjii saala hunda hammate irratti akka mari'atanii fi waliigaltee irra ga'an hayyamuu.
Gocha	Seerota Leenjii Irratti Waliigaltee Irra Ga'uu
Mala	Marii garee xiqqaa ykn guddaa
Meeshaalee	Gabatee garagaltu, Maarkarii
Sa'aa	Daqiiqaa 15

Hojiiwwan haala mijeessituu/saa:

Hirmaattonni lama ykn garee xixiqqoo namoota 3-6 ta'anii akka ijaaramanii fi seera leenjii barbaachisoo jedhanii fudhatan sadii akka fidan gaafadhu (daqiiqaa 5). Gabatee garagaltu/Flip chart kan seeronni fi hojimaatni leenjii dhiyaatan hundi galmaa'anii fi guutummaa yeroo leenjii keessatti agarsiifaman irra kaa'i. Marii garee xixiqqaa booda gareewwan kun bu'aa marii isaanii yaa'ii guutuudhaaf dhiyeessu qabu. Qabxiilee gareewwan kaasan gabatee garagaltu/ flip chart irratti barreessiitii qabxiilee irra deddeebi'aman adda baasuun hirmaattota waliin sirreessi. "Seera leenjii" ijoo ta'an walitti qabuun hirmaattonni hundi guutummaa leenjii sanaa keessatti seerota irratti mari'atamee waliigaltee irra ga'ame akka kabjan taasisuu. Suppervaayizerri hojimaataa seera leenjii irratti waliigalame akka eegamu fi kabajamu mirkaneeffachuu akka qabu himi.

Hubachiisa Teeknikaa: Fakkeenya Seerota Leenjii

Mobaayilli hundi haala callisaa (silent mode) irratti akka ta'u

Xiyyeeffannoon hordofuu qabna

Haala mijeessituu tumsuu qabna

Yeroodhaan argamuu qabna

Yaada namoota biroo xiqqeessuu hinqabnu

Yaada ijaarsa kennuu qabna

Yeroo leenjiin itti fufee jirutti haasawaa cinaa hinhaasofnu

Osoo namoonni biroon dubbatanii dubbii isaanii addaan kutuu hinqabnu

Hirmaattonni biroon miira gaarii yoo hin qabaanne dhimmuufiif hubachuu qabna

Wanta garee keessatti mari'annu iccitiidhaan eegna

Qabxii Yaadannoo

Adeemsa barumsaa keessatti hirmaattonni adda addaa gahee hojii adda addaa ni fudhatu. Kutaaleen adda addaa adeemsa barumsaa haala gaariin akka adeeman gochuuf, tokkoon tokkoon hirmaattotaa, gahee hojii yeroo kamiyyuu haaqabatan, saala, sanyiifi aadaa isaanii osoo hinilaalin, hirmaattota hafaniin dhaggeeffatamuu, hubatamuu, kabajamuu fi dinqisiifatamuu qabu.

Kutaa xiqqaa 3: Deggarsaafi Sanada Deggarsaa Qopheessuuf Hooggansa IsaaHubachuu

Kaayyoo	Yaad-rimee deggarsaa, iyyannoo deggarsaa fi hooggansa deggarsaa irratti hubannoo uumuu
Gocha	Sanada deggarsaa qopheessuu fi hooggansi deggarsaa maal akka ta'e ibsi
Mala	Yaad-rimeewwan deggarsaa, iyyannoo deggarsaafihooggansa isaa hirmaattonni maal akka beekan beekumsaa fi muuxannoo isaanii barreessuudhaan niqoodu
Meeshaalee	Waraqaa yaadannoo, maarkarii
Sa'aa	Daqiiqaa 45

Hojiiwwan Haala Mijeessitootaa:

1. Hirmaattonni waa'ee yaad-rimee deggarsaa, iyyannoo deggarsaa, fi hooggansa deggarsaa waan beekan akka barreessan gaafadhu –yaad-rimee tokkoof waraqaa yaadannoo tokko halluu adda addaa qabuuf fayyadamuu danda'u (daqiiqaa 10).
2. Beekumsaa fi muuxannoo keessan waa'ee deggarsaa/iyyannoo deggarsa/hooggansa deggarsaa irratti nuuf qooduu dandeessuu?
3. Hirmaattonni yaad-rimee kana ilaalchisee waan itti dhaga'amu hunda waraqaa yaadannoo irratti barreessuun golee keenyan adda addaa irratti agarsiisu
4. Qabxiilee hirmaattonni kaasan gabatee garagaltu/flip chart irratti barreessuudhaan qabxiilee irra deddeebi'an adda baasi.
5. Yaadota ijoo ilaalcha hirmaattonni deggarsa, iyyannoo deggarsaa fi hooggansa isaa irratti qaban gabaabsuun dhiyeessi
6. Hubannoo uumuuf qabxiilee hunda qophaa'an irraa yaad-rimeewwan guutuu dhiyeessi. (Daqiiqaa 15)

Yaadannoo teeknikaa

Deggarsa jechuun kennaamaallaqaa kan hin deebine ykn waan gatii qabu kamiyyuu waliigaltee barreeffamaatiin kan fudhatamuufi rakkoo ummataa furudha.

Waliigaltee fi walta'iinsi jechoota yeroo baay'ee deggarsa waliin waliin-dhahamaniidha. Bu'uuraan, deeggarsa jechuun waan tokko akki ittiin hojjetuuf qaamni tokko qaama biraatiif maallaqa kennuudha; hojiin sun raawwatamuu akka danda'u abdii godhatee. Waliigalteen gama biraatiin sanada seeraan dirqama ta'ee fi gareewwan lamaanuu waa raawwachuuf kan waadaa galan yeroo ta'u; bakka maallaqa fudhatanii oomisha ykn tajaajila akka dhiyeessan waadaa niseenu. Waltahiinsi immookennaa gargaarsa maallaqaa gosa hariiroo deggarsaa wajjin walfakkaatu keessa kan seenamu ta'us deggarsa irraa kan adda isa godhu hojii yaadame raawwachuu keessatti ejensii arjoomtuu fi fudhatuhirmaannaa guddaa kan qaban ta'uu isaati.

Deggarsi mootummaadhaan, dhaabbilee miti mootummaan, dhaabbilee dhuunfaan, korporeeshinii fi namoota dhuunfaatiin kennamuu danda'a. Deggarsi cimaan karoora tarsiimoo dhaabbilee (KT) irratti hundaa'a. Akka nama deggarsa barbaadu tokkootti rakkoolee jiran adda baasuun pirojektoota rakkoolee kana furuu danda'an qopheessuun barbaachisaadha. Rakkoolee fi furmaanni erga ibsamanii booda

tarkaanfiin itti aanu namoota deggarsa kennan barbaaduudha. Maallaqa argachuu irratti milkaa'uuf kaayyoo pirojektichaa fedhii warra maallaqa kennan waliin walsimsiisuun furtuudha. Gargaarsa barbaaduun hojii salphaa ta'uu baatus, pirojektii keetiin rakkoo namootaa furuuf waan jirtuuf waan gammachiisaadha.

Iyyata Deggarsaa- yaada bal'aa waa'ee maallaqa fudhattuun maal gochuuf akka yaadde, kaayyoowwan sagantaa addaa akkasumas waa'ee dhaabbata keetii fi yoo sagantichi maallaqaan gargaarame bu'aa inni hawaasaafbuusu kan ibsuudha.

Hooggansa Deggarsaa - adeemsa kaayyoowwan dursanii murtaa'an galmaan ga'uuf qabeenya namaa, maallaqaa fi teeknikaa haala bu'a qabeessa ta'een itti fayyadamuuti (Longest Jr., Rakich, & Darr, 2000). Hojiileen ijoo hooggansaa:

- *Karoorsuu*
- *Qindeessuu*
- *Raawwachuu*
- *Hordofuufi Madaaluudha*

Kanaafuu, hooggansi deggarsaa bu'a qabeessa ta'e adeemsa waliigalaa to'annoo fi hordoffii gahaa deggarsaa sadarkaa kennaan maallaqaa dursee jiru irraa kaasee hanga sadarkaa cufamuu deggarsaatti kan qabeenya deggarsa, hojii fi bu'aa of keessatti hammateedha.

Marsaawwan Hooggansa Deggarsaa

Hooggansi Deggarsaa marsaa sadii qaba: Kennaan Dura, Kennaan Boodaa fi Cufuu.

I. Marsaan kennaan duraa: kan hammatu-Karoora, madaallii fi xiinxala, waraqaa yaad-rimee fi karoora/ proppoozaala qopheessuu, marii, fi kennaa

II. Marsaan kennaan boodaa: waliigaltee deggarsaa, qophii hojiirra oolmaa duraa, fudhattoota xiqqaa waliin waliigaltee walhubannoo mallatteessuu, galii walitti qabuu fi maallaqa fudhattoota xiqqaatti dabarsuu, hojiirra oolchuu, gabaasuu, hordoffii, fi odiitii of keessatti qabata.

III. Marsaan cufuu: cufaa; sagantaa xumuraa fi gabaasa faayinaansii, odiitii xumuraa, bulchiinsa beekumsaa fi waan irraa baratame of keessatti hammata.

Kaayyoo	Xumura kutaa kanaatti hirmaattonni deggarsa, iyyannoo deggarsaa, fi hooggans deggarsaa ibsuudhaangaraagarummaa isaan gidduu jiru addaan baasuu, akkasumas rakkoolee ummataa furuu keessatti barbaachisummaa isaanii ibsuu ni danda'u.
Gocha	Deggarsaa fi hooggansa deggarsaa ibsuu
Mala	Beekumsaa fi muuxannoo hirmaattonni waliif qooduu
Meeshaalee	Waraqaa yaadannoo fi maarkerii.
Sa'aa	Daqiiqaa 45

Hojiiwwan Haala Mijeessituu:

Hirmaattonni hubannoo isaanii waa'ee deggarsaa, iyyata deggarsaa, fi hooggansa deggarsaa waraqaa yaadannoo addaa halluu adda addaa qabu irratti akka barreessan gaafadhu (daqiiqaa 10). Hirmaattonni beekumsaa fi muuxannoo isaanii deggarsa, iyyannoo deggarsaa, fi hooggansa deggarsaa irratti akka qooddatan jajjabeessi. Hirmaattonni waraqaa yaadannoo isaanii golee keenyan adda addaa irratti akka agarsiisan gaafadhu. Qabxiilee ijoo hirmaattonni kaasan gabatee garagaltu/flip chart irratti barreessuun qabxiilee irra deddebi'anii ka'ankeessaa haqi. Yaadota ijoo deggarsa, iyyannoo deggarsaa, fi hooggansa deggarsaa ilaalcha hirmaattotaa irratti hundaa'uun gabaabsi walitti qabi. Hubannoo uumuuf yaad-rimeewwan waliigalaa qabxiiwwan dhiyaatan irraa dhiyeessi (daqiiqaa 15).

Hubachiisa teeknikaa:

Deggarsa jechuun kennaa maallaqaa kan hin deebine yookiin waan gatii qabu kamiyyuu waliigaltee barreeffamaatiin rakkoo ummataa furuuf fudhataa tokkoof kennamudha. Deggarsi mootummaa, dhaabbilee miti mootummaa, dhaabbilee dhuunfaa, korporeeshinii fi namoota dhuunfaatiin kennamuu danda'a. Deggarsi karoora tarsiimoo (KT) dhaabbilee irratti hundaa'a. Maallaqa argachuu irratti milkaa'uuf kaayyoo pirojektichaa fedhii warra maallaqa kennan waliin walsimsiisuun furtuudha. Iyyanni deeggarsa yaada bal'aa waa'ee maallaqa fudhattuun maal gochuuf akka yaadde, kaayyoowwan sagantaa addaa akkasumas waa'ee dhaabbata keetii fi yoo sagantichi maallaqaan gargaarame bu'aa inni hawaasaaf buusu kan ibsuudha. Hooggansi deeggarsa qabeenya namaa, maallaqaa fi teeknikaa bu'a qabeessa ta'een kaayyoowwan dursanii murtaa'an galmaan ga'uudha. Hooggansi deggarsaa bu'a qabeessa ta'e sadarkaa kennaa maallaqaa duraa irraa kaasee hanga sadarkaa cufamuu deggarsaatti to'annoo fi hordoffii gahaa waliigalaa kan of keessatti hammatedha. Hoggansi gargaarsaa marsaa sadii qaba: kennaan dura, kennaan boodaa, fi cufuu.

Marsaawwan Bulchiinsa Deggarsaa

Hooggansi Deggarsaa marsaa sadii qaba: Kennaan Dura, Kennaan Boodaa fi Cufuu.

I. Marsaan kennaan duraa: kan hammatu-Karoora, madaallii fi xiinxala, waraqaa yaad-rimee fi karoora/proppoozaala qopheessuu, marii, fi kennaa

II. Marsaan kennaan boodaa: waliigaltee deggarsaa, qophii hojiirra oolmaa duraa, fudhattoota xiqqaa waliin waliigaltee walhubannoo mallatteessuu, galii walitti qabuu fi maallaqa fudhattoota xiqqaatti dabarsuu, hojiirra oolchuu, gabaasuu, hordoffii, fi odiitii of keessatti qabata.

III. Marsaan cufuu: cufaa; sagantaa xumuraa fi gabaasa faayinaansii, odiitii xumuraa, bulchiinsa beekumsaa fi waan irraa baratame of keessatti hammata.

Kaayyoo: Xumura kutaa kanaatti hirmaattonni deggarsa, iyyannoo deggarsaa, fi hooggansa deggarsaa ibsuudhaan garaagarummaa isaan gidduu jiru addaan baasuu, akkasumas rakkoolee ummataa furuu keessatti barbaachisummaa isaanii ibsuu ni danda'u.

Qabxii Yaadannoo:

Dhiyeessii fi mariin yaad-rimee deggarsa irratti erga godhamee booda gaaffii fi deebiidhaaf yeroo ramadi; marii odeeffannoo ifa hin taane kamiyyuu qulqulleessuu fi hirmaattoota gidduutti beekumsa waliif qooduun muuxannoo waljijjiiruu jajjabeessuuf mijeessi

Yeroon gaaffii fi deebii sanaa yeroo ramadamee ol akka hin fudhanneefi, mata duree mariin ala akka hinbaane mirkaneessi. Hirmaattonni dubartootaa fi dhiiraa yaada isaanii akka qooddatanii fi waljijjiiran carraa walqixa ta'e kennuuf gareewwan koorniyaa madaalan ijaaruuf carraaqi.

Kutaa xiqqaa 4: Bulchiinsa Pirojektii Hooggansa Deggarsaa Irraa Adda Baasuun Hubachuu

Kaayyoo	Xumura leenjii kutaa kanaa irratti hirmaattonni dandeettii bulchiinsa pirojektii fi Hooggansa deggarsaa adda baasuun nihubatu.
Gocha	Marii garee xixiqqaa ykn guddaa
Mala	Hirmaattonni lama lama ta'anii ykn garee xixiqqoo namoota 3-6 ta'anii hojjechuun yaada bulchiinsa pirojektii fi Hooggansa deggarsaa adda baasuu danda'u ni fidu.
Meeshaalee	Gabatee garagaltu/flip chart fi maarkerii
Sa'aa	Daqiiqaa 45

Hojiiwwan haala mijeessituu:

Hirmaattonni lama lama ykn garee xixiqqoo ta'anii akka ijaaranii fi yaada Hooggansa pirojektii fi Hooggansa deggarsaa adda baasuu akka dubbatan gaafadhu. Gabatee garagaltu/Flip chart kaa'uudhaan yaadota kennaman hunda galmeessi. Marii garee xixiqqaa booda gareewwan yaada isaanii yaa'ii guutuuf akka dhiyeessan gaafadhu. Qabxiilee gareewwan kaasan gabatee garagaltu/flip chart irratti barreessuun qabxiilee irra deddeebiin ka'an hirmaattota waliin ta'uun adda baasii sirreessi. Garaagarummaa ijoo hooggansa pirojektii fi hooggansa deggarsaa gidduu jiru gabaabsii walitti qabi. Waa'ee yaad-rimeewwan lamaanii hubannoo ifa ta'e uumuuf qabxiilee dhiyaatanitti fayyadami. Kunis daqiiqaa 15 ol fudhachuu hin qabu.

Hubachiisa Teekniikaa:

Hoggansa Pirojektii:

Hooggansi pirojektii adeemsa gareen tokko hanqinoota jiran keessatti galma pirojektii hunda galmaan ga'uuf geggeessuudha. Danqaaleen jalqabaa bal'ina hojii, yeroo fi baajata. Hoggansi pirojektii ramaddii galteewwan barbaachisoo ta'an haala gaariin hojjechuu fi kaayyoo dursanii ibsame galmaan ga'uuf hojiirra oolchuu of keessatti qabata. Hoggansi pirojektii sanada pirojektii fayyadamuu kan of keessatti hammate yoo ta'u, kunis jalqaba adeemsa misoomaa irratti kan uumamudha.

Hoggansa Deggarsaa:

Hooggansi deggarsaa adeemsaa fi mala dhaabbileen deggarsa to'achuuf itti fayyadamaniidha. Kutaa jireenya deeggarsa tokkoo hunda kan hammate yoo ta'u, badhaasa duraa irraa kaasee hanga badhaasa boodaa fi cufamuu deeggarsaatti. HooggansiBulchiinsi gargaarsaa bulchiinsaa fi hojii ulaagaa deeggarsa tokkoo fayyadamuu fi guutuuf deemu hunda dha. Dhaabbileen bu'aa hin arganne deeggarsa argatanii fi dhaabbileen gargaarsa raabsan lamaan isaanii iyyuu bulchiinsa gargaarsaa keessatti hirmaatu. Bulchiinsi deeggarsa bu'a qabeessa ta'e maallaqni gatii guddaa qabu akka gaariitti akka ba'u fi gumaachi qorannoo ol akka ta'u gargaara. Gargaarsa akka waliigalteetti ilaaluun, warri deeggarsa barbaadanis ta'e deeggarsa kennan walqunnamtii dogoggoraa irraa of qusachuu fi maqaa gaarii fi ogummaa dhaabbilee isaanii agarsiisuu danda'u.

Kutaa xiqqaa 5: Gosa Deggarsaa

Kaayyoo	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni gosoota deggarsaa adda addaa jiran irratti hubannoo ifa ta'e agarsiisuu ni danda'u
Gocha	Tarree Gosoota Gargaarsaa Guutuu Uumuu
Mala	Marii Garee Xiqqaa ykn Guddaa
Meeshaalee	Gabatee Gargalchuu, Mallattoolee
Sa'aa	Daqiiqaa 60 (sa'aatii 1:00)

Hojiiwwan Haala Mijeessituu/saa:

Hirmaattonni lama ykn garee xixiqqoo namoota dhuunfaa 3-6 akka uumuu fi tarree gosoota gargaarsaa bal'aa akka maddisiisan gaafadhu. Tarree gosoota gargaarsaa galmeessuu fi agarsiisuuf chaartii garagalchuu agarsiisi. Marii garee xixiqqaa booda gareewwan bu'aa isaanii walgahii guutuu irratti akka dhiyeessan taasisi. Qabxiilee gareewwan garagalcha irratti kaasan hubachuun qabxiilee hin barbaachifne sirreessuu ykn ramaduu hirmaattoota waliin tumsuu. Tarree gosoota gargaarsaa gabaabsi. Gosoota gargaarsaa irratti hubannoo ifa ta'e argachuuf islaayidoota Paaworpooyintii qophaa'an dhiyeessu (daqiiqaa 15).

Qabxiilee Hubachiisa:

Yaad-rimee ifa hin taane kamiyyuu ilaaluu fi hirmaattoota gidduutti beekumsaa fi muuxannoo akka qooddatan jajjabeessuuf dhiheessii fi marii booda gaaffii-deebii yeroo kennuu. Deebii fi mariin xiyyeeffannoo akka qabaatu gochuu fi osoo hin eegin dheerachuu ykn mata duree ala ta'uu irraa fagaachuu. Garee koorniyaa madaalawaa ta'e uumuuf carraaquu, hirmaattonni saala hundaaf yaada isaanii akka qooddatanii fi waljijjiiraniif carraa walqixa ta'e kennuu.

Hubachiisa Teeknikaa

Gosoota deggarsaa beekamoo 5tu jira

Irra caalaatti deggarsi gosoota 5 keessaa tokko ta'u. Gosa gargaarsaa isa kamtu baay'ee akka siif fayyadu baruuf dubbisuu kee itti fufi.

Deggarsa Sagantaa fi Pirojektii:

Deggarsi sagantaa ykn pirojektii gosa baay'ee beekamaa ta'ee fi pirojektoota addaa dhugoomsuudhaaf ykn sagantaa deggaruuf kan yaadame dha. Deggarsi dhiyeessii ykn meeshaalee sagantichaaf barbaachisan maallaqaan gargaaruuf oolu danda'a. Yeroo tokko tokko, deggarsi sagantaa namoota dhuunfaa dhimmicha keessa jiraniif mindaa deggaruuf ooluu danda'a. Haa ta'u malee, deggarsi sagantaa tokko tokko maallaqa gargaarsaa beenyaadhaaf fayyadamuu ifatti waan dhorkuuf, nama maallaqa kennu irraa ibsi gaafatamuu qaba. Gosoonni deggarsa pirojektii adda addaa kanneen akka:

Deggarsa Karooraa: Dhaabbanni kee sagantaa haaraa guddaa karoorfachaa jira yoo ta'e, gama maallaqaatiin murteessuuf yeroo baay'ee barbaadu danda'a. Deggarsi karooraa hojiipirojektii qopheessuu jalqabaa kan akka fedhii fayyadamtoota pirojektichaa qorachuu, ogeeyyii irra gorsaa fudhachuu, fi hojii karooraa gaggeessuu deggara.

Maallaqa Sanyii ykn Deggarsa Jalqabaa: Deggarsi kun dhaabbilee ykn sagantaalee haaraa waggoota jalqabaa irra jiran deggera. Kaayyoon isaas jalqaba irraa jabeessuudhaan maallaqa walitti qabuuf yaaddoo yeroo hunda osoo hin qabaatin sagantaalee diriirsuu irratti akka xiyyeeffatan isaan dandeessisa. Deggarsi jalqabaa yeroo baayyee waggoota hedduuf yoo ta'u, waggaa waggaan hangi isaa hir'achuu danda'a.

Deggarsa Bulchiinsaa ykn Deggarsa Teeknikaa: Deggarsi pirojektii kan biroo irraan haala adda ta'een, deggarsi gargaarsa teekiniikaa kallattiin hojiiwwan ergama waliin walqabatan hin deggaru. Kanaa mannaa, bulchiinsa bu'aaf hinhojjenne kan akka maallaqaa kennuu, gabaa fi bulchiinsa faayinaansii deggaru. Deeggarsi kun gorsaa gabaa qacaruuf ykn mindaa nama maallaqa walitti qabuu haaraa kaffaluuf gargaaruu danda'a.

Deggarsa Faasiliitii fi Meeshaalee: "Bricks-and-mortar" ykn deggarsa kaappitaalaa jedhamuunis kan beekaman yoo ta'u, dhaabbileen qabeenya dhaabbataa yeroo dheeraa turu kan akka gamoo, kompiyuutera, ykn konkolaataa akka argatan ni deggaru. Dhaabbanni gargaarsa kan gaafatus akkamitti meeshaaleen kun dandeettii maamiltoota tajaajiluu isaa akka guddisu agarsiisuu qaba.Warri maallaqa kennuuf gaaffii akkasii madaalaniskan isaan madaaluu fedhan sochiiwwan yeroo ammaa fi fayyummaa faayinaansii qofa osoo hin taane karoora faayinaansii fi sagantaa waggoota dhufaniis dabalateeti. Dhaabbanni tokko gara iddoo dhaabbataatti akka ce'u yoo gargaaran, fakkeenyaaf, dhaabbatichi qabeenya bulchiinsaa fi suphaa barbaachisaa ta'e akka qabaatu gochuu barbaadu.

Deggarsa Indoowumentii: Dhaabbileen bu'aaf hinhojjenne tokko tokko dhala akka godhatuuf maallaqa invest godhu. Dhala isaa qofatu baasiif oola malee maallaqichi baasii hinta'u. Fandiin kun indoowument jedhamuun kan beekamu yoo ta'u, yeroo baay'ee dhaabbilee bu'aaf hinhojjenne dhaabbata gurguddaa kan akka, hospitaalotaa fi kolleejjii keessatti argama. Yeroo yerootti dhaabbileen bu'aaf hinhojjenne indowment jalqabuuf ykn guddisuuf tattaaffii maallaqa walitti qabuu jalqabu. Akkuma deggarsa faasiiliitiifi meeshaalee, gaaffiin indoowumentii maallaqa kennitoonni haala faayinaansii dhaabbata deggarsa kana gaafatuus niqoratu. Maallaqni kennitoonni kun kennaan isaanii indoowumentii keessa akka turuufi akka dhalu malee baasii hojii waggaa uwwisuuf akka hin baafamne mirkaneessuu barbaadu.

Deggarsa Hojii Waliigalaa: Deggarsi kun bu'uuraalee misoomaa deggaruuf, fedhiiwwan uumaman furuuf, fi mindaa namoota dhuunfaa hojii deggaramaa/grantee keessatti hirmaatan uwwisuuf kan karoorfameedha. Teeknooloojii fooyyessuuf illee itti fayyadamuu ni danda'u. Deggarsi hojii waliigalaa yeroo tokko tokko deeggarsa hin daangeffamne jedhama.

Deggasa Kaappitaalaa: Deggarsi kun baasii ijaarsa gamoo, haaromsa, deebisanii tolchuu, suphaa, ykn bittaa lafaa wajjin walqabatu kan hammatudha. Deggarsi kaappitaalaa akkasumas meeshaalee gurguddoo akka meeshaalee manaa ykn meeshaalee ijaarsaa bitachuufis ni deeggara.

Deggarsa Ijaarsa Dandeettii: Deggarsi kun baasii misooma dhaabbataa fi hojiiwwan itti fufiinsa qaban waliin walqabatee bahu uwwisuuf gargaara. Maallaqni sirna bulchiinsa, leenjii, gorsa/coaching, fooyya'iinsa oogummaa, karoora tarsiimoo, fi humna namaa ni deeggara.

Kutaa Xiqqaa 6: Maddoota Maallaqaa fi Malawwan Sassaabbii Qabeenyaa Hordofuu

Kaayyoo	Xumura leenjii kutaa kanaatti hirmaattonni adeemsa madda maallaqaa hordofuu irratti hubannoo qabaachuu isaanii agarsiisuun tarkaanfiiwwan ijoo yeroo qabeenya sassaabuu hordofamuu qaban adda baasuu ni danda'u.
Gocha	Maddoota maallaqaa hordofuu fi tarkaanfiiwwan sassaabbii qabeenya ni tarreessu.
Mala	Madda maallaqaa hordofuu fi mala qabeenya sassaabuu irratti muuxannoo waliif qooduuf mariigaree xixiqqaa ykn guddaadhaaf haala mijeessuu.
Meeshaalee	Gabatee garagaltu/flip chart, maarkerii.
Sa'aa	Sa'aatii 1 fi daqiiqaa 30

Hojiiwwan Haala Mijeessituu/saa:

Hirmaattonni lama lamaan ykn garee xixiqqoo namoota 3-6 ta'an uumuun muuxannoo madda maallaqaa hordofuu fi mala isaan qabeenya sassabuu irratti qaban akka waliif qoodan gaafadhu. Tarreeffama muuxannoo fi mala isaanii hubachuu fi agarsiisuuf gabatee garagltu/flip chart agarsiisi. Marii garee xixiqqaa booda gareewwan bu'aa maii isaanii walgahii guutuu irratti akka dhiyeessan taasisi. Qabxiilee gareewwan kaasan gabatee garagaltu/flip chart irratti barreessuun qabxiilee irra deddebi'anii ka'anhirmaattota waliin ta'uunadda baasii sirreessi. Muuxannoo fi mala hirmaattonni madda maallaqaa hordofuu fi qabeenya sassaabuu irratti qaban gabaabsii walitti qabi. Madda maallaqaa hordofuu fi mala qabeenya sassaabuu irratti hubannoo ifa ta'e uumuuf qabxiilee paaworpooyintii qophaa'an fayyadamuu (daqiiqaa 15).

Qabxiilee Hubatamuu Qaban:

Yaad-rimeewwan kun erga dhiyaatanii fi mariin irratti godhamee booda, dhimmoota ifa hin taane kamiyyuu ilaaluuf akkasumas hirmaattonni beekumsaa fi muuxannoo qaban akka waliif qoodan jajjabeessuuf gaaffii fi deebiidhaaf yeroo kenni fi. Deebiinkennamee fi mariin gaggeeffamu dhima kenname irratti akka xiyyeefatuu fi yeroon ramadame akka hin dabarre ykn kallattii yaadame irraa akka hin maqne mirkaneessi. Garee koorniyaa madaalawaa ta'e uumuuf carraaqi, hirmaattonni dubartootaa fi dhiiraa yaada isaanii qooduuf fi waljijjiiraniif carraa walqixa ta'e kenni.

Hubachiisa Teeknikaa: Maddoota Maallaqa Hordofuu

Deggarsa barbaaduun gosa maallaqa walitti qabuu yoo ta'u, yeroo murtaa'e keessatti kaayyoo murtaa'eef maallaqni walitti qabama. Deggarsi baay'een isaanii sagantaalee ykn pirojektoota dhaabbilee bu'aaf hinhojjeenneen qophaa'anii rakkoolee ykn fedhii ta'e tokkofuruuf maallaqaan gargaaru. Deggarsa barbaaduun %80 misooma pirojektii, qorannoo, fi mijeessuu kan of keessaa qabu yoo ta'u, %20 kan hafe ammoo barreessuuf kan ooludha. Piropozaala barreessuu jalqabuun dura pirojekticha guutummaatti qopheessuun barbaachisaa dha. Deggarsa barbaaduun hojii cimaa ta'us bu'aa guddaa qaba; keessumaa yeroo dhiibbaa gaarii pirojektiin kee jireenya namootaa irratti qabu arguu dandeessu.

Yaad-rimeen qabeenya sassaabuu sagantaa baratame ykn marsaa pirojektii wajjin kan walsimu yoo ta'u, kunis karoora (xiinxala haalaa akka tarkaanfii jalqabaatti dabalatee), hojiirra oolmaa, fi hordoffii fi madaallii (barnoota baratame) of keessaa qaba.

Qabeenya sassaabuu n jecha “maallaqa walitti qabuu” jedhu bira darbee humna namaa, meeshaalee, fi tajaajilas kan hammatedha. Jechi “shariikaa qabeenya” jedhu “arjoomaa” kan bakka bu’a yoo ta’u;barbaachisummaa tumsa walqixaa fi tumsa tarsiimoo dhiyeessaa qabeenyaa fi raawwachiisaa sagantichaa gidduu jiru cimsee kan ibsudha.

Qabeenya sassaabuu keessatti sagantaa qulqullina qabu murteessaadha. Shariikota qabeenya waliin hariiroo cimaa ijaaruun sadarkaa dizaayinii sagantaa ykn pirojektii keessatti jalqabuu qaba, kunis akka qooda fudhattoota dhugaatti kenniinsa keessatti hirmaannaa cimaa qabaachuu isaanii mirkaneessa. Qabeenya sochoosuun adeemsa itti fufiinsa qabuu fi marii fi hirmaannaa walitti fufiinsa qabu shariikota qabeenyaa waliin taasifamuudha.

Sagantaa qulqullina qabu mirkaneessuuf kanneen barbaachisaa ta’aniifi sagantaa dhumaa ykn sanada pirojektii keessatti mul’atan, akka armaan gadiitti gabaabfamuu danda’a:

Xiinxala Barbaachisummaa Sagantaa ykn pirojektii: Wanneen dursi kennamuufii qabuu fi kaayyoo sagantichaa qooda fudhattoota ijoo waliin mari’achuun madaaluu.

Dhaabbaticha Dorgomaa Taasisuu: Dhaabbatichi cimaa ta’ee akka dhaabbatuuf walta’iinsaan bu’uuraalee sagantaa qopheessuu

Bu’aadhaaf Ogganuu: Bulchiinsa bu’aa irratti hundaa’e ykn log-frame hojiirra oolchuu. Qabeenya barbaachisu fi tilmaama isaa:

Saganticha ykn pirojekticha hojiirra oolchuufqabeenya barbaachisu murteessuu. Sanadni sagantaa ykn pirojektii dhumaa kanneen sadarkaa dizaayinii sagantaa ykn pirojektii keessatti dhaqqabamaa ta’an bira darbee shariikota qabeenya bal’aa hawwachuuf, hirmaachisuuf, fi mariisisuuf akka balbala seensaatti tajaajila. Karaa waliigaltee deggarsa maallaqaa qabeenya argachuun yeroo baay’ee hojii cimaa sanada pirojektii ykn sagantichaa bocuu hordofa.

Tarsiimoo fi Karoora Hojii Qabeenya Sassaabuu Dizaayinii Gochuu

Tarsiimoon Qabeenya Sassaabuu akka kaartaa daandii barbaachisaa ta’etti kan tajaajilu yoo ta’u, qabeenya akkamitti fayyadamuun fedhii qabeenya biyya tokkoo ykn dhaabbata tokkoo guutuu akka danda’u kan ibsudha. Gama biraatiin karoorri hojii yeroo gabaabaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta’u, kaayyoowwan kana galmaan ga’uuf hojiiwwan addaa barbaachisan kan ibsudha. Tarsiimoon Sassaabbii Qabeenyaa bu’uura sagantaa fi marsaa sagantaa waliin kan walsimu yoo ta’u, karoorri qabeenya sassaabuu marsaa karoora hojii waliin kan walqabatudha. Karoorri Hojii qabeenya sassaabuu tokkoo tokkoo kaayyoo tarsiimoo qabeenya sassaabuu galmaan ga’uuf gochoota barbaachisan ni ibsa, itti gaafatamummaa ni ramada, akkasumas yeroo ni kaa’a.

Faayidaaleen tarsiimoo fi karoora hojii qabeenyaa sassaabuu hojiirra oolchuu:

- *Tattaaffiin qabeenyasassaabuu gara bu’aa sadarkaa ol’aanaa bu’uura sagantichaa ni qajeelcha.*
- *Shariikota qabeenyaa waliin hojjechuu haala ni qindeessa.*
- *Ergaawwan walmormanshariikota qabeenyaaf akka hinergamne ni ittisa.*
- *Tattaaffii gargar ciccitaa fi walhanqatu irraa hambisa.*
- *Dandeettii qabeenya sochoosuu sadarkaa hundatti cimsuu akka barbaachisu dursa ni kenna.*
- *Abbummaa fi itti gaafatamummaa waliinii ni hundeessa.*
- *Ramaddii qabeenya karoorfame, kan dursee hojjetame, fi itti fufiinsa qabu ni mijeessa.*
- *Qabeenya bakka baay’ee barbaachisutti ramada.*
- *Dhuma irratti kenniinsa sagantaa hunda hammatee fi dhiibbaa guddaa qabu ni mirkaneessa.*

Kutaa Xiqqaa 7: Rakkoolee qabatamaa deeggarsa guddiisuufii deeggarsa hoogganuu keessattii mul'atan eeruu

Kaayyoo	Xumura kutaa kanaatti hirmaattonni qormaata qabatamaa deggarsa qopheessuu fi hooggansa deggarsaa keessatti mul'atu irratti hubannoo guddaa akka argatan niagarsiisu.
Gocha	Qormaata oabatamaa irratti marii garee gaggeessuu fi furmaata qopheessuu
Mala	Muuxannoo dhuunfaa waliif qooduun marii garee xiqqaa ykn guddaa irratti hirmaachuu
Meeshaalee	Gabatee garagaltu/flip chart, maarkerii
Sa'aa	Sa'aatii 1 fi daqiiqaa 30

Hojiiwwan Haala Mijeessituu:

Hirmaattonni lama lama ykn garee xixiqqoo namoota 3-6 ta'anii akka ijaaranii fi muuxannoo isaanii qormaata qabatamaa sanada deggarsaa qopheessuu fi bulchiinsa deggarsaa irratti akka mari'atan gaafadhu.

Qormaataa fi furmaata tokkoon tokkoon garee adda baasan gabatee garagaltu/flip chart irratti akka tarreessan agarsiisi.

Walgahii guutuu keessatti gareewwan argannoo fi hubannoo isaanii akka dhiyeessan hayyami.

Hirmaattota waliin ta'uun qabxiilee gabatee garagaltu/flip chart irratti tarreeffaman fooyyessuu fi hiruun qabxiilee irra deddeebi'an keessaa balleessi.

Sanada deggarsaa qopheessuu fi hooggansa isaa keessatti qormaata qabatamaa jiran irra aanuuf tooftaalee bu'a qabeessa ta'an irratti muuxannoo waloo dhiyaatan gabaabsuun barreessi.

Qormaata adda baafamanii fi furmaata isaanii irratti hubannoo ifa ta'e kennuudhaaf islaayidoota Paaworpooyintii qophaa'an fayyadami (daqiiqaa 15).

Hubachiisa Teeknikaa:

Bu'aa madaallii gabaabaa irratti hundaa'uun, qormaanni qabatamaa deggarsa hoogganuu keessatti dhaabbilee miti mootummaa biyya keessaa mudatan tokko tokko:

- *Bulchiinsi gadhee dhaabbaticha keessa jiru,*
- *Karoora tarsiimowaa baasuu dhabuu*
- *Neetworkii fi qunnamtii gahaa dhabuu*
- *Dandeettii teeknikaa fi dhaabbataa xiqqaa qabaachuu*
- *Hojimaataa fi dambiiwwan deggarsaa, keessumaa deggarsa xiqqaa wajjin wal baruu dhabuu.*

Dhaabbilee idil-addunyaa waliin hojjechuu irratti muuxannoo xiqqaa qabaachuu (qormaata dabalataa gareen dabaluu qaba).

Qabxiilee Hubachiisa:

Yaad-rimee ifa hin taane kamiyyuu ifa gochuuf gaaffii fi deebiif yeroo kennuu fi hirmaattoota gidduutti beekumsa waliif qooduuf haala mijeessi.

Marichi dhimma ka'e irratti akka xiyyeeffatuu fii dhimmicha irraa maquun hin barbaachifne akka hintaaneef haala bu'a qabeessa ta'een yeroon ogganamaa jiraachuu mirkaneessi.

Carraa walqixaa yaada waliif qooduu fi wal jijjiiruu guddisuuf gareewwan koorniyaa madaalan uumuuf carraaqi.

Kutaa xiqqaa 8: Xumura tokkoon tokkoon guyyaa leenjii adeemsa barnootaa goolabi

Kaayyoo	Dhuma guyyaa leenjii tokkoon tokkoon isaanii irratti hirmaattonni marii banaa madaallii kutaalee fi guyyoota leenjii irratti daqiiqaa 20f walgahii gochuun yaada duub-deebii kennu; wanneen fooyya'uu qabanis adda baasuu.
Gocha	1. Hirmaattonni leenjii guyyaa sanaa xumura kutaa isa dhumaa irratti walitti qabamuun geengoo uumanii taa'u. 2. Haala mijeessituchi gumaacha hirmaattonni walgahii fi sochii guyyaa sanaaf taasisaniif galata ni ibsa. 3. Yoo barbaachisaa ta'e haala mijeessituchi hojii manaa ykn waraqaa kamiyyuu ni raabsa. 4. Haala mijeessitoonni guyyaa itti aanuu qophaa'anii akka dhufan ni gaafatama. 5. Namni suuppervaayizeri madaallii ta'ee muudame gaaffii giiridii madaallii waraqaa guddaa keenyan irratti maxxanfame irratti ni barreessa. 6. Hirmaattonni gaaffilee madaallii deebisuun, madaallii iccitii yookaan tooftaa marii banaa fayyadamuun, kutaa leenjii guyyaa sanaa ni madaalu. 7. Haala mijeessituchi deebii hunda gabatee garagaltu ykn giiridii madaallii irratti galmeessee hirmaattoota waliin ni mari'ata. 8. Xumura kutaa madaallii irratti kutaa ganama itti aanutti keessa deebii godhamuuf hirmaattonni gaaffilee marii akka deebisan ni gaafatama. 9. Hirmaattonni gaafii mataa isaanii akka kaasanii fi yaada isaanii akka kennan ni jajjabeeffamu. 10. Duub-deebii argame irratti hundaa'uun haala mijeessituchi hojiiwwan dhufan fooyyessuuf yaada ni keena.
Mala	Muuxannoo dhuunfaa waliif qooduun marii garee xiqqaa ykn guddaa irratti hirmaachuu
Meeshaalee	■ *Giriidii madaallii* ■ *Gaaffilee madaallii* ■ *Unka madaallii xumuraa* ■ *Qalama* ■ *Maarkarii*
Sa'aa	Daqiiqaa 20

Hubachiisa Teeknikaa:

- *Barnoota hirmaachisaa keessatti fooyya'iinsa itti fufiinsa qabuuf madaalliin murteessaadha.*
- *Adeemsa barumsaa madaqsuu fi guddisuuf ilaalchaa/observation fi yaada hirmaattotaa hordofuun barbaachisaa dha.*
- *Guyyaan leenjii tokkoon tokkoon isaa yaaddoo kamiyyuu furuu fi qooda fudhannaa hirmaattotaa fooyyessuuf walgahii madaalliitiin xumuramuu qaba.*
- *Tooftaalee madaallii lama fayyadamuun ni danda'ama: madaallii iccitii fi marii banaa.*
- *Giriidiin madaallii hirmaattonni qabiyyee, kenniinsa leenjii, fi itti fayyadama yeroo akka madaalan nigargaara.*
- *Hirmaattonni qabxii lamaa fi isaa gadi yoo kennan haala mijeessituchi osoo hin komatin ykn hin qeeqin amalumaan yaada duub-deebii gaafachuu qaba.*
- *Walamantaa fi bilisummaa yaada ofii ibsachuu guddisuuf yeroo madaalliitti haala mijeessituun qe eqa hirmaattotaa irratti hundaa'uun yaada isaanii kennuu ykn yaadni isaanii sirriidha jechuu irraa of qusachuu qaba.*
- *Haala mijeessituu hojii guyyaa guyyaa erga madaalee booda walgahii guyyaa ni xumura.*
- *Namni kamiyyuu damee barnoota hunda irratti beekumsa 100% qaba jedhamee eegamuun akka hin danda'amne yaadachuun barbaachisaadha.*

Gaaffiiwwan Madaallii Duraa Kutaa 1ffaa: Sanada Deggarsaa Qopheessuufi Hooggansa Isaa Hubachuu

1. **Sadarkaa Beekumsaa:** sanada deggarsaa qopheessuufi hooggansa isaa irratti sadarkaa beekumsa amma qabdu kan qabdu iskeelii 1-5 irratti madaali.
2. **Jechoota Deggarsaa:** Haala pirojektiif maallaqa kennuu keessatti deggarsi maal akka ta'e ibsi.
3. **Maddoota Maallaqa:** Dhaabbilee bu'aaf hin hojjenneef, yoo xiqqaate maddoota deggarsaabeekamoo lama himi.
4. **Adeemsa Iyyannoo Deggarsaa:** Deggarsa gaafachuu keessatti tarkaanfiiwwan barataman gabaabinaan ibsi.
5. **Hooggansa Deggarsaa:** Qaamolee ijoo hooggansa deeggarsa bu'a qabeessa ta'anibsi.
6. **Bajeta:** Pirojektii deggarsa maallaqaatiin hojjetamuuf baajata uumuu hangam beektu?
7. **Ulaagaalee Gabaasaa:** Adeemsa hooggansa deggarsaa keessatti gabaasotabarataman gosa akkamii barbaachisa?
8. **Bulchiinsa Balaa:** Dhaabbileen yeroo deggarsa bulchan waan balaa fiduu danda'u ykn qormaata isaan mudachuu danda'u tokko adda baasuu.
9. **Madaallii Raawwii Hojii:** Milkaa'ina ykn dhiibbaa pirojektii deggarsa maallaqaatiin hojjetamee akkamitti madaaltu?
10. **Muuxannoo Gaggaarii:** Muuxannoo gaarii ykn gorsa tokko kan sanada deggarsaa qopheessuu fi hooggansa deggarsa milkaa'aa ta'eef barbaachisaadha jettee amantu qoodi.

Gaaffiiwwan Madaallii Boodaa Kutaa 1: Sanada Deggarsaa Qopheessuu fi Hooggansa Deggarsaa Hubachuu

1. Fooyya'iinsa Beekumsaa: Beekumsi ati waa'ee sanada deggarsaa qopheessuu fi hooggansa deggarsaa irratti qabdu erga kutaa kana xumurtee booda hammam akka fooyya'e Iskeelii 1-5 irratti madaali.
2. Tarkaanfiiwwan Iyyannoo Deggarsaa: Tarkaanfiiwwan ijoo sadii deggarsa iyyachuu keessatti barbaachisan kanneen kutaa leenjii kana keessatti baratte tarreessi.
3. Qaamolee hooggansa Deggarsaa: Qaamolee ijoo bulchiinsa deeggarsa bu'a qabeessa ta'e kan baratte gabaabinaan ibsi.

4. Dandeettii Baajata: Amma dandeettii pirojektii deeggarsa maallaqaatiin hojjetamuuf baajata uumuu irratti hammam ofitti amanamummaa qabda?
5. Hubannoo Gabaasa: Adeemsa hooggansa deggarsaa keessatti ulaagaalee gabaasaa ilaalchisee hubannoo barbaachisaa argatte tokko qoodi.
6. Balaa Salphisuu: Balaa fi qormaata hooggansa deggarsa waliin walqabatu salphisuuf tooftaa baratte tokko ibsi.
7. Dhiibbaa Safaruu: Sababa leenjii kutaa kanaatiin hubannoon kee dhiibbaa ykn milkaa'ina pirojektii safaruu irratti qabdu akkamitti akka fooyya'e ibsi.
8. Dhimmoota Ijoo Fudhataman: Sanada deggarsaa qopheessuu fi hooggansa deggarsaa keessatti kanneen milkaa'ina keetiif gumaachu jettee amantu fudhatama ijoo sadii ykn muuxannoowwan gaggaarii baratte tarreessi.
9. Barnoota Fuulduraa: Sanada deggarsaa qopheessuu fi hooggansa deeggarsa waliin walqabatee dhimma guddina ogummaa kee keessatti caalaatti qorachuu barbaaddu tokko adda baasi.
10. Madaallii Waliigalaa Kutaa Sanaa: Hubannoo sanada deggarsaa qopheessuu fi hooggansa deggarsa irratti qabdu guddisuu keessatti bu'a qabeessummaa fi faayidaa waliigalaa kutaa kanaa iskeelii 1-10tti madaali.

2 Kutaa BU'A QABEESSUMMAA IYYAANNOO DEGGARSAA TUUMSU/ CIIMSUU

Kaayyoon Kutaa kanaa:

Xumura kutaa kanaa irratti, hirmaattonni bu'a qabeessummaa hooggansa deggarsaa irratti hubannoo isaanii ni guddifatu, akkasumas milkaa'inaa deggarsaa barreessanii deggarsa argachuuf ogummaawwan barbaachisoo ta'an ni horatu.

Bu'aan eegamu: Xumura moojuulii kanaa irratti hirmaattonni:

- Hojiiwwan iyyannoo duraa iyyannoo deggarsa bu'a qabeessa ta'eef gumaachan adda nibaasu.
- Piroppozaalota pirojektii barreessuu keessatti barbaachisummaa daataa nihubatu.
- Adeemsa iyyannoo deggarsaa keessatti barbaachisummaa qooda fudhattoota hirmaachisuun nihubatu
- Barbaachisummaa iyyannoo deggarsaa karoora tarsiimowaa, dhimmoota haalaa, fi dandeettii dhaabbataa wajjin walsimsiisuu nihubatu.
- Dizaayinii/tolfama piroppozaalota keessatti barbaachisummaa Bu'uura Loojikii fi Bu'uura Bu'aa fayyadamuu nihubatu
- Adeemsa barreeffamaa piroppoozaala pirojektii keessatti qaamolee bu'uura piropozaala pirojektiifi dhimmoota xiyyeeffannoo ijoo adda nibaasu
- Adeemsa piroppozaala deggarsaa qopheessuu keessatti qormaata jiru adda baasuu fi furuu.

Sa'aa ramadame: Kutaan kun tilmaamaan sa'aatii 6 fi daqiiqaa 30 akka fudhatu eegama.

Mata dureewwan kennaman:

- Iyyannoo Duraa/Marsaa Qophii
- Barbaachisummaa Odeeffannoo/Daataa Walitti Qabuu
- Qooda Fudhattoota Pirojektii Mari'achiisuu
- Iyyata Deggarsaa Hubachuu (Karoora Tarsiimoo, Haala, Dandeettii Dhaabbataa wajjin walsimsiisuu).
- Meeshaalee tolfama/Qopheessuu Pirojektii (Bu'uura Loojikii fi Bu'uura Bu'aa) .
- Piroppozaala Deggarsaafi Qaamolee Bu'uuraa Isaa Barreessuu
- Karoora Hojii Pirojektii
- Sanada Deggarsaa Qopheessuufi Iyyachuu Keessa Qormaata Qabatamaa Jiran

Kutaa xiqqaa 1: Iyyannoo Duraa/ Marsaa Qophii

Kaayyoo	Xumura kutaa xiqqaa kanaa irratti hirmaattonni beekumsaa fi dandeettii waamicha piroppozaalota addaa godhameef haala bu'a qabeessa ta'een qopheessuun iyyachuu isaan dandeessisu ni argatu.
Gocha	Hirmaattonni garee miseensota 3-5tti qabutti niqoodamu. Gareen tokkoon tokkoon isaanii ibsa fedhii ykn waamicha piroppoozaalaa dhihaateef deebii yeroo kennan hojiiwwan qophii dhaabbata isaanii keessatti gaggeeffaman irratti ni mari'atu. Gareen walgahii guutuu irratti bu'aa marii isaanii gabaabsanii ni dhiyeessu. Haala mijeessituchi qabxiilee gurguddoo walitti fiduun ibsa gabaabaa kennuudhaan barumsicha nijabeessa.
Mala	Kutaan xiqqaan kun marii garee, dhiheessiiwwan Paaworpooyintii, fi ibsa haala mijeessituutiin nigaggeeffama.
Meeshaalee	Gabatee garagaltu/flip chart, maarkerii, yaadannoo maxxanu, pirojektara LCD
Sa'aa	Kutaan xiqqaan kun sa'aatii 1 fi daqiiqaa 30 kan turu ta'a. Daqiiqaan 40 hojii gareef, daqiiqaan 25 dhiheessii hirmaattootaaf, daqiiqaa 25 ammoo dhiheessii haala mijeessitootaaf ni ramadama.

Hubachiisa Haala Mijeessaa/tuu:

Xiyyeeffannaan kutaa xiqqaa kanaa hirmaattonni hojiiwwan qophii barbaachisoo piroppozaala barreessuu akka hubatan dandeessisuu ta'uu qaba.

Hubachiisa Teeknikaa:

Piroppozaalota pirojektii qopheessuun hojii garee kan barbaadu yoo ta'u, namoota ogummaa fi ilaalcha adda addaa qaban yoo walitti dhufan piroppozaala cimaa qopheessu. Gahee nama dhuunfaa fi gumaacha isaan milkaa'ina garee kanaaf qaban hubachuun murteessaadha. Gareen piroppozaala qopheessituu keeakka walsimsimuuf tarkaanfiiwwan ijoo tokko tokko kunooti:

1. Adeemsa piroppoozaalaa ifa ta'e diriirsuu: Gareen kee akka gurmaa'ee fi hojiitti qabamee akka turuuf adeemsa hooggansa Gaaffii Piroppoozaalaa Dhiyeessuu (GPD) idilee ibsi.Adeemsa sana galmeessuun yaada garee irraa argamu hammateedhimmi ijoonhundi akka uwwifaman mirkaneessi.
2. Garee piroppozaaliif galmoota kaa'i: Milkaa'ina itti fufsiisuu fi fooyya'iinsa madaaluuf galma gareefi kaayyoo dhaabbatichaa walsimsiisu.
3. Marii Itti Fufiifi/hinfufinii gaggeessi: Tokkoo tokkoo carraa GPD madaaluun qabeenya fi dandeettii dhaabbata keetii wajjin kan walsimu ta'uu isaa murteessi. Dhimmoota akka qabeenya jiru, yeroo qabatamaa, seenaa arjoomtootaa fi gatii ta'uu danda'u ilaali.
4. Walgahii jalqabaa fi ibsaa: Piroppoozaala pirojektii haaraa jalqabuu dura walgahii jalqabaa gaggeessuun karoora, yeroo waan hojjetaman gamaaggami. GPD erga cufamee booda walgahii ibsaa gaggeessuun yaada walitti qabuu fi bakka fooyya'uu qabu adda baasi.
5. Gamaaggama Idilee Garee:Hubannoo, barumsa argame, fi adeemsa GPD fooyyessuuf yeroo yeroon gamaaggama garee saganteessi. Milkaa'inaaf gumaacha garee fi dhuunfaa taasifame kabaji.
6. Hogganaa garee dandeettii qabu muudi: Qindeessaa ykn hogganaa garee qophii piroppozaalaa kana geggeessuu fi qindeessu ramadi. Hogganaan garee kun adeemsa guutuu ni to'ata, karoora pirojektii ni uuma, hojiiwwan ni ramada, yeroon akka xumuramu ni mirkaneessa.

Itti gaafatamummaa hogganaa garee piropozaalaa:

- *Adeemsa guutuu jalqabaa hanga dhumaatti ni to'ata.*
- *Karoora pirojektii uumuudhaan adeemsi qophii piroppozaalaa yeroodhaan akka ta'u nieega.*
- *Hojii niramada, maddoota odeeffannoo nigamaaggama, gaaffilee GPD keessatti argaman nideebi sa, akkasumas akka barbaachisummaa isaatti niqajeelcha.*
- *Unka piroppozaalaa keessatti dhimmoota ifa hintaane adda baasuun hatattamaan furmaata kenni.*
- *Walqunnamtii nama arjoomaa ta'uufdeemu waliin taasifamu ogganuunyaada isaanii yeroon ham machiisi.*

Dandeettiiwwan ijoo hogganaa garee piropozaalii:

- *Hooggansa pirojektii*
- *Walta'iinsaa fi waliindubbii*
- *Hooggansa beekumsaa*
- *Qabiyyee gulaaluu fi sirreessuu.*

Kutaa Xiqqaa 2: Barbaachisummaa Odeeffannoo Walitti Qabuu

Kaayyoo	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni piroppozaalota pirojektii amansiisoo fi bu'a qabeessa ta'an qopheessuu keessatti gahee murteessaa daataan qabu hubachuu, akkasumas tooftaalee piropozaalota isaaniif daataa barbaachisaa fi yeroo isaa eeggate walitti qabuuf hojiirra oolchuu ni danda'u.
Bu'aa Eegamu	Hirmaattonni piroppoozaala amansiisaa qopheessuuf ragaa barbaachisaa fi kan yeroo walitti qabuun barbaachisaa ta'uu ni hubatu.
Gocha	Hirmaattonni piroppoozaala qopheessuuf akkaataa daataa sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa itti walitti qaban irratti muuxannoo qabatamaa isaanii walii niqoodu.
Mala	Marii garee waljijjiiruu
Sa'aa	Daqiiqaa 40 (mariidhaaf daqiiqaa 25, yaada haala mijeessitootaaf daqiiqaa 15)

Hubachiisa Teeknikaa:

Piroppozaala barreessuun dura qorannoo gaggeessuun barbaachisaa dha. Sadarkaan pirojektichaa maal iyyuu yoo ta'e, barreeffamoota ykn daataa jiran ilaalchisee wabiiwwan keessatti hammatamuu qabu.

Dhaabbileen miti mootummaa (DhMM)yeroo baay'ee yaada wixineessuu isaaniin dura waa'ee rakkoo ykn pirojektichaa odeeffannoo gahaa qabaachuutu irraa eegama. Haa ta'u iyyuu malee, DhMM osoo piroppoozaala hinbarreessin dura, dhimma isaan ilaalaa jiran irratti odeeffannoo barbaachisaa ta'e hunda walitti qabuun murteessaadha.

Arjoomtonni tokko tokko dhaabbileen ragaa qabatamaa ga'aa fi barreeffamoota irraa akka sassaaban mirkaneessuuf qorannoo piropozaalaan duraa ispoonsara gochuu danda'an illee DhMM hundi carraa

akkasii hin argatan. Kanaafuu, DhMM mala biroo fayyadamuun daataa dursanii walitti qabuu qabu, kanneen akka yeroo walgahiifaa hariiroo ijaaruu ykn daawwannaa hordoffii pirojektoota adda addaa yeroo gaggeessanfaa.

Daataan amansiisaanhojicha mirkaneessuu fi rakkoo fi furmaata yaadame gidduutti walitti dhufeenya uumuuf ragaa murteessaa ta'ee waan tajaajiluuf barbaachisummaa olaanaa qaba. Dhaabbanni tokko daataa gahaa hin taaneen deggarsa argachuu yoo danda'ellee, odeeffannoo gahaa walitti qabuu dhabuun yeroo hojiirra oolmaa pirojektii sanaatti qormaata guddaa fida. Kana malees, pirojektichi rakkoolee fayyadamtootaaisa sirrii ta'e furuu irratti bu'a qabeessa akka hin taane gochuudhaan itti-quufiinsa akka dhaban gochuu danda'a.

Kutaa xiqqaa 3: Qooda Fudhattoota Pirojektichaa Mari'achiisuu

Kaayyoo	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni namoota qooda fudhattoota ta'uu danda'an haala bu'a qabeessa ta'een adda baasuun adeemsa qophii piroppozaala pirojektii keessatti dammaqinaan hirmaachisuu ni danda'u.
Bu'aa Eegamu	Hirmaattonni adeemsa qophii piroppozaalaa keessatti qooda fudhattoota dammaqinaan hirmaachisuuf beekumsaa fi tarsiimoo ni argatu. Hirmaattonni shaakala qooda fudhattoota adda baasuu irratti bobba'uun qooda fudhattoota adda baasanii sadarkaa hirmaannaa hiika qabu piroppozaala pirojektii qopheessuu keessatti isaan qaban ni madaalu.
Gocha	Hirmaattonni piroppoozaala qopheessuuf akkaataa daataa sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa itti walitti qaban irratti muuxannoo qabatamaa isaanii walii niqoodu.
Sa'aa	Daqiiqaa 40 (daqiiqaa 20 shaakalaaf, daqiiqaa 20 dhiheessi haala mijeessituuf).

Hubachiisa Teeknikaa:

Yeroo karoora piroppozaalaa qooda fudhattoota mariisisuu fi hirmaachisuun barbaachisaa dha. Qooda fudhattoonni pirojektii qopheessuu keessatti gahee murteessaa kan qaban yoo ta'u, galteen isaaniis pirojektichi abbummaa fi hirmaannaa hawaasaa qabaachuu isaa akka mirkaneessa. Kanneen armaan gadii gosoota qooda fudhattoota gurguddoodha:

1. **Hawaasa:**
   - *Adeemsa karoora piropozaalaa keessatti miseensota hawaasaa ykn fayyadamtoota hirmaachisi.*
   - *Hirmaannaa fi abbummaa hawaasaa pirojektichaa guddisuu.*
   - *Maddoota sadarkaa lammaffaa qofa irratti hirkachuu irraa fagaachuunkallattiin hawaasa hirmaachisi.*
2. **Angawoota Mootummaa Naannoo/Caasaa Ministirootaa**
   - *Qaawwa hawaas-dinagdee naannoo ilaalchisee odeeffannoo argachuuf aangawoota mootummaa naannoo mariisisuu.*
   - *Tarsiimowa dursa qaban irratti galteemootummaa irraa gaafadhu.*
3. **Ejensii Arjoomtootaa:**
   - *Yoo danda'ame galtee dhaabbata arjoomtuu irraa gaafadhu.*
   - *Afeerraansirnaa kallattiin wal qunnamuu fedhii kan hir'isu ta'us, odeeffannoo walitti qabuuf carraa tokkoofi tokkoon waliin haasa'uu fayyadami*
   - *Yeroo yaad-rimee piroppozaalaa qopheessitu waan arjoomtoonni dursa kennaniif qoradhu.*

Kutaa xiqqaa 4: Iyyannoo Deggarsaa Hubachuu (Karoora Tarsiimoo, Haala, Dandeettii Dhaabbataa Wajjin Walsimsiisuu)

Kaayyoo	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni waamicha proppozaalaa dhihaateef deebii yeroo kennan barbachisummaa walsimsiisa tarsiimoo eeguu hubachuufi dinqisiifachuu nidanda'u.
Bu'aa Eegamu	Hirmaattonni waamicha proppoozaalaa dhihaateef deebii kennuu keessatti walsimsiisa tarsiimoo eeguu ni beeku. Hirmaattonni ergama dhaabbata isaanii irraa maquu fi qisaasama qabeenya irraa of qusachuu ni danda'u.
Gocha	■ Marii garee: hirmaattonni 3-5 kaayyoo tarsiimoo dhaabbata isaanii kan namoota arjoomtoota ta'uu danda'anii wajjin akkamitti akka walsimsiisan irratti yaada nikennu. ■ Qindoomina irratti dhiyeessii Paaworpooyintii daqiiqaa 20tu haala mijeessituun dhi yaata.
Sa'aa	Daqiiqaa 60 (marii gareedhaaf daqiiqaa 20, dhiheessiif ammoo daqiiqaa 20).
Meeshaalee	Leenjii barbaachisan: Gabatee garagaltu/Flip chart, maarkerii, maastiishii

Hubachiisa Teekniikaa:

- *Piroppoozaala amansiisaa maallaqa pirojektii argamsiisuuf qopheessuuf pirojektichi falaasamaa fi ergama dhaabbata ykn ejensiin deggarsa barbaadu waliin walsimuu qaba.*
- *Piroppoozaalli kun rakkoo inni furuuf jiru akka gaariitti kan galmaa'ee fi akka gaariitti kan ibsame ta'uu qaba.*
- *Dhaabbileen ykn faawundeeshiniiwwan maallaqa kennan hojiin ykn pirojektiin yaadame ergama waliigalaa dhaabbata ykn nama deggarsa barbaadu tokkoo akka cimsuu fi pirojektichi barbaachisaa ta'uu isaa mirkaneessuu ni barbaadu.*
- *Dhaabbileen deeggarsa barbaadan waamichi piroppozaalichaa haala naannoo isaan keessa hojj etan waliin akka walsimu mirkaneessuu qabu.*
- *Dhaabbileen gama humna namaa, sirna hooggansa dhaabbataa, fi dandeettii bulchiinsa fandiitiin dandeettii barbaadamu qabaachuu isaaniis madaaluu qabu.*
- *Piroppozaala deggarsaaf iyyachuun dura waa'ee arjoomaa sanaa beekumsa sirrii qabaachuun bar baachisaa dha.*

Waa'ee arjoomichaa odeeffannoo barbaachisu:

- *Dhimmoota gargaarsaa arjoomaaf dursa kennu*
- *Tarsiimoo biyya arjooma(sanada tarsiimoo biyya arjoomaa irraa argamuu danda'a).*
- *Qajeelfama piroppozaalaa*
- *Pirojektootaa fi sagantaalee kanaan dura maallaqaan gargaaraman*
- *Dudduubee arjoomaa, kabaja duudhaalee aadaa fi amantii ilaalcha keessa galchuu*

Kutaa xiqqaa 5: Meeshaalee Dizaayinii/tolfama Pirojektii (Bu'uura Loojikii fi Bu'uura Bu'aa)

Kaayyoo	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni meeshaalee dizaayinii pirojektii wajjin walbaruu isaanii hojiiwwanii fi marii irratti dammaqinaan hirmaachuudhaan agarsiisuu, dandeettii qopheessuu piropozaalii isaanii ni guddisu.
Bu'aa Eegamu	Hirmaattonni waamicha proppoozaalaa dhihaateef deebii kennuu keessatti walsimsiisa tarsiimoo eeguu ni beeku. Hirmaattonni ergama dhaabbata isaanii irraa maquu fi qisaasama qabeenya irraa of qusachuu ni danda'u.
Gocha	**Gaaffiiwwan Marii:** ■ *Dhaabbata keessan keessatti pirojektii dizaayinii gochuuf meeshaalee akkamii fayyadamtu?* ■ *Bu'uurri Loojikii maali?* ■ *Qaamoleen bu'uuraa bu'uura loojikii maal fa'i?* ■ *Bu'uurri Bu'aa Maali?* ■ *Dizaayinii/tolfama pirojektii keessatti FL fi FB maaliif barbaachisoo ta'u?* ■ *Yeroo bu'uura loojikii tokko xumurtu qormaata akkamiitu si mudata?*
Mala	Marii guutuu **Hojiiwwan Haala Mijeessituu/saa:** Gaaffiiwwan armaan olii irratti hirmaattota nama lama lama ta'anii akka mari'atan haala mijeessuun muuxannoo isaanii akka waliif qooddan jajjabeessi. Fedhiidhaan namoonni filataman argannoo gartuu isaanii hirmaattota biroof ni dhiyeessu Haala mijeessituchi dhiheessiiwwan ni kenna, hirmaattonni fakkeenya yaada keessatti qophaa'e fayyadamuun dizaayinii GPD shaakaluu irratti ni qajeelcha ofii isaatiis nidhiyeessa.
Yeroo	Kutaan kun sa'aatii tokko fudhata. Hojii lama lama ta'anii hojjetaniif daqiiqaa 20, namoota garee bakka bu'aniidhiheessaniif daqiiqaa 15, dhiheessi Paaworpooyintii haala mijeessituutiif daqiiqaa 25 ni ramadama.
Meeshaalee	Gabatee Garagaltu, Waraqaa Chaartii, Maarkerii, Yaadannoowwan maxxanan, Kobbee, waraqaa yaadannoo itti qabatan, Pirojektara

Hubachiisa Teekniikaa:

Bu'uurri Loojikii meeshaa karooraa kan maatriksii fayyadamuun galmoota pirojektii tokkoo, hojiiwwanii fi bu'aa eegamu ibsuudha. Qaamolee pirojektii ibsuuf, walitti firoomsuuf, akkasumas safartuuwwan bu'aa eegamu hordofuuf gargaaran adda baasuuf fayyada.

Bu'uurri Bu'aa meeshaa karooraa, qunnamtii fi hooggansaa yoo ta'u, kaayyoowwan pirojektii ijoo ta'an ibsuudhaan bu'aa irratti kan xiyyeeffatudha. Walakkeessa bara 1990moota keessa Ejensii Misooma Idil-addunyaa Yunaayitid Isteetis(EMIYIn) akka mala haaraa sagantaalee hordofuuf gargaarutti jalqabame. GPDn yaada pirojektii, gochaawwan, adeemsaalee fi jijjiirama yaadame marsaa pirojektii guutuu keessatti agarsiisuuf fuuncaa tartiibaa fayyadama. Agarsiistota raawwii hojii fi balaawwan galma-ga'iinsa kaayyoo gufachiisuu danda'an adda baasuutti nama geessa.

Maqaan sadarkaa GPD garaagarummaa qabaachuu danda'a, garuu jechootni waliigalaa galtee, gocha, oomisha, bu'aa fi dhiibbaa kan dabalatudha.

Kutaa xiqqaa 6: Piroppozaala Deggarsaa Qabiyyeewwan Bu'uuraa Isaa Waliin Barreessuu

Kaayyoo	Xumura sagantaa leenjichaa irratti, hirmaattonni beekumsaa fi dandeettii barbaachisaa ta'e horachuudhaan piroppozaalota pirojektii qulqullina olaanaa qaban qopheessuu ni danda'u, kunis piroppozaalota pirojektii mataa isaanii haala gaariin caaseffameefi waan hunda qabate dhiyeessuudhaan kan mul'atu ta'a.
Bu'aa Eegamu	Hirmaattonni kutaa kana erga hordofanii booda: ■ *Piroppozaalota pirojektii qulqullina olaanaa qaban qopheessuuf beekumsaa fi dandeettii isaan barbaachisan horatu.* ■ *Tooftaalee ittiin qaamolee piroppozaala pirojektii barreessan wajjin walbaru.*
Gocha	**Hirmaattonni kutaa kana erga hordofanii booda:** ■ *Haala mijeessituun kutaalee piroppozaala pirojektii irratti ibsa gabaabaa nikenniti.* ■ *Haala mijeessituun hirmaattootaaf meeshaa madaallii ni kenniti.* ■ *Hirmaattonni qajeelfama madaallii kenname irratti hundaa'uun piroppozaalota piro jektii akka saamudaatti fudhataman madaaluun ciminaa fi qaawwa piroppozaalota pirojektii kanneen keessatti mul'atan adda baasu.*
Sa'aa	■ *Haala mijeessituun mata duree irratti ibsa gabaabaa kennuudhaan daqiiqaa 40 ni fudhatti.* ■ *Sana booda hirmaattonni garee 3-5 ijaaruun sa'aatii 1 fi daqiiqaa 20 shaakala kutaa kanaa irratti ni dabarsu.* ■ *Yaada hirmaattotaa dhiyeessuuf daqiiqaa 20 ni ramadama.*
Meeshaalee	Gabatee garagaltuu, Maarkerii fi Maastiishii

Hubachiisa Teeknikaa:

Cuunfaa Yaada Waliigalaa Barreessuu

Cuunfaan yaada waliigalaa proppoozaala keessatti kutaa gatii guddaa qabuu fi barbaachisaa ta'ee fudhatama. Kaayyoon isaa inni guddaan yaada dhaabbata tokkoo irratti fedhii uumuu fi pirojektichi deggaramuu akka qabu arjoomaa amansiisuudha. Jecha salphaadhaan, pirojektii dhaabbatichaa gurguruuf gargaara.

Yeroo yaada waliigalaa barreessinu qabxiilee yaadachuu qabnu:

- *Qabxiilee barbaachisoo rakkoofi furmaata isaa waliin walqabatan akkasumas waan piroppoozaa licha adda godhuu fi dhaabbati keessan pirojektii akkasii raawwachuuf maaliif akka mijatu xiinxalaa.*
- *"Maaliif," "Akkamitti," fi "Maal" piroppoozaalichaa irratti ibsa kennaa.*
- *Dheerinni isaa fuula tokko qofatti daangeessaa, tilmaamaan jechoota 300-500.*
- *Xiyyeeffannoo arjoomaa sanaa qabachuun yaada dhihaate guutuu akka dubbisan kakaasaa.*

Kutaalee barbaachisoo cuunfaa yaada waliigalaa:

Bantuu/Rakkoo (keewwata 1-2): Dhimma, qormaataa fi rakkoo irratti xiyyeeffadhu. Rakkoo kana irratti hubannoo qabaachuu keessan agarsiisuuf qorannoo itti dabalaa.

Furmaata (keewwata 1-2): Furmaata rakkoo kana furuuf dhiheessite ibsi. Tarsiimoo, dhiibbaa uumamuu danda'u, baay'ina fayyadamtootaa fi hojiiwwan sagantaa kaasuun ibsaa.

Barbaachisummaa Deggarsa Maallaqaa (keewwata 1): Ibsa tilmaama maallaqa pirojektichaaf barbaachisu.

Qindoominaafi Beekumsa (keeyyata 1): Waa'ee dhaabbata keetii fi ciminoota isaa dubbadhu. Dhaabbanni kee pirojekticha milkaa'inaan hojiirra oolchuuf maaliif akka mijatu irratti xiyyeeffadhu

.Gaaffilee Cuunfaan yaadni waliigalaadeebisuu qabu:

- *Pirojektichi maaliif barbaachisaata'e?*
- *Rakkoolee akkamii furuutti jirta?*
- *Rakkoo kana akkamitti furuuf yaadda?*
- *Baajata waliigalaa meeqa; yeroon pirojektii kanaaf yaadame hangami?*
- *Oogummaankee maali?*
- *Maallaqa deggarsaa hangamii gaafachaa jirta?*

Gorsa gabaabduu yaada waliigalaa baay'ee gaarii ta'e barreessuu:

- *Gabaabaa fi ifa ta'uu qaba.*
- *Jechoota baay'ee hinbeekamneefi jechoota garmalee jecha teeknikaa ta'an hinfayyadaminaa.*
- *Faayidaalee pirojektichaa irratti xiyyeeffadhaa.*
- *Jechoota dubbii gaarii ibsutti fayyadamaa.*
- *Daataa hanga barbaachisuu olfayyadamuu dhiisaa.*
- *Haala nama gammachiisuun barreessaa.*

Pirofaayilii Dhaabbataa Barreessuu

Pirofaayiliin dhaabbataa sanada barbaachisaa ta'ee fi waa'ee dhaabbata miti mootummaa tokkoo, seenaa isaa, qajeelfamoota bu'uuraaittiin gaggeeffamuu fi dhiibbaa isaa odeeffannoo kennudha. Odeeffannoo bu'uuraa armaan gadii piroofaayilii dhaabbata keessatti hammachuun murteessaadha:

- *Maqaa Dhaabbataa*
- *Guyyaa hundeeffame*
- *Ibsa bal'aa haala galmaa'ina isaa ibsu*
- *Ibsa bal'aa haala ittiin quunnaman*
- *Kaayyoo waliigalaafi fi kaayyoowwan xixiqqaa*
- *Seenaa*
- *Ibsa muuxannoon dhaabbatichaa*
- *Caasaa dhaabbatichaa*
- *Badhaasota/kennaawwan argate*
- *Waraqaalee ragaa*

Namoonni haaraan piropozaalota dhaabbata miti mootummaa tokkoof yeroo hojjetu waa'ee seenaa dhaabbatichaa barreessuu irratti rakkoon isaan mudachuu danda'a. Odeeffannoo duraanii qofa waraabuun qabiyyee yeroon isaa irra darbe ykn fooyya'iinsi barbaachisaa ta'e hinta'iiniifi ta'uu danda'a. Yeroo baayyee, waa'ee dhaabbilee keenyaa dhugaawwan nuti ofii keenyaa hin beekne ni jiru. Piroppoozaalichaaf fayyadamtootaa fi dhaabbilee arjoomtootaa bal'inaan osooqorannuu, yeroo baay'ee barbaachisummaa dhaabbata mataa keenyaa qorachuun waa'ee dhaabbata keenyaa waan guutuu ta'e arjoomaaf dhiyeessuu daganna.

Hubannoo bal'aa dhaabbatichaa piroppoozaala sana keessatti mirkaneessuuf odeeffannoo waraabuu qofa osoo hin taane waa'ee pirojektichaa hiriyoota hojii waliin marii gochuun barbaachisaa dha. Hiriyoota hojii waliin taa'anii yeroo cimina, dadhabina, carraafi sodaa dhaabbatichhaa baasanitti meeshaaJDCS (Jabina, Dadhabina, Carraa, fiSodaa) fayyadamuun nama gargaaruu danda'a. Fireemwoorkiin/Bu'uurri kun piropozaalicha barreessuu fi gaaffii cimaa kamiifuu bifa piropozaalaatiin deebii kennuuf salphaa taasisa.

Ibsa Rakkoo Barreessuu

Kutaan piroppoozaalaa inni kun pirojektii keessan maaliif maallaqaandeggaruun akka barbaachisu ibsa. Dhimmootaa fi rakkoolee hawaasa tokko mudatanii fi akkaataa dhaabbati keessan ittiin rakkoowwan kana furuuf yaadu ibsa. Kaayyoon kutaa kanaa inni jalqabaa pirojektiin keessan barbaachisaa akka ta'ee fi rakkoon isin furuuf kaayyeffattan dhugaa ta'uu isaa arjoomaaamansiisuudha. Dabalataanis, deggarsa isaanii rakkoo kana furuuf gargaaruu akka danda'uu fi furmaanni qabatamaan akka jiru abdii arjoomaaf kennuu qaba.

Galmootaa fi Kaayyoo Pirojektii Barreessuu

Galmoonnii fi kaayyoowwan pirojektichi maal galmaan ga'uuf akka kaayyeffate kan ibsanidha. Jechoonni kun yeroo tokko tokko haasawa akka tasaa keessatti wal jijjiiruun kan itti fayyadamamu ta'us, piroppoozaala keessatti hiika adda addaa waan qabaniif waliindhahamuu hin qaban.

Galmoonni ibsa sadarkaa olaanaa pirojektichi maal galmaan ga'uuf akka yaadu haala waliigalaa kan kennan yoo ta'u, galmoota misooma biyyaalessaa fi ajandaa misooma addunyaa wajjin kan walsimu qabanii dha.

Kaayyoowwan ibsa sadarkaa gadii kan oomishaalee addaa, qabatamaa fi hojii pirojektichi hojjetu ibsaniidha. Isaanis ibsa qabatamaa pirojektichi maal galmaan ga'uuf akka kaayyeffate ibsanidha. Kaayyoowwan xumura pirojektichaatti madaalliif akka mijatuuf sadarkaa gad-aanaadhaan barreeffamuu qabu. Kaayyoon jechoota gaariin ibsame (ASGDY): Addaa, Safaramuu danda'a, Galma ga'uu danda'a, Dhugummaa kan qabuu fi Yeroodhaan kan murtaa'e dha.

Galmi pirojektichaaf kallattii kan kennu yoo ta'u, kaayyoon ammoo galma addaa pirojektichi galmicha galmaan ga'uuf kaayyeffatedha. Galmi akka mul'ata sadarkaa olaanaatti ilaalamuu kan danda'u yoo ta'u, kaayyoowwan ammoo karoora bal'aa mul'ata sanaa bira ittiin ga'aniidha.

Garaagarummaan kan biroon tokko tokko kunooti:

- *Pirojektiin tokko galma tokko qaba garuu kaayyoowwanhedduu qabaata.*
- *Galmoonni yeroo dheeraaf kan kaa'aman yoo ta'u, kaayyoowwan ammoo yeroo gabaabaa keessat ti kan murtaa'aniidha.*
- *Galmoonni yaada waliigalaa yoo ta'u, kaayyoowwan ammoo adda ta'a.*
- *Galmoonni pirojektii tokko qofa keessatti furmaata argachuu kan hin dandeenye yoo ta'u, kaayyoow wan garuu daangaa pirojektichaa keessatti akka furmaata argataniif kan qophaa'aniidha.*

Tarsiimoo Pirojektii Barreessuu

Piroppozaalonni kaayyoon pirojektichaa akkamitti akka galma ga'u ibsuu qabu. Tooftaaleen pirojektii tokko keessatti kanneen armaan gadii of keessatti qabachuu danda'u:

- *Dandeettii ijaaruu/hubannoo uumuu*
- *Misooma Dhaabbata*

- *Qorannoo fi misooma*
- *Abukaatummaa*
- *Tarsiimoo deggarsa namoota lubbuun hafan*
- *Tarsiimoo misooma faayinaansii maayikiroo fi Dhaabbilee Hawaasa Bu'uura Godhatan (DHBG)*
- *Tarsiimoo misooma bu'uuraalee misoomaa hirmaachisaa*

Kutaa Hordoffii fi Madaallii

Ejensiin arjoomaa dhaabbata tokko irraa piropozaala gaafatu kamiyyuu karoora hordoffii fi madaallii barbaada. Dhaabbanni miti mootummaa mataan isaa karoora/tarsiimoo hordoffii fi madaallii mataa isaa qopheessuun akka qaama itti gaafatamummaa adeemsa pirojektichaa hordofuuf qabuutti murteessaadha. Daayirekteeradhabbatichaa fi hojjettoota dirree gidduutti pirojekticha irratti marii gaggeessuu qofti gahaa miti. Bu'aan pirojektichaa akkamitti akka galma ga'uu fi madaalamu ibsuuf karoorri bal'aan barbaachisaadha.

Piroppozaala pirojektii tokkoof karoora hordoffii fi madaallii yeroo qopheessinu jalqaba kaayyoo isaa ibsuun barbaachisaa dha. Walumaagalatti karoorri akkasii kan qophaa'u:

Bu'aa argameefi hanqina isaa dabalatee adeemsa pirojektichaa gamaaggamuu. Yoo barbaachisaa ta'e pirojekticha irra deebiin tarsiimoo baasuu.

Itti aansuudhaan, kaayyoowwan kana akkamitti akka galmaan ga'uu dandeenyu tarsiimoo qopheessuu qabna. Tarsiimoon kun agarsiistota adeemsa pirojektichaa ittiin madaaluuf fayyadamuun danda'amu hundeessuu kan of keessatti hammateedha. Karoorri kun maddoota odeeffannoo agarsiistota kanaaf ta'an kanneen akka gabaasa pirojektii, qorannoo keezii, yaadannoo guyyaa guyyaa hojjettoota dirree, qorannoo hawaasa irratti hundaa'e, fi daataa qorannoo ibsuu qaba.

Kutaa xiqqaa 7: Karoora Hojii Pirojektii

Kaayyoo	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni qabiyyee fi bal'ina karoora hojii pirojektii hubachuu fi karoora hojii pirojektii dhimma tokkoo irratti kennameef qopheessuu ni danda'u.
Bu'aa Eegamu	Hirmaattonni erga leenjii kutaa kana irratti hirmaatanii booda karoora hojii pirojektii qopheessuu ni danda'u.
Gocha	Hirmaattonni shaakala garee irratti bobba'anii karoora hojii pirojektii fakkeenya yaadaan keennamee ni qopheessan.
Mala	Shaakala garee kan hirmaattonni karoora hojii pirojektii ta'e tookkoof qopheessan.
Yeroo	Sa'aatii tokkoo fi daqiiqaa soddoma (daqiiqaa 20 haala mijeessituun dhiheessuuf, daqiiqaa 30 hojii gareef, daqiiqaa 30 gareen dhiheessuuf).
Meeshaalee	Gabatee Garagaltu, Waraqaa Chaartii, Maarkerii, Yaadannoowwan maxxanan, Kobbee, waraqaa yaadannoo itti qabatan, Pirojektara

Hubachiisa Teeknikaa:

Karoorri hojii ibsa bal'aa tartiiba hojii pirojektii yeroodhaan kan agarsiisu yoo ta'u, kunis odeeffannoo waa'ee itti gaafatamummaa, kaayyoowwan, yeroo tokko tokko immoo baajata illee kan hammatudha. Yeroo baay'ee agarsiistuu yeroo caalaa baay'ee bal'aa dha. Ejensiiwwan arjoomtootaa akkaataa yeroo baay'ee akka qaama gaaffii piroppozaalii isaaniitti karoora hojii kan barbaadan yoo ta'u, dhaabbileen karoora hordoffii fi madaallii mataa isaanii qopheessuuf itti gaafatamummaa qabu.

Kutaa xiqqaa 8: Baajeta Pirojektii Qopheessuu

Kaayyoo	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni baajeta pirojektii qopheessuu keessatti wantoota ijoo ilaalamuu qaban adda baasuun pirojektii ta'e tokkoofkaroora baajeta haala garee keessatti qopheessuun hubannoo isaanii niagarsiisuu.
Bu'aa Eegamu	Hirmaattonni leenjii kutaa kana irratti erga argamanii booda, baajeta qopheessuu keessatti wantoota ijoo ilaaluu qaban adda baasuu nidanda'u.
Gocha	Hirmaattonni garee namoota 3-5 of keessaa qabu uumuudhaan pirojektii fakkeenya yaadaan kenname tokkoof karoora baajeta qopheessuuf waliin ni hojjetu.
Yeroo	Karoora baajeta qopheessuuf daqiiqaa 30, ibsa hirmaattotaaf daqiiqaa 20, qophii baajeta irratti ammoo ibsa Paaworpooyintii haala mijeessituuf daqiiqaa 20.
Hojii Haala Mijeessituu/saa	Haala mijeessituchi shaakala garee ni qajeelcha, hirmaattonni karoora baajeta isaanii yeroo qopheessan qajeelfama barbaachisaa ni kenna.

Hubachiisa Teeknikaa:

Baajeta jechuun tilmaama galii fi baasii yeroo murtaa'eeti. Baajeta pirojektii jechuun sanada maallaqni hangamii ramadamuu akka qabuu fi maallaqni ramadame galmoota pirojektichaa galmaan ga'uufakkamitti akka hojiirra oolu kan ibsudha.

Baajata pirojektii yeroo qopheessinu wantoota ijoo ilaalamuu qaban keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti:

Hojiiwwan pirojektii: Baajeta hojiiwwan piropozaala pirojektii keessatti kaa'aman waliin kan walsimu ta'uu qaba.

Maddoota galii: Baajetni madda galii pirojektichaa hunda hammachuu qaba, gumaacha maddoota biroo kan akka hawaasaa ykn arjoomtoota biroo dabalatee.

Baasii: Baajaeni mindaa, dhiyeessii, meeshaalee fi baasii biroo dabalatee baasii pirojektichaa hunda ifatti tarreessuun qaba.

Galii deddeebi'ee argamu: Hojiiwwan pirojektichaa irraa galiin irra deddeebiin argamu yoo jiraate kutaa baajeta keessatti ifatti ibsamuu qaba.

Guca Baajetaa: Baajeta bifa barbaadamuun, fi hamma danda'ametti bal'inaan dhiyaachuu qaba.

Pirojektii tokkoof baajeta qopheessuun baasii pirojektii karoorsuu fi arjoomtoota pirojektichi invastimantiin isaanii gatii akka argamsiisu amansiisuuf barbaachisaa dha. Baajetni pirojektiin tokko maallaqa akka argatu gochuuf dhimma murteessaadha. Yoo baajatni garmalee olka'e, ejensiin arjoomtuu akka hir'isnu nu gaafachuu danda'a, ykn yeroo tokko tokko adeemsa iyyannoo kun dorgommii cimaa kan qabu yoo ta'e piroppoozaala keenyaguutummaatti kuffisuu danda'a.

Piroppozaala pirojektii fi baajeta qopheessuudhaan pirojektichaaf qabeenya barbaachisu caalaatti hubachuu fi daangaa pirojektichaa kaa'uu dandeenya.

Kutaa xiqqaa 9: Deggarsa Barreessuufi Iyyachuu Keessatti Qormaata Qabatamaa

Kaayyoo	Xumura leenjii kutaa kanaatti hirmaattonni qaawwaa fi qormaata addaa adeemsa qophii piroppozaalotaa dhaabbata isaanii keessatti mul'atu xiinxaluu fi tooftaa fi meeshaalee qabatamaa fayyadamuun furuu ni danda'u.
Bu'aa Eegamu	Hirmaattonni piroppozaalota deggarsa argachuuf mo'achuu danda'an qopheessuuf qaawwa dhaabbilee isaanii keessatti mul'atan dursanii adda baasuu ni danda'u.
Yeroo	Daqiiqaa 60 (Marii gareetiif daqiiqaa 20; Daqiiqaa 10 dhiheessif; Daqiiqaa 30 dhiheessi Paaworpooyintii haala mijeessituuf).
Hojii Kutaa Kanaa	Hirmaattonni marii garee daqiiqaa 20 kan namoota dhuunfaa 3 hanga 5 of keessatti qabu irratti bobba'uun qormaata deggarsa iyyachuu keessatti isaan mudate akeekuun irratti ni mari'atu.

Hubachiisa Teeknikaa:

Yeroo piroppoozaala barreessan rakkoowwan mudatan kanneen armaan gadii beekamoodha:

Namoota Piroppoozaala Qopheessan keessa danummaan dhibuu

Gareen piroppoozaala barreessu ogeessota ga'umsaa fi beekumsa qaban kan akka barreeffama teeknikaa fi amansiisaa dabalatee ogummaa fi dandeettii adda addaa qaban of keessatti hammachuu qabu.

Yaadota adda addaa hirmaachisuun piroppoozaala mo'ataa ta'e qopheessuu fi furmaata walqabataa ta'e uumuuf furtuudha.

Dhaabbileen, keessattuu kanneen haaraa hundeeffaman, hojiiwwan ol'aanaadhaaf humna namaa gahaa dhabuu danda'u.

Bulchaan Piroppoozaalaa Oggansa Dadhabaa Kennuu

Gargaarsa haaraa mo'achuun hoggansa tarsiimoo barbaada.

Hoggansi gaarii hin taane filannaa GPD tasaa ykn odeeffannoo arjoomtotaabal'inaan qabachuu dadhabuu mala.

Hoggantoonni piroppoozaala dandeettii karoora baasuu, garee isaaniif yaada walfakkaatu kennuu, fi qajeelfama adeemsa caaseffama qabuu fi sirrii ta'e diriirsuu qabaachuu qabu.

Piroppoozaalaa Sirriitti Madaaluu Dhabuu

Adeemsi gamaaggamaa gaarii hin taane qophii piropozaala qulqullina qabu gufachiisa.

Barreessitoota muuxannoo qaban dabalatee namni hundi hojiin isaa akka gamaaggamamu gochuun barbaachisaa dha.

Piroppoozaalonni hangaa fi barbaachisummaa isaaniitiin guddaa waan ta'aniif qulqullina sanadaa sanaa carraatti dhiisuun gaarii miti.

Tarreewwan sakatta'iinsaa ykn qajeelfama gamaaggamaa fayyadamuun carraamo'achuu dabaluu danda'a.

Hanqina Ogeessota Dhimmichaa

Gareen piropozaalaa waan hundaan guutamee fi adda adda ta'e barreeffama piropozaala milkaa'aa ta'eef murteessaadha. Ogeessoonni dhimmichaa piropozaalichaaf odeeffannoo teeknikaa kan kennan yoo ta'u yeroo baay'ee garuu yeroo tokkotti pirojektoota hedduu irratti bobba'u.

Ogessoota dhimmichaa bal'inaan qacaruun ulaagaaleen akka hinhanqanneef ykn furmaanni barbaachisaa hin taane akka hin kennamneef gargaara.

Guddinni dandeettii garee ogessoota dhimmichaa barbaadaman argachuu keessattigatii guddaa qaba.

Tola ooltota ogessoota barnoota irratti bobba'aniifi shiirkota irraa deggarsa barbaaduun, keessumaa konsortiyemii mul'ata dhaabbatichaa qooddatan irraa, ogessoota dhimmichaa sochoosuu danda'a.

Guyyaan Dhuma Iyyataa Darbuu

Yeroon iyyataa kan kennamu sababa kan qabu yeroon ta'u, yeroon gatii guddaa qaba.

Yeroon iyyataa akka hin darbineef qormaata armaan olii dursanii furuun barbaachisaadha.

Caasaa qulqullinaa dhaabbatichaaf haala gaariin hojjetu diriirsuun adeemsa barreessuufi piroppoozaalli yeroon dhiyaachuu nimirkaneessa.

Unkaaleen barreeffama piroppoozaalii arjoomtootaan kennaman tokko tokko ulaagaalee rakkisoo kan akka lakkoofsa jechootaa ykn arfiilee daangeffame tokkoon tokkoon gaaffiitiif qabaachuu danda'u.

Dandeettiin afaan Ingiliffaa gadi aanaa ta'uun ulaagaalee kana guutuuf rakkisaa taasisuu danda'a.

Rakkoo kana irra aanuuf, gareen barreessaa piroppoozaalaapiroppoozaalichaMaayikroosoot woordiikan biraa irratti barreessuun daangaa jechootaa fi dhimmoota kanaan walqabatan of eeggannoodhaan gamaaggamuu fi gulaaluudhaan deebii kennuu ni danda'a.

Gaaffiiwwan Madaallii Duraa Kutaa 2ffaa: Bu'a qabeessummaa Iyyannoo Deggarsaa Guddisuu

1. Sadarkaa Beekumsaa: Iyyannoo deggarsaa bu'a qabeessa irratti sadarkaa beekumsa amma qabdu Iskeelii 1-5 irratti madaali.
2. Marsaa Iyyannoo Duraa: Adeemsa iyyannoo deggarsaa keessatti marsaa iyyannoo duraa ykn qophii keessatti hojiiwwan ijoo maal fa'a?
3. Odeeffannoo Walitti Qabuu: Haala iyyannoo deggarsa keessatti daataa walitti qabuun maaliif barbaachisa? Akkaataa daataa walitti qabuun bu'a qabeessummaa iyyannoo deggarsaa guddisuu danda'u fakkeenya kenni.
4. Marii Qooda Fudhattootaa: Qooda fudhattoota pirojektii mari'achiisuun bu'a qabeessummaa iyyannoo deggarsaaf akkamitti gumaachuu danda'a? Haala addaa mariin qooda fudhattootaa faayidaa qabaachuu danda'u yaada kee qoodi.
5. Iyyata Deggarsaa Walsimsiisuu: Barbaachisummaa iyyata deggarsaa karoora tarsiimowaa, haala fi dandeettii dhaabbataa wajjin walsimsiisuun qabu ibsi. Hubannoo kee ibsuuf fakkeenya dhiheessi.
6. Meeshaalee Dizaayinii/tolfama Pirojektii: Bu'uurri loojikii fi bu'uurri bu'aa maal fa'i? Akkamitti bu'a qabeessummaa iyyannoo deggarsaa guddisuuf gumaachu? Qabiyyeewwan ijoo isaanii gabaabinaan ibsi.
7. Qabiyyeewwan Piroppoozaala Deggarsaa: Qabiyyeewwanijoo piroppoozaala deggarsaa akka gaariitti barreeffame keessatti hammatamuu qaban tarreessuun gabaabinaan ibsi.
8. Karoora Hojii Pirojektii: Karoorri hojii pirojektii maali, adeemsa iyyannoo deggarsaa keessatti maaliif barbaachisa? Karoorri hojii bal'aan akkamitti bu'a qabeessummaa iyyata deggarsaa guddisuu akka danda'u fakkeenya hirmaattotaaf qoodi.
9. Rakkoolee Iyyannoo Deggarsaa: Qormaata ykn gufuu waliigalaa tokko kan dhaabbileen yeroo deggarsa barreessanii fi iyyatan isaan mudachuu danda'an adda baasi.
10. Rakkoolee Salphisuu: Dhaabbileen qormaata qabatamaa adeemsa iyyannoo deggarsaa keessatti mudatan akkamitti furuu ykn irra aanuu danda'u? Tooftaa ykn mala bu'a qabeessa ta'uu danda'a jettee amantu kenni.

Gaaffiiwwan Madaallii Boodaa Kutaa 2ffaa: Bu'a qabeessummaa Iyyannoo Deggarsaa Guddisuu

1. Fooyya'iinsa Beekumsaa: Iyyannoo deggarsaa bu'a qabeessa ta'e irratti beekumsi kee erga kutaa kana xumurtee booda hammam akka fooyya'e Iskeelii 1-5 irratti madaali.
2. Marsaa Iyyannoo Duraa: Hojiiwwan ijoo ykn wanneenn itti yaadamuu qabansadii baratte kanneen yeroo iyyata duraa ykn qophii iyyata deggarsaa barbaachisoo ta'an tarreessi.
3. Hubannoo Daataa Walitti Qabuu: Barbaachisummaa walitti qabuu daataa fi dhiibbaa inni bu'a qabeessummaa iyyannoo deggarsaa irratti qabu ilaalchisee hubannoo barbaachisaa argatte tokko qoodi.
4. Faayidaa Marii Qooda Fudhattootaa: Hubannoo kutaa kana irra argatte irratti hundaa'uun, qooda fudhattoonni pirojektii mari'achiisuun bu'a qabeessummaa iyyata deggarsa guddisuuf akkamitti gumaachuu akka danda'an ibsi.
5. Barbaachisummaa Walsimsiisuu: Iyyata deeggarsa karoora tarsiimoo, haala fi dandeettii dhaabbataa wajjin walsimsiisuun bu'a qabeessummaa isaaf maaliif murteessaa akka ta'e ibsi, fakkeenya ibsa kee deeggaran kenni.
6. Faayidaawwan Meeshaalee Dizaayinii Pirojektii: Bu'a qabeessummaa iyyannoo deggarsaa guddisuu keessatti meeshaaleen dizaayinii pirojektii kanneen akka bu'uura loojikii fi bu'uura bu'aa fayyadamuun faayidaa akka qabu irratti yaada kenni. Faayidaa isaanii fi akkamitti ifa ta'uufi walqabachuu yaada deggarsaa fooyyessuu akka danda'an irratti mari'adhaa.
7. Qabiyyeewwan Piropozaala Deggarsaa: Barumsa kutaa kanaa irratti hundaa'uun qabiyyeewwan bu'uuraa piropozaala deggarsaa akka gaariitti barreeffame keessatti dabalamuuf barbaachisoodha jettanii yaaddangabaabinaan ibsaa.
8. Barbaachisummaa Karoora Hojii: Karoorri hojii pirojektii bal'aan adeemsa iyyannoo deggarsaa keessatti maaliif barbaachisaa akka ta'e ibsi, bu'a qabeessummaa fi milkaa'ina iyyata deggarsaa guddisuu keessatti gahee inni qabu ibsi.
9. Rakkoolee Irra Aanuu: Tooftaa ykn mala leenjii kutaa kanaa irratti mari'atame kan dhaabbileen qormaata qabatamaa yeroo deggarsa barreessanii fi iyyatan isaan mudatan furuuf ykn irra aanuuf itti fayyadamuu danda'an tokko waliif qoodaa.
10. Madaallii Kutaa Waliigalaa: Iskeelii 1-10 irratti, bu'a qabeessummaa fi faayidaa waliigalaa kutaa kanaa hubannoo iyyannoo deggarsaabu'a qabeessa irratti qabdu guddisuu keessatti madaali.

3 Kutaa HOGGANSA DEGGARSAA BU'A QABEESSA

Kaayyoon Kutaa kanaa:

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni qajeelfamoota bu'uuraa fi gochaalee hoggansa deggarsaa bu'a qabeessa ta'e hubachuun dandeettiiwwan deeggarsa milkaa'inaan bulchuuf barbaachisan ni horatu.

Bu'aan eegamu:

Hirmaattonni tooftaalee hoggansa deggarsa bu'a qabeessa ta'an irratti beekumsaa fi hubannoo argachuun pirojektoota deeggarsa maallaqaatiin hojjetaman irratti hojiirra oolchuu ni danda'u. Waa'ee hojiiwwan duraa bulchiinsa deggarsa bu'aa irratti xiyyeeffatee, karoora baasuu fi kaayyoo pirojektii hundeessuu dabalatee, akkasumas bittaa fi bulchiinsa qabeenya bulchiinsa deggarsa bu'a qabeessa ta'ee ni baratu.

Yeroo Ramadameef:

Kutaan kun tilmaamaan sa'aatii 3 akka fudhatu eegama.

Mata dureewwan Uwwifaman:

- Hoggansa Deggarsa Bu'a qabeessa
- Hojiiwwan Duraa Hoggansa Deggarsa Bu'aa Irratti Xiyyeeffatee
- Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenya Hoggansa Deggarsa Bu'a qabeessa ta'ee

Kutaa Xiqqaa 1: Hoggansa DeggarsaaBu'a Qabeessa

Kaayyoo	Xumura leenjii kutaa kanaatti hirmaattonni barbaachisummaa hoggansa deggarsaabu'a qabeessa ta'e ibsuu fi tooftaalee tarkaanfii fudhatamuu danda'an qopheessuun qormaata irra aanuu fi bulchiinsa deeggarsa milkaa'aa dhaabbilee isaanii keessatti mirkaneessuu ni danda'u.
Bu'aa Eegamu	■ Hirmaattonni faayidaa bulchiinsa deggarsa bu'a qabeessa ta'ee fi rakkoo bulchiinsa gahaa dhabuun fidu ni hubatu. ■ Hirmaattonni bu'a qabeessummaa hoggansa deggarsaaguddisuuf tooftaalee qopheessuu ni danda'u ■ Hirmaattonni wantoota bu'a qabeessummaahoggansa deggarsa irratti dhiibbaa geessisan irratti beekumsa argachuu fi tarkaanfiiwwan barbaachisoo fudhata-muu qaban ni baratu.
Gochaalee Kutaa	■ Hirmaattonni garee waljijjiiruu nama lamaa ijaaruun muuxannoo isaanii deg-garsa haala bu'a qabeessa ta'een bulchuu irratti waliif qoodu, amala addaa bu'a qabeessummaa isaaniif gumaachan irratti ni mari'atu. ■ Tokkoon tokkoon garee waljijjiiruu kana irraa bakka bu'aan tokko qabxiilee marii gabaabsee walgahii guutuudhaaf nidhiyeessa.
Yeroo	Marii gareetiifi dhiheessi bakka bu'oota gareetiin daqiiqaa 20

Hubachiisa Teeknikaa:

Fudhattoonni deggarsaa akka dhaabbilee gargaarsa fudhatanitti, waliigaltee fudhannaa deggarsaa yeroo mallatteessan dirqama fudhatan beekuu qabu. Waliigalteen kunneen dirqama seeraa kanneen deggarsa fudhatan raawwachuu qaban uumu.

Raawwii qulqullina pirojektoota isaanii mirkaneessuu fi adeemsa raawwii keessatti maallaqa akka hin badneef hoggansi deggarsa bu'a qabeessa ta'e deggarsa fudhattootaaf murteessaadha.

Deggarsa fudhattoonni tooftaalee kaayyoo pirojektii isaanii waliin walsimu fayyadamuun madaallii yeroo yeroon gaggeessuun gochaalee qulqullina hojiirra oolmaa gufachiisuu danda'an kamiyyuu adda baasuu fi sirreessuu qabu.

Haala fi tumaalee waliigaltee deggarsaa irraa maquu, adeemsa madaaluu dhabuu, fi baasiin sirrii hin taane waliigaltee cabsuutti kan ilaalamu yoo ta'u, kunis fandichi akka deebi'uuf gaaffiin irratti dhiyaachuu; akkasumas qulqullina dhaabbatichaa irratti rakkoo hamaa fiduu danda'a.

Hoggansadeggarsa bu'a qabeessa ta'e agarsiisuudhaan galma ga'iinsa galmoota pirojektii mirkaneessuu qofa osoo hin taane carraa dhaabbati tokko arjoomtoota adda addaa irraa gara fuula duraatti deggarsa argachuuf qabu ni cimsa.

Hoggansi deggarsa bu'a qabeessa ta'e carraa itti fufiinsaan maallaqaa argachuufi maqaa dhaabbatichaa eeguu keessatti gahee murteessaa akka qabu hubachuun barbaachisaadha.

Hubachiisa: Galma pirojektii galmaan ga'uuf bulchiinsi deggarsa bu'a qabeessa ta'e barbaachisaa yoo ta'u, bulchiinsi gaarii hin taane ammoo deggarsa ammaa fi gara fuula duraa dhabuu fiduu danda'a.

Kutaa Xiqqaa 2: Hojiilee Duraa Hoggansa Deggarsaa Bu'aa Irratti Xiyyeeffatee

Kaayyoo	Xumura leenjii kutaa kanaatti hirmaattonni hojiiwwan bulchiinsa deggarsa dhufaniif qophaa'uuf kallattii ifa ta'e ibsuu fi tarkaanfiiwwan qabatamaa hojiirra oolchuu ni danda'u.
Bu'aa eegamu	Kutaa kana irratti erga hirmaatanii booda hirmaattonni: ■ Hoggansa deggarsa bu'a qabeessa ta'e mirkaneessuuf adeemsa kennaa boo-daaf qophii barbaachisaa ta'e hubachuu. ■ Adeemsa hoggansa deggarsaagamaaggamuu. ■ Orenteeshinii hojjettootaa gaggeessuu fi sanadoota deggarsa waliin qooddachuuf haala ni mijeessa ■ Dhimmoota deggarsaaf sirna sanadootaa fi hordoffii hojiirra oolchuu ■ Woorkshooppii jalqabbii qopheessuu fi karoora hojii qopheessuu. ■ Malawwan maallaqa walitti qabuu adda addaa: kan akka kaffaltii kallattii, kaffaltii dursaa, fi baasii deebisuu waliin walbaruu
Hojii Kutaa Kanaa	Participants will form groups of 3 to 5 individuals to discuss one of the grants their organization has won. They will share the steps they applied to manage the grant, dis-cuss challenges they faced, and explore potential solutions.
Yeroo	Mariin garee daqiiqaa 15f ni gaggeeffama.
Hojii Haala Mijeessituu	Haala mijeessituchi hojiiwwan hoggansa deggarsa bu'a qabeessa ta'eef hojjetamuu qaban irratti daqiiqaa 30f Paaworpooyintiin ni dhiyeessa.
Meeshaalee barbaachisan	Pirojektara, gabatee garagaltu/flip chart, Maarkerii, Maastiishii

A. Adeemsa Kennaa Maallaqaa Boodaa:

Adeemsa kennaa maallaqaa boodaaf deggarsa fudhataa qopheessuu keessatti tarkaanfiin jalqabaa deggarsi sun fudhatamuu isaa nama maallaqa kennu beeksisuudha. Tarkaanfiin kun deeggarsa kana injifachuu beeksisuu dursa.

B. Waliigaltee Deggarsaa Irra Deebiin Ilaaluu:

Tarkaanfii kana keessatti deggarsa fudhataan waliigaltee deggarsaa kanaa gamaaggamuu fi hojiiwwan, baajeta, fi haalawwan achi keessatti ibsamaniin walbaruu qaba. Qaamolee murteessoo waliigaltee deggarsa kanaa hubachuun murteessaadha; isaanis kanneen akka:

- *Arjoomaa/Fudhataa Muummee/Fudhataa Xiqqaa*
- *Mata duree Pirojektii*
- *Nama Ijoo*
- *Lakkoofsa kennaa*
- *Yeroo Pirojektii/Guyyaa Jalqabaa fi Xumuraa*
- *Hanga kennaa*
- *Tumaalee/Seeraa fi Dambii Istaandardii*
- *Daangaa Hojii*
- *Baajeta*
- *Dabalata*

C. Orienteshinii Hojjetootaa fi Qoodiinsa Sanadoota Deggarsaa:

Dhaabbileen kutaalee hoggansa deggarsaaof dandaa'an qabaachuun isaanii faayidaa kan qabu ta'us, dhaabbileen miti mootummaa naannoo hedduun kutaalee akkasii hin qaban. Kanarraa kan ka'e hoggansi deggarsaa hirmaannaa qindoomina qabuun kutaalee sagantaa fi faayinaansii gidduutti taasifamuun kan raawwatamu yoo ta'u, hirmaannaa hoggansaa qaba. Kutaan of danda'e jiraates dhibes, hojjettoonni fi hoggansi kutaalee adda addaa, kan akka sagantaa, faayinaansii, humna namaa, bittaa, fi odiitii keessoo, waa'ee deggarsa haaraa kennamee odeeffannoo gaarii akka qabaatan gochuun barbaachisaa dha.

D. Sanadaa fi Hordoffii Dhimmoota Deggarsaa:

Kutaan deggarsa kana hogganuf itti gaafatamummaa qabu kooppii waliigaltee deggarsa kanaa kutaalee hojii fi qooda fudhattoota biroof raabsuu qaba, akkasumas qaawwa hubannoo keessatti uumamuu danda'u hambisuuf waliigaltee kan afaanota naannootti hiikame qabaachuu barbaachisaadha. Daataa tokkoo tokkoo deggarsaa hordofuun murteessaa waan ta'eef, haalaa fi caasaa dhaabbataa irratti hundaa'uun, qondaala deggarsaa ykn qindeessaa pirojektiitiin raawwatamuu danda'a. Malli hordoffii kun odeeffannoo barbaachisaa waa'ee tokkoo tokkoo deggarsa walitti qabuu fi galmeessuu kan dandeessisu yoo ta'u, qondaaltota ykn qindeessitoota pirojektii deggarsaa baay'eef itti gaafatamummaa qabaniif bulchiinsa daataa qindaa'e akka qabaatan dandeessisa. Kana malees, qaama sadaffaaf odeeffannoo deggarsaa salphaatti akka argatan haala mijeessa. Sirnoonni hordoffii akkasii yeroo aangoo gadhiisuu itti gaafatamummaa haala salphaan akka dabarfamuufis kan gargaaru yoo ta'u, hoggansa deggarsa bu'a qabeessa ta'eef tarkaanfiin yeroon akka fudhatamu kan dandeessisudha.

E. Walga'ii/Woorkshooppii Jalqabaa:

Hoggantoonni deggarsaa ykn hoggantoonni sagantaa qooda fudhattoonni deggarsa haaraa fi milkaa'iinsa bulchiinsa isaatiif ulaagaalee barbaachisaniin walbarsiisuuf woorkshooppii pirojektii eegaluu qopheessuu qabu. Workshopoonni kunniin hirmaattotaaf deggarsicha, kaayyoo isaa, bu'aa eegamu, fi qabiyyeewwan bu'uuraa biroo hojii sanaa ilaalchisee waltajjii irratti ibsa kennuuf tajaajilu. Hojjettoota malees qooda fudhattoonni deggarsa kana haala bu'a qabeessa ta'een akka itti fayyadamuuf gahee isaanii adda baasuu ni danda'u.

F. Tooftaalee Adda Addaa Ittiin Fandiin Sassaabamu

Kaffaltii kallattiin, kaffaltii dursaa, fi baasii deebisuu. Qabatamaan kaffaltiin kallatti fi kaffaltiin dursaa hojii yaadameef maallaqa salphaatti argachuu waan gargaaraniif yeroo baay'ee filatamoodha. Haa ta'u malee, baasii deebisuun dhaabbilee qabeenya maallaqaa xiqqaa qabaniif qormaata ta'uu danda'a, sababiin isaas boodarra deebi'ee akka kaffalamuufiif barbaaduu isaanii dura baasii uwwisuuf maallaqa gahaa dursanii qabaachuu dhiisuu danda'u waan ta'eef

Kutaa Xiqqaa 3: Bittaa Fi Bulchiinsa Qabeenyaa Hoggansa Deggarsaa Bu'a Qabeessa

Kaayyoo	Hirmaattonni tooftaalee isaan ittiin qabeenya gosa adda addaa haala bu'a qabeessa ta'een itti fayyadamuu fi kaayyoo deggarsa gara gochaatti jijjiiruu danda'an ni kenna.
Bu'aa eegamu	Hirmaattonni erga kutaa kana irratti hirmaatanii booda kanneen armaan gadii irratti beekumsa ni argatu: ■ Bittaa fi bulchiinsa qabeenya: namaa, maallaqaa, fi meeshaa/qabeenya. Kunis karoora humna namaa qopheessuu, garee pirojektii hundeessuufi bulchuu, bittaa, akkasumas, hojiiwwan ijoo bulchiinsa humna namaa kan dabalatudha. ■ Bulchiinsa qabeenyaa: Gosa qabeenyaa, istaandaardii bulchiinsa qabeenyaa, itti fayyadama, fi dhabamsiisuu ■ Hariiroo bulchiinsa qabeenyaafi hoggansa deggarsaagidduu jiru. ■ Qabeenya haala bulchiinsa deggarsa bu'a qabeessa ta'een bulchuu
Hojiiwwan	Haala mijeessituchi sagantaa maree gaggeessuun hirmaattonni hariiroo bulchiinsa qabeenyaafi hoggansa deggarsaagidduu jiru, akkasumas inni tokko isa kaan irratti dhiibbaa akkamii akka geessisu yaada isaanii walitti qabuuf gaaffii ni dhiheessa.
Yeroo	Daqiiqaa 45 (daqiiqaan 15 yaada walitti qabuu fi daqiiqaa 30 Paaworpooyintiin dhiyeessu)
Hojii Haala Mijeessituu	yaada hirmaattotaa gabatee garagaltu irratti barreessiitii haala mul'atuun agarsiisi.
Meeshaalee barbaachisan	Gabatee Garagaltu/flip chart, Maarkerii, Maastiishii, Pirojektara

Hubachiisa Teekniikaa:

A. Bulchiinsa Humna Namaa:

Bulchiinsi Humna Namaa garee pirojektii gurmeessuu fi hogganu of keessatti qabata. Milkaa'ina ykn kufaatii dhaabbilee fi pirojektootaa keessatti namoonni gahee murteessaa waan qabaniif, bulchiinsi deggarsaa namoota raawwii pirojektii keessatti hirmaatan hunda haala baay'ee bu'a qabeessa ta'een fayyadamuu barbaada. Bulchiinsi humna namaa kanneen armaan gadii of keessatti qabata:

- *Karoora humna namaa*
- *Qaxarrii, filannoo, fi orijinteshinii*
- *Gahee fi itti gaafatamummaa humna namaa sirriitti ibsuun hojii milkaa'aa ta'eef murteessaadha*
- *Imaammataa fi hojimaata humna namaa qopheessuu*
- *Hoggansa mindaa fi faayidaalee*
- *Hoggansa raawwii hojii*
- *Leenjii ijaarsa dandeettii fi guddina hojjettootaa*
- *Qunnamtii fi gorsa kennuu*
- *Gabaasa yeroo fi argama hojjetaa*

B. Bulchiinsa Bittaa Meeshaalee fi Tajaajiloota:

Moojuula kanaaf bittaa jechuun meeshaalee ykn tajaajiloota bituu jedhamee ibsama. Dhaabbileen meeshaalee fi tajaajiloonni bitamuu qaban hojiif mijatoo ta'uu isaanii, qulqullina, baay'ina, yeroo fi bakka fedhii dhabbataa guutuuf baasii madaalawaadhaan kan bitaman ta'uu isaanii mirkaneessuu qabu. Adeemsa bittaa guyyaa guyyaa keessatti qajeelfamoonni bittaa hordofamuu qaban gahumsa, iftoomina, gatii maallaqaa kan deebisan, haqummaa, fi dorgommiidhaan kan bitman ta'uu isaaniiti.

Tarkaanfiiwwan armaan gadii adeemsa bittaa ibsu (diyaagiraamii ilaali):

1. Fedhii bittaa adda baasuu.
2. Ispeesifikeeshinii bittaa qopheessuu
3. Qorannoo gabaa gaggeessuun dhiyeessitoota adda baasuu.
4. Sanada gaaffii qopheessuu fi kennuu.
5. Caalbaasii/piropozaalota madaaluun dhiyeessaa filachuu.
6. waliigaluufi kontoraata xumuruu.
7. Adeemsa bittaa hordofuu fi bulchuu.
8. Meeshaalee/tajaajila fudhachuu fi sakatta'uu.
9. Kaffaltii raggaasisuuf kaffaluu.
10. Galmee bittaa qabachuu.

Hubachiisa: Bittaan meeshaalee fi tajaajiloota tokko tokkoo hojimaata addaa kan akka meeshaalee itti fayyadamame, jijjiirraa, haaromsa ykn kontiraata xiqqaa barbaadu ta'a. Haala akkasii keessatti dhaabbileen waliigaltee deggarsaa ilaaluun nama maallaqa kennu irraa hayyama barbaaduu qabu. Meeshaaleen fi tajaajiloonni bitaman kaayyoo pirojektii galmaan ga'uuf mijatoo ta'uu isaanii fi imaammata dhaabbataa fi tumaalee waliigaltee deggarsaa eeguun barbaachisaa dha.

Kutaa Xiqqaa 4 Bulchiinsa Faayinaansii fi Bulchiinsa Deggarsaa

Kaayyoo	Kaayyoon kutaa kanaa leenjifamtoonni bulchiinsa faayinaansii fi hoggansa deggarsaaaddaan baasuu, walitti dhufeenya gosoota bulchiinsa lamaan gidduu jiru hubachuu fi bulchiinsi deggarsa bu'a qabeessa ta'e bulchiinsa faayinaansii gaarii irra akka darbe hubachuudha.
Bu'aa eegamu	Hirmaattonni leenjii kutaa kanaa erga hordofanii booda: ■ Bulchiinsa faayinaansii fi hoggansa deggarsaaaddaan baasu. ■ Walitti dhufeenya bulchiinsa faayinaansii fi bulchiinsa deeggarsa gidduu jiru hubachuu. ■ Bulchiinsi deggarsaa bu'a qabeessa ta'e maaliif bulchiinsa faayinaansii gaarii irra akka darbu ni ibsu.
Hojiiwwan	Hirmaattonni garee miseensota 5 hanga 5 ta'uun akkaataa itti bulchiinsa faayinaansii fi hoggansa deggarsaa addaan baasan irratti mari'achuu fi walitti dhufeenya gosoota bulchiinsa lamaan gidduu jiru adda baasuuf ni hojjetu.
Yeroo	Daqiiqaa 55 (marii gareedhaaf daqiiqaa 10, dhiheessiif daqiiqaa 20, fi dhiheessi Paaworpooyintii haala mijeessituuf daqiiqaa 25)
Hojii Haala Mijeessituu	Haala mijeessituchi yaada dhiheessitootaa gabatee garagaltu/flip chart irratti galmeessee, DeggarsaafiBulchiinsa Maallaqaa walcina qabee Paaworpooyintiidhaan dhiyeessa.
Meeshaalee barbaachisan	Chaartii garagalchuu, mallattoo, teeppii haguuggii, pirojektara LCD

Hubachiisa Teeknikaa:

Hoggansii faayinaansii adeemsa qabeenya faayinaansii dhaabbata tokkoo kaayyoo isaa galmaan ga'uuf karoorfachuu, gurmeessuu, to'achuu fi hordofuu fi fayyadamtoota, arjoomtootaa fi qooda fudhattoota biroof waadaa seene galmaan ga'uudha.

Bulchiinsi Faayinaansii qabiyyeewwan armaan gadii of keessatti qabata:

- *Karoora baasuu*
- *Baajeta qopheessuu*
- *Hojiiherregaa*
- *Gabaasa maallaqaa*
- *To'annoo keessoo, odiitii keessoo dabalatee*
- *Odiitii alaa*
- *Bittaa*
- *Maallaqa baasii gochuu*
- *Raawwii hojii*

Bulchiinsi faayinaansii waliigalaa murtii kennuu fi milkaa'ina sagantaatiif galtee murteessaadha. Kaayyoon isaa inni guddaan qabeenya gahumsaan bulchuu fi kaayyoo dursee murtaa'e galmaan ga'uudha. Bulchiinsi faayinaansii kun hoggansa deggarsaamilkaa'ina qabuuf waan gumaachuuf sagantaa deggarsaan gargaaramu milkeessuu ni mirkaneessa.

Bulchiinsi Deggarsaa Bulchiinsa Faayinaansii irraa waan inni ittiin adda ta'e keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti:

- *Hariiroo maallaqa kennitoota waliin: Hoggansa faayinaansii irraa haala adda ta'een, bulchiinsi deg garsaa maallaqa kennitoota waliin kallattiin walqunnamtii barbaada. Hoggantootni deggarsaa maallaqa kennitoota dhaabbatichaa waliin hariiroo gaarii uumuu fi eeguuf itti gaafatamummaa qabu. Kaffaltii kan isaaniif kaffalan qofa osoo hin taane, saganticha/dhaabbaticha keessattis invasteroota.*

- *Bu'aan sagantaa inni guddan waa'ee maallaqaa miti: Maallaqa kennitooni bu'aa ergama irratti xi yyeeffatee guddina sagantaa fi dhaabbataa wajjin walqabatu irratti xiyyeeffatu. Xiyyeeffannaan akkasii tuuta amala haaraa fi/ykn barumsa, ilaalcha ykn hubannoo irratti jijjiirama gaarii, guddina ogummaa fi kan kana fakkaatan kan dabalatudha. Madaalliin safartuu kanaa daataa hojiirra oolmaa sagantichaa keessatti qabame irratti kan hundaa'u malee galmee debiitii fi kirediitii/sanadoota faayinaansii irratti miti.*

- *Karoorri hojii fi yeroon isaa waadaa maallaqa kennitootaa ti (fi baajtaafis): Bulchiinsi Deggarsaa hordoffii baajetaa bira darbee kan darbu yoo ta'u, kunis bulchiinsa faayinaansii keessaa isa tokkodha. Yaada bulchiinsa pirojektii dhugaa kan barbaadu yoo ta'u, bu'aa galmaan ga'uuf piropozaala pirojektii fi waliigaltee deggarsaa keessatti waadaa galuu kan of keessatti hammatedha.*

- *Ergamni waan hunda 'deggarsaa kan oofudha: Sagantaan deggarsa maallaqaan deggaramu hundi kallattii hedduu kan qabuu fi ergama giddugaleessa kan godhate dha. Marsaan deggarsaa sadarkaa nama maallaqa kennuu danda'u adda baasuuf barbaacha jalqabaa irraa kan jalqabu yoo ta'u, guutummaan marsaa deggarsaa ergama maallaqa kennituu pirojektii ykn sagantaa ergama dhaabbataa fuulduratti tarkaanfachiisuun guutuudha. Maallaqayaaduun qofti hojii ergama irratti xiyyeeffate raawwachuu hindanda'u.*

- *Sagantaan deggarsa maallaqaan deggaramu hundi kallattii hedduu qaba: Hoggansii deggarsa bu'a qabeessa ta'e sagantaa deggarsa maallaqaan deggaramu keessatti qaamolee hirmaatan hunda qindeessuuf iddoo qunnamtii tokko barbaada.*

Kutaa Xiqqaa 5: Hordoffii fi To’annoo Keessaa

Kaayyoo	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni akkaataa itti gaafatamummaa fi iftoomina eeguun danda’amu agarsiisuu ni danda’u, akkasumas haala bu’a qabeessa ta’een deggarsa bulchuudhaan hojichi daandii bu’a qabeessa ta’e irra akka turu mirkaneessuu ni danda’u.
Hojii Kutaa	Hirmaattonni garee 3 namoota 3 hanga 5 of keessaa qaban ijaaruun mala hordoffii fi sirna to’annoo keessoo dhaabbilee isaanii, akkasumas ciminaa fi hanqina sirnoota kanaa irratti ni mari’atu.
Yeroo	Daqiiqaa 30 (mariidhaaf daqiiqaa 10, dhiheessiif daqiiqaa 20)
Hojii Haala Mijeessituu	Dhiyeessii hirmaattotaa gabatee garagaltu/flip chart irratti barreessuun Hordoffii fi To’annoo Keessaa akka Shaakala Barbaachisaa Bulchiinsa Deggarsaafi dhiheessi Paaworpooyintii uumuu.
Meeshaalee barbaachisan	Gabatee garagaltu/Flip chart, maarkerii, maastiishii, pirojektara
Bu’aa Eegamu	Hirmaattonni kutaa kana irratti erga hirmaatanii booda kanneen armaan gadii raawwachuuf dandeettiiwwan ni horatu: Hordoffii adeemsaa, Hordoffii haalaa, Hordoffii faayinaansii, Hordoffii ulaagaa, Hordoffii fayyadamtootaa, Hordoffii dhaabbataa, Hordoffii bu’aa, fi Odeeffannoo fi Qunnamtii

A. Barbaachisummaa Hordoffii Waliigalaa Haala Hoggansa deggarsaaHordofuu Keessatti:

Dhaabbanni tokko akkuma bu’aa eegamu keessatti ibsame hordoffii gosa adda addaa waan gaggeessuuf, kaayyoo pirojektii galmaan ga’uuf tarkaanfachaa jiraachuu fi dhiisuu isaa madaaluuf haalawwan waliigaltee deggarsaa keessatti ibsaman guutuu keessatti adeemsa isaa madaaluun walqixa barbaachisaa dha. Yoo barbaachisaa ta’e, jijjiiramni ykn sirreeffamni argannoo hordoffii irratti hundaa’e kamiyyuu dhaabbata maallaqa kennutti beeksisuu qaba, kunis waliigaltee deggarsaa waliin akka walsimu mirkaneessuu qaba.

Adeemsa fi bu’aa pirojektichaa hordofuuf galmoota sadarkaa karooraa irratti kaa’aman fayyadamuun murteessaadha. Tarree sakatta’iinsa hordoffii fi sirna odeeffannoo walitti qabuu fayyadamaadhaaf mijatu kan qajeelfama hordoffii dhaabbatichaa wajjin walsimu (yoo jiraate) qopheessuun barbaachisaa dha. Qajeelfamni akkasii yoo hin jiraanne hundeessuuf yaaduun gaariidha. Meeshaaleen odeeffannoo walitti qabuu gareen hordoffii muuxannoowwan gaggaarii, hanqinaa fi barnoota karoora gara fuula duraatiif ta’an adda baasuu akka danda’an hunda galeessa ta’uu qabu.

B. Adeemsa Hordofuu/Process Monitoring:

“Sochii Hordoffii “ jedhamuunis kan waamamu yoo ta’u, gosti hordoffii kun sadarkaa jalqabaa pirojektii keessatti kan gaggeeffamudha. Kaayyoon isaas itti fayyadama qabeenya hordofuu yoo ta’u, akkasumas hojiiwwanii fi bu’aan hojii yaadameef gumaacha akkamii akka qaban madaaluudha. Hordoffiin adeemsaa yeroo baay’ee hordoffii ulaagaa wajjiin kan walqabatu yoo ta’u, bu’aafi galtee madaaluuf gatii guddaa qabu ni kenna.

C. Haala Hordofuu/Context Monitoring:

Haalii Hordoffiin , kan inni irratti xiyyeeffatu hordoffii haala waliigalaa pirojektichi itti hojjetu. Gosti hordoffii kun balaa, tilmaama, ykn taateewwan hin eegamne haala dhaabbilee, siyaasaa, faayinaansii fi imaammataa keessatti sadarkaa pirojektichaa kamiyyuu keessatti uumamuu danda’an adda baasuu fi madaaluuf gargaara. Tilmaamni fi balaawwan hordoffii haalatiin adda baafaman dhimmoota alaa to’annoo pirojektichaa ala ta’aniidha. Haa ta’u malee, hordoffiin kun milkaa’ina pirojektichaa irratti dhiibbaa uumuuf ykn kufaatii mudachuu danda’u salphisuuf tarkaanfiiwwan yeroon akka fudhataman kan dandeessisudha.

D. Hordoffii Faayinaansii/Financial Monitoring:

Hordoffiin faayinaansii kan gaggeeffamu gahumsa faayinaansii pirojektii tokkoo madaaluuf baasii qabatamaa maallaqa ramadame waliin walbira qabamee ilaalamu hordofuudhaani. Gareen pirojektii galtee xiqqaadhaan oomisha guddisuuf tooftaalee akka qopheessan gargaara. Gosti hordoffii kun yeroo baay'ee hordoffii adeemsaa fi ulaagaa waliin kan raawwatamu yoo ta'u, itti gaafatamummaa fi gabaasaaf barbaachisa.

E. Hordoffii Waliigaltee /Compliance Monitoring:

Ulaagaaleen Hordoffiin ulaagaa dambiiwwan arjoomtootaa, ulaagaalee gargaarsaa fi waliigaltee, dambiiwwanii fi seerota mootummaa naannoo, ulaagaalee naamusaa, fi bu'aa pirojektii eegamu akka kabajamu mirkaneessa. Sadarkaa marsaa jireenya pirojektichaa kamiyyuu irratti barbaachisaa dha.

F. Hordoffii Fayyadamtootaa/Beneficiary Monitoring:

Hordoffiin fayyadamtootaa, Hordoffii Qunnamtii Fayyadamtootaa (HQF) jedhamuunis kan beekamu dha, marsaa pirojektichaa kamiyyuu keessatti gaggeeffamuu ni danda'a. Kaayyoon isaa inni guddaan ilaalcha waliigalaa fayyadamtoota kallattiifi al-kallatti pirojektichaa ilaalcha isaan qaban madaaluudha. Itti quufinsa ykn komii fayyadamtootaa madaaluu, hirmaannaa isaanii, ilaalcha isaanii, fi qaqqabummaa qabeenya isaanii hordofuun walqixxummaa mirkaneessuu, fi muuxannoo waliigalaa jijjiirama isaanii madaaluu of keessatti qabata. Gosti hordoffii kun komii qooda fudhattootaa fi mala duub-deebii ni hordofa.

G. Hordoffii Dhaabbataa/Organizational Monitoring:

Hordoffiin dhaabbataa raawwii pirojektii waliin walqabatee guddina dhaabbilee, qunnamtii, tumsa, itti fufiinsa, fi ijaarsa dandeettii dhaabbataa fi tumsaa fi qooda fudhattoota isaa hordofuu irratti xiyyeeffata.

H. Hordoffii Bu'aa/Results Monitoring:

Hordoffiin bu'aa hordoffii fi madaallii walitti fida. Daataan karaa hordoffii bu'aa walitti qabame dhiibbaa waliigalaa fi bu'aa pirojektiin tokko ummata xiyyeeffannoo irratti qabu agarsiisa. Argannoowwan kun gareen pirojektichaa pirojektichi bu'aa yaadame galmaan ga'uuf karaa irra jiraachuu isaa murteessuu fi dhiibbaa hin eegamne adda baasuuf gargaaru.

Hoggansii deggarsaa dandeettii deebii kennuu, hordofuu, raaguu, fi to'achuu dhimmoota bu'a qabeessummaa itti fayyadama deggarsaaf gumaacha gaarii ykn gadhee barbaada. Pirojektiin tokko haala gaariin akka hojjetuu fi deggarsa kenname kaayyoo yaadameef haala sirrii ta'een akka itti fayyadamuuf dhimmoota alaa fi keessoo hordofuun murteessaadha.

Hubachiisa: Argannoowwan gosoota hordoffii hunda irraa argaman walitti hidhamiinsa kan qaban yoo ta'u, bulchiinsa deggarsa bu'a qabeessa ta'eef gumaacha qabu.

Kutaa xiqqaa 6: Hoggansa Deggarsaa Keessatti Qormaata Qabatamaa fi Karaalee Ba'umsaa

Kaayyoo	Hirmaattonni yeroo bulchiinsa deggarsaatti qormaata gurguddoo isaan mudatan adda baasuun furmaata haala barbaadamuun akka qopheessan dandeessisuu fi jajjabeessuu.
Yeroo	Marii guutuuf daqiiqaa 20; Dhiyeessii Paaworpooyintiif daqiiqaa 30
Hojii Haala Mijeessituu	Hoggansa deggarsaawaliin walqabatee qormaata Dhaabbileen Hawaasa Siivikii (DHS) mudatanii fi furmaata hojiirra oolchuuf yaalan irratti marii waliigalaagaggeessu. Qormaata hoggansa deggarsaakeessatti mul'atu irratti dhiheessi Paaworpooyintii qopheessuuf fi furmaata dhiyeessuu.
Meeshaalee barbaachisan	Gabatee garagaltu/Flip chart, maarkerii, maastiishii, pirojektara
Bu'aa Eegamu	Hirmaattonni leenjii kutaa kanaa erga fudhatanii booda: Qormaatota dhabbata ijoo hoggansa deggarsaawajjin walqabatanii fi furmaata isaanii adda baasu. Qormaatota kanas mata duree adda addaa jalatti qoodu. Furmaata haala barbaadamuun hojiirra oochuufis tooftaalee qopheessu.

Hubannoo Teeknikaa:

Adeemsi deggarsaa waraqaa irratti ykn qajeelfama bulchiinsa deggarsa irratti salphaa ta'ee mul'achuu danda'us, dhaabbileen akkaataa waliigaltee deggarsaatti hojiirra oolchuuf rakkoolee hin eegamne dabalatee rakkoolee adda addaa ni mudatuu. Haala biyya keenyaa keessatti, dhaabbileen miti mootummaa biyya keessaa hedduun, kanneen waggoota kurnootaaf damee kana keessatti socho'an dabalatee, keessumaa yeroo pirojektoota hedduu hojiirra oolchan kutaa hoggansa deggarsaaof danda'e, hojjettoota, meeshaalee dizaayinii, fi yeroo gahaa hin qaban. Kanarraa kan ka'e, yeroo deggarsi sirnaan hin hogganamnee fi waliigaltee deggarsaa hin hordofne ni jira. Kunis dhaabbileen baasii ulaagaa hin guunne kan kennitoota maallaqaatiin irratti fe'aniif baasii akka baasan taasisa. Kaffaltiiwwan akkasii qabeenya duraanuu murta'aa ta'e irraa waan raawwatamuuf dhaabbileef kasaaraa guddaadha. Kana malees, dhaabbileen argannoo odiitii fi raawwii hojii gaarii hintaane isaan mudachuu danda'a, kunis maqaa isaanii balleessuu danda'a.

Adeemsi deggarsaa taphattoota ijoo sadii kan hirmaachisu yoo ta'u, tokkoon tokkoon isaanii fedhii fi qormaata adda addaa qabu. Kan armaan gadii ibsa gabaabaa taphattoota kanaati. Kutaan maanuwaalii kun ibsa Moojuulii Tokkoffaa keessatti kenname irraa adda ta'ee taphattoonni gahee fi fedhii hoggansa deggarsaa keessatti qaban irratti hundaa'uun ibsa.

A. Deggarsa Kennitoota:

Namoonni deggarsa maallaqaa kennan kanneen deggarsa kennitoota. Isaan kun hojiiwwan raawwii deggarsa sanaa murteessuu, namoota deggarsa argatan filachuu fi qajeelfama sagantichaa ni diriirsu. Yeroo baay'ee, kennitoonni deggarsaa haalota hoggansa deggarsaa, haala dhaabbataa fi biyyaa wajjin wal hin simne gaaffatu. Haa ta'u malee, dhaabbileen, keessumaa kanneen hanqina qabeenya qabanii fi maallaqa argachuuf fedhii guddaa qaban, yeroo baay'ee haal-duree qormaataa dhaabbileen arjoomtootaa kaa'an nifudhatu. Rakkooleen haalota kanaan walqabatan yeroo raawwii pirojektii mul'atu.

B. Deggarsa Fudhattoota:

Namoonni deggarsa argatan iyyannoo deggarsaa milkaa'aa irratti hundaa'uun deggarsa kan fudhataniidha. Bu'aa deggarsi kun niargamsiisa jedhamee piroppoozaala keessatti ibsame galmaan ga'uuf deggarsa kenname bulchuu fi hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa qabu.

C. Qooda fudhattoota:

Qooda fudhattoonni mootummaa fi kan mootummaa hin taane kanneen kallattii fi al-kallattiin waan isaan ilaallatuuf bulchiinsa bu'a qabeessa ta'e keessatti qooda qaban jiru. Haala Itiyoophiyaa keessaatti dhaabbati deggarsa argate tokko maalummaa hojichaa irratti hundaa'uun arjoomaa qofa osoo hin taane qaamolee mootummaa dhimmi ilaallatu waliinis waliigaltee mallatteessa. Dhaabbilee dubartootaa (DhD) kanneen galma ijoo moojuulii kanaa ta'an yoo ilaalle, yeroo baay'ee akkaataa hojichi barbaadutti Kutaa Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Hawaasummaa, Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee fi kanneen biroo waliin waliigaltee mallatteessu. Qooda fudhattoonni mootummaa hin taane miseensota hawaasaa hojiin sun isaan ilaallatudha. Kanarraa ka'uun, bu'a qabeessummaan dhuma deggarsa kanaa irratti jijjiirama gaarii hojii deggarsa kanaan maallaqaan gargaaramuun argameen kan murtaa'u ta'a.

Bakka bu'oonni gareewwan kanaa yeroo workshopii pirojekticha jalqabsiisuu kaayyoo fi maalummaa deggarsa kanaa waan beeksifamaniif, mala ittiin hojiirra oolchanii fi taateewwan akkanaa irratti waanti waadaa galame raawwachuu isaa irratti gaaffii kaasuu danda'u.

Kanaafuu, gareewwan sadan kana yommuu ilaallu, fudhattoonni deggarsaa kennitootaafi qooda fudhattoota gidduutti qaamolee adda addaa lamaaf itti gaafatamummaa kan baatudha. Dirqama hedduu qabaatanis, deggarsa fudhattoonni qormaata qabatamaa isaan mudatu kanneen akka:

Dhaabbilee mirga dubartootaa irra caalaan isaanii kutaan hoggansa deggarsaadhabuu; dhaabbilee tokko tokko keessatti qondaalli faayinaansii illee part-time ti. Hojimaata birokraasii dheeraa qaamolee mootummaa keessumaa Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee waliin waliigaltee pirojektii mallatteessuu. Kutaa sagantaa fi faayinaansii gidduutti Pirojektoota irratti hubannoo waloo dhabuu. Waliigalteewwan deggarsaa afaanota naannootiin jiraachuu dhabuu. Haalotaa fi tumaalee irratti hubannoo gadi fagoo osoo hinqabaatin waliigaltee ariitiin mallatteessuu.Yeroo tokko tokko maloota haalaa wajjin wal hin simne hojiirra akka oolchaniif deggarsa kennitoota iraa dhiibbaa irra ga'uun deggarsa fudhattoonni deggarsa kana argachuuf jecha tole jechuu fi kkf. Qormaata hoggansa deggarsaawaliin walqabatan kana furuuf furmaanni muraasni kunooti:

Hojicha haala bilisa ta'efi itti gaafatamummaadhaan adeesisuuf aadaa ijaaruu fi qabeenya naannoo sochoosuushaakaluun akkaataa haala naannootiin hojjechuu. Hoggansa deggarsaairratti dandeettii hojjetootaa ijaaruu. Hojjettoonni, leenjifamtoonni, fi tola ooltonni qabiyyee waliigalteewwan deggarsaa akka beekan jajjabeessuun akka barbaachisummaa isaatti afaanota naannootti hiikuu. Taateewwan akka hordoffii fi seenaa milkaa'ina walitti qabuu keessatti hojjettoota faayinaansii hirmaachisuun hojjettoota sagantaa fi faayinaansii gidduutti tumsa uumuun, dhimma teeknikaa fi faayinaansii qofa irratti osoo hin taane jireenya fayyadamtootaa irratti jijjiirama gaarii qabatamaa fiduudhaan gumaacha isaanii arguu akka danda'anii gochuu. Qaamolee mootummaa waliin qunnamtii idilee fi al-idilee uumuu fi dhaabbaticha bakka bu'uun tajaajila mootummaaf tola ooltummaa gochuun beekamtii argachuu; kunis adeemsa birokraasii walxaxaa ta'een mallatteessuu pirojektii fi tumsa barbaachisoo biroo qaamolee mootummaa waliin taasifamuun bu'a qabeessummaa hojichaa mirkaneessuuf haala mijeessuu danda'a.

Gochaalee: Taatee Tapha Gahee

Gareen ogeeyyii magaalaa Jimmaatti daawwannaa hordoffii gaggeessuu fedha. Jalqaba daawwannaan kun Muddee 10 hanga 13, 2022tti karoorfamee ture. Haa ta'u malee, qooda fudhattoonni hordoffii deggersaa kana keessatti hirmaatan dirqama kan biraa hineegamin wajjin waan wal-irra ooleef hin daawwannaan kun gara Muddee 4 hanga 7, 2022tti beellamameera. Hogganaan garee unka gaaffii kaffaltii guutee, yaadannoo barreessee, adeemsa faayinaansii imalaafi daawwannaa kanaaf sanadoota barbaachisoo ta'an hunda qopheesse. Haa ta'u malee, hogganaan garee kanaa kaffaltii dursaa imala kanaan duraa fudhatame

hanga ammaatti waan hin buusiniif itti gaafatamaan Faayinaansii kaffaltii kanaaf haala mijeessuu dide. Qondaalli faayinaansii kun dhumni bara baajetaa waan dhihaateef kaffaltii yeroon bu'uu hin dandeenye kaffaluunodiitara waliin falmii hin barbaachifne keessa seenuun qormaata akka ta'u eeruun mufannaa qabu ibse. Gama biraatiin daawwannaa kana haquun daawwannaa hordoffii fi hojiiwwan pirojektii biroo hojiirra oolchuuf tumsi hawaasaa dhabsiisuu akka danda'u hogganaan garee pirojektii yaaddoo qabu ibse. Dabalataanis, qooda fudhattoonni mootummaa sagantaa hordoffii kanarratti argamuun hariiroo gara fuula duraa, milkaa'ina pirojektii waliigalaa, tumsa dhaabbataa irratti dhiibbaa kan geessisu yoo ta'u, maqaa dhaabbatichaa niballeessa. Sababiiwwan kunneen hojiiwwan kanaan dura hinraawwatamne irratti waan dabalamuuf deggarsa kana akka hin fayyadamne ni taasisa.

Haala armaan olii kana irratti hundaa'uun waldhabdee kana furuuf furmaata barbaadaa.

A. *Hirmaattonni afur (hogganaa faayinaansii, hogganaa garee pirojektii, fi miseensonni garee pirojektii/ qondaaltota pirojektii lama, hogganaa sagantaa waliin) haala itti aanu irratti tapha gahee daqiiqaa 30f ni taphatu.*

B. *Hirmaattonni biroo fi haala mijeessituun tarkaanfiiwwan qooda fudhattoonni qormaata kana furuuf fudhatan adda baasuuf gahee tapha kanaa itti dhiyeenyaan ni ilaalu.*

C. *Taphi gahee kunhirmaattota leenjiihundaaf kan dhiyaatu yoo ta'u, hirmaattonni qaawwa qunnamtii fi waldhabdee sagantichaa fi kutaalee faayinaansii gidduutti uumame irratti yaada isaanii kan niqoodu.*

D. *Haala mijeessituchi yaada hirmaattotaa gabatee garagaltu/ flip chart irratti galmeessee, qormaata qabatamaa tokko tokko yeroo bulchiinsa deggarsaatti uumamu akka hubatan ni taasisa.*

Tapha gahee booda haala mijeessituchi qormaata waloo hoggansa deggarsaawaliin walqabatee jiruu fi waan furmaata ta'uu danda'u irratti ibsa ni kenna. Furmaatni kennaman guutuu ta'uu baatus, haala mijeessituchi hirmaattonni akka tumsaniifi qormaata jiruuf furmaata dabalataa akka fidan jajjabeessuu qaba.

Yeroo: Daqiiqaa 35

Dhiyeessiin dura haala mijeessituchi hirmaattonni haalawwan dhugaa dhaabbata isaanii keessatti mul'atan ilaalcha keessa galchuun qabxiilee ka'aniif xiyyeeffannoo akka kennan niakeekkachiisa.

Meeshaalee: Pirojektara, islaayidoota Paaworpooyintii, maarkerii, gabatee garagaltu, maastiishii, fi bakka leenjii haala salphaadhaan taphattoonni tapha armaan olii akka raawwataniif mijatu.

Gaaffiiwwan Madaallii Duraa Kutaa 3ffaa: Hoggansa Deggarsa Bu'a Qabeessaa

1. Sadarkaa Beekumsaa: Bulchiinsa deggarsa bu'a qabeessa ta'e irratti sadarkaa beekumsa amma qabdu Iskeelii 1-5 irratti madaali.
2. Qabiyyeewwan Bulchiinsa Deggarsaa: Qabiyyeewwan ijoo bulchiinsa deggarsa bu'a qabeessa ta'e sadii tarreessi.
3. Hoggansa deggarsaa Bu'aa Irratti Xiyyeeffate: Bulchinsa deggarsaa bu'aa irratti xiyyeeffate jechuun maal jechuudha? Bu'aa deggarsa milkaa'aa ta'e galmaan ga'uuf malli kun maaliif barbaachisa?
4. HojiiwwanDuraa: Hoggansa deggarsaabu'aa irratti xiyyeeffateef hojiiwwan duraa lama dhaabbileen hojjechuu qaban lama adda baasuun gabaabinaan ibsi.
5. Bittaa Hoggansa deggarsaa Keessatti: Haala hoggansa deggarsaa bu'a qabeessa ta'e keessatti gahee bittaa ibsi. Adeemsa bittaa gahumsa qabu mirkaneessuuf wanti yaadamuu qaban ykn muuxannoowwan gagaariin maal fa'i?
6. Hoggansa Qabeenyaa: Dhaabbileen qabeenya kaayyoo bulchiinsa deggarsaaf oolu akkamitti haala bu'a qabeessa ta'een bulchuu danda'u? Qormaata bulchiinsa qabeenyaafi akkamitti furmaata argachuu akka danda'u fakkeenya kenni.
7. Hordoffii fi Madaallii: Hoggansa deggarsaa bu'a qabeessa ta'e keessatti barbaachisummaa hordoffii fi

madaallii qaban irratti mari'adhaa. Hojiileen kunneen akkamitti milkaa'ina waliigalaa pirojektoota deggarsa maallaqaatiin gargaaramaniif gumaacha godhu?

8. Bulchiinsa Balaa: Hoggansa deggarsaakeessatti gaheen bulchiinsa balaa maali?Balaa pirojektoota deggarsa maallaqaatiin walqabatan dhaabbileen akkamitti dursanii adda baasuu fi salphisuu danda'u?
9. Ulaagaalee Gabaasa: Ulaagaalee gabaasaa yeroo baay'ee hoggansa deggarsaawaliin walqabatan ibsi. Dhaabbileen gabaasa deggarsa yeroo qopheessanii fi dhiyeessan maal yaada keessa galchuu qabu?
10. Ijaarsa Dandeettii: Hojiiwwan ijaarsa dandeettii hoggansa deggarsa bu'a qabeessa ta'e akkamitti deggaruu danda'u? Fakkeenya hojii ijaarsa dandeettii dhaabbileedhaaf dandeettii hoggansa deggarsaaguddisuu danda'u dhiyeessaa.

Gaaffiiwwan Madaallii Boodaa Kutaa 3ffaa: Hoggansa Deggarsa Bu'a Qabeessaa

1. Fooyya'iinsa Beekumsaa: Erga kutaa kana xumurtee booda beekumsi kee bulchiinsa deggarsa bu'a qabeessa ta'e irratti qabdu hammam akka fooyya'e Iskeelii 1-5 irratti madaali.
2. Qabiyyeewwan Ijoo: Barumsa kutaa kanaa irratti yaada kennuun qabiyyeewwan ijoo sadan bulchiinsa deggarsa bu'a qabeessa ta'ee kanneen bu'aa deggarsa milkaa'aa ta'e galmaan ga'uuf baay'ee murteessoo ta'an jettee amantu adda baasi.
3. Mala Bu'aa Irratti Xiyyeeffate: Yaad-rimee bulchiinsa deggarsa bu'aa irratti xiyyeeffatee fi mala kana hojiirra oolchuun bu'a qabeessummaa pirojektoota deggarsa maallaqaan gargaaraman akkamitti akka guddisu ibsi.
4. Hojiiwwan Duraa: Hojiiwwan duraa lama kan dhaabbileen bulchiinsa deggarsa bu'aa irratti xiyyeeffateef raawwachuu qaban barattan irratti mari'adhaa. Barbaachisummaa isaanii fi dhiibbaa isaan geessisuu danda'an bal'inaan ibsi.
5. Muuxannoo Gaarii Bittaa: Muuxannoo gaarii ykn yaada dhaabbileen bulchiinsa deggarsa keessatti adeemsa bittaa gahumsa qabu mirkaneessuuf hordofuu qaban lama qoodi.
6. Tarsimoo Bulchiinsa Qabeenyaa: Tarsiimoo ykn malootadhaabbileen pirojektoota deggarsaa maallaqaan gargaaraman keessatti qabeenya haala bu'a qabeessa ta'een bulchuuf itti fayyadamuu danda'an lama ibsi. Tooftaaleen kun qormaata bulchiinsa qabeenya akkamitti furuu danda'u?
7. Faayidaa Hordoffii fi Madaallii: Barbaachisummaa hordoffii fi madaallii bulchiinsa deggarsa bu'a qabeessa ta'e keessatti yaada kennuun hojiiwwan kun milkaa'ina pirojektii fi itti gaafatamummaa pirojektii keessatti gumaacha akkamii akka qaban irratti mari'adhaa.
8. Barbaachisummaa Bulchiinsa Balaa: Gahee bulchiinsi balaa hoggansa deggarsaakeessatti qabu bal'inaan ibsuun dhaabbileen pirojektoota deggarsa maallaqaan gargaaraman keessatti balaa dhufuu danda'u dursanii adda baasuu fi furuun maaliif murteessaa akka ta'e irratti mari'adhaa.
9. Rakkoolee Gabaasa: Qormaata waliigalaa tokko kan dhaabbileen yeroo gabaasa deggarsaa qopheessanii fi dhiyeessan isaan mudachuu danda'an adda baasi. Qormaata kana mo'uuf tooftaa ykn yaada furmaataa kenni.
10. Dhiibbaa Ijaarsa Dandeettii: Dhiibbaa hojiin ijaarsa dandeettii dhaabbileedhaaf dandeettii hoggansa deggarsaaguddisuu irratti qabu irratti mari'adhaa. Fakkeenya hojii ijaarsa dandeettii kan hojii hoggansa deggarsaahaalaan fooyyessuu danda'a jettee amantu qoodi.

4 Kutaa DEGGARSA GABAASUU

Kaayyoon Kutaa kanaa:

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni beekumsaa fi dandeettii hoggansa deggarsaakeessatti barbaachisu haala bu'a qabeessa ta'een faayinaansii bulchuufi to'annoo keessoo hojiirra oolchuun ni horatu.

Bu'aan eegamu:

Xumura moojuulii kanaatti leenjifamtoonni:

Gabaasa faayinaansii fi seeneffama barreessuuf maloota barbaachisoo ta'an adda baasuu.

Xumura yeroo maallaqa kennitootaan ka'ameguutuuf karoorfachuu.

Karaa gabaasaatiin fedhii arjoomtuu akkaataa bu'a qabeessa ta'een akka itti dabarsan nihubatu. Jechoota gabaasa deggarsaa yeroo baay'ee itti fayyadamanii wajjinwalbaru.

Yeroo Ramadameef:

Kutaan kun tilmaamaan sa'aatii 3fii daqiiqaa 45 fudhata.

Mata dureewwan Uwwifaman:

- Bulchiinsa Faayinaansii fi Bulchiinsa Deggarsaa
- Hordoffii fi To'annoo Keessaa
- Qormaata Qabatamaa Yeroo Hoggansa deggarsaafi Furmaata

Kutaa xiqqaa 1: Hubannoo Bu'uuraa fi Qophii Gabaasa Deggarsaa

Kaayyoo	Kaayyoon inni guddaan kutaa kanaa hubannoo bu'uuraa gabaasa deggarsaa fi qophiiwwan barbaachisoo hirmaattota hidhachiisuudha.
Hojii Kutaa Kanaa	Hojiiwwan qophii gabaasa deggarsaa adda baasuu fi hubachuu.
Gaaffiiwwan Marii	Gabaasni deggarsaa maal of keessatti qabata? Piroppoozaala barreessuu irraa akkamitti adda ta'a?
Mala	Kutaan kun marii garee, dhiheessi, fi ibsa haala mijeessituutiin ni gaggeeffama.
Yeroo	Kutaan kun daqiiqaa 45 fudhata. Daqiiqaan 10 hojii gareef, daqiiqaan 15 hirmaattootaaf, daqiiqaan 20 ammoo dhiheessi haala mijeessitootuuf ni ramadama.
Hojiiwwan Haa-la Mijeessituu	Hirmaattota garee miseensota 3-5tti ijaari. Cuunfaa dhiheessi garee fi marii itti aanu raawwachiisi. Qabxiilee gurguddoo walittiqabuun ibsa gabaabaa kennuudhaan barumsa sana jabeessi. Qophii gabaasa deggarsaairratti ibsa Paaworpooyintii kenni.
Meeshaalee	Gabatee garagaltu, Maarkerii, Yaadannoowwan maxxanan, Pirojektara

Hubachiisa Teeknikaa:

Deggarsa Gabaasuu:

Gabaasni deggarsaa hoggansa deggarsaa keessatti ulaagaadha; yeroo baay'ees yeroo gabaasaa, gosa odeeffannoo, fi unkaa arjoomtuun kenne irratti hundaa'a. Sagantaa deggarsas, guyyaa gabaasni itti galu, nama kanaaf itti gaafatamumma qabu, fi guyyaa dabalatee, tarreeffama hojii isa guddaa, adeemsa, madaallii fi gabaasa baasii of keessatti qabata. Gabaasa kana xumuruun, daayreekteera olaanaa, hogganaa sagantaa/qindeessaa/hogganaa deggarsaa, bulchiinsa, fi faayinaansii dabalatee kutaalee dhaabbaticha keessa jiran hedduu gidduutti walta'iinsa barbaachisuu danda'a.

Adeemsi gabaasni akkaataa idileetti gabaasa sagantaa kan akka gabaasa sochii, adeemsa, fi madaallii, akkasumas dhimmoota walsimannaa of keessatti qabata. Gabaasni baasii, kan akka gabaasa baasii yeroo, baasii, fi dhumaa (baasii al-kallatti dabalatee), gabaasa faayinaansii keessatti gabaabfama.

Gabaasa deggarsa qopheessuuf muuxannoowwan gagaaran:

Yeroo murtaa'e/guyyaa beellamaa qaqqabsiisuuf gabaasa karoorsiiqindeessi. Lakkoofsi faayinaansii gabaasa keessatti argamu lakkoofsa kitaaba hojii keessa jiruun akka walsimu mirkaneessuu. Sanadoota gabaasa deggaran kaawwadhu.

Gabaasuuf Karoorfachuu: Dogoggoraa fi hir'ina irraa of eeguuf osoo hin ariifatin yeroodhaan gabaasa dhiyeessuun barbaachisaa dha. Gabaasa deggarsaa dafanii barreessuun qophiifi kutannoo dhaabbatichi ulaagaalee gabaasaa guutuuf qabu agarsiisa. Gabaasni dhumaa osoo hin wixineeffamin dura:

Hanga baasii hunda sooftiweerii herregaa dhaabbatichaa keessatti sirritti galmeessi. Baasii sirnaan deggarsa dhimmi ilaallatutti koodii godhi. Lakkoofsota hunda ilaaluun sirrii ta'uu isaanii mirkaneessi. Baasiin qabatamaan maallaqa deggarsaa wajjin walbira qabuuf gabaasa jalqabaa sooftiweerii herregaa keessaa baasi. Garaagarummaan yoo jiraate furuun ibsa kenni, kunis hojjettoota sagantichaa irraa galtee barbaadu danda'a. Gabaasa kana dursanii wixinuun odeeffannoo barbaachisaa walitti qabuu fi dogoggora teeknikaa gabaasa karaa poortala onlaayinii yeroo dhiyaatu uumamuu danda'u kamiyyuu to'achuuf yeroo kenna.

Lakkoofsi faayinaansii gabaasa keessatti argamu lakkoofsa kitaabota hojii keessa jiruun akka walsimu mirkaneessi:

Faayinaansii deggarsaa sirrii ta'e daataa faayinaansii barbaachisaa ta'e sooftiweerii herregaa irraa harkisuudhaan unka gabaasa maallaqa kennituu keessatti galchuuf salphaa taasisa. Kanaafuu, faayinaansii deggarsaa sirrii ta'e qabachuun barbaachisaadha. Yeroo tokko tokko, gosoota baasii sooftiweerii bulchiinsa herregaa dhaabbataa fi unka maallaqa kennituu ta'e gidduu garaagarummaan jiraachuu danda'a. Fakkeenyaaf, dhaabbati tokko herrega imala tokko qabaachuu kan danda'u yoo ta'u, maallaqa kennitoonni baasii imala gara gatii xiyyaaraa, nyaata, bakka jireenyaa fi kkftti akka qoodamu gaafachuu danda'a. Baajetni deggarsaa dhaabbata tokkoo gosoota baasii isaa ulaagaa maallaqa kennitootaa waliin walsimsiisuudhaan qopheesseera yoo ta'e, kun rakkoo ta'ee ka'uu hin qabu. Kana dursanii gochuu dhabuun yeroo gabaasa qopheessan sirreeffama gochuun dirqama ta'a.

Qabxii Hubachiisa:

Baasiin waliigalaa gabaasa deggarsa irra jiruufi baasiin waliigalaa sooftiweerii herrega dhaabbatichaa keessatti galmaa'e wajjin walsimuun barbaachisaa dha, yoo garaagarummaan gosoota baasii dhaabbatichaa fi maallaqa kennitoota gidduu jiraatellee.

Waliigalteewwan deggarsaa hedduu jalatti, maallaqa kennitoonni baasii maallaqa fudhattootaa odiitii gochuuf mirga qabu. Kunis odeeffannoo herregaa, waraqaa kaffaltii ykn nagahee gaafachuu kan dabalatu ta'uu danda'a. Deggarsa fudhataan tokko baasii isaa haala sirrii hintaaneen gabaasee argame, warri maallaqa kennan maallaqni deggarsaa kenname akka deebi'u illee gaafachuu danda'u. Taateewwan akkasii dhaabbata tokko dhaabbannaa maallaqaa hin rakkisaa ta'e keessa galchuu qofa osoo hin taane hariiroo maallaqa kennituu waliin qabu irratti dhiibbaa hamaa kan fiduu fi karoora gara fuula duraa balaadhaaf saaxiluu danda'a.

Gaaffii dhiyaatu ragaan deggaruuf sanadoota dhaabbatichaa kuusuu:

Odeeffannoo kamiyyuu, sanadoota hojii, ykn gabaasa herregaa ragaa baasii deeggaruuf itti fayyadaman kuusuudhaaf sababoonni barbaachisoo lama jiru:

Itti fufiinsa akka qabaatu godha. Daataa jiru salphaatti akka argamu gochuudhaan, dhaabbanni deggarsa fudhatu tokko balaa jijjiirraa hojjettootaa wajjin walqabatee dhufu salphisuu danda'a, kunis miseensonni garee haaraan gara faayiloota durii akka deebi'anii fi tuqaawwan akka walqabsiisan taasisa.

Dhaabbanni deggarsa fudhate tokko odiitiif qophaa'ee akka turu gargaara. Sanada walitti fufiinsa qabu qabaachuun, dhaabbati deggarsa fudhate tokko maallaqa kennaadhaan yoo sanada gaafatame salphaatti kennuu danda'a. Yeroo hunda dhaabbati deggarsa fudhate tokko koppii waraqaa sanadoota faayinaansii (nagahee fi invooyisii) ka'achuun ykn fudhachuun baasii ta'eef ragaa isaa duubatti deebisuuf mijataa ta'uu baatus, adeemsa herregaa waltahaa kan appii akka Baankii Nagahee/kuusaa nagahee of keessatti hammate fayyadamuun sanadoota waljijjiirraa qaamaa cloud/Kilawidii (sirna Inerneetii Kilawidii) keessatti kuusuu isaan dandeessisuufi suuraawwan waljijjiirraa sooftiweerii herregaa isaanii keessatti maxxansuu isaan dandeessisa.

Hubannoo Bu'uuraa Gabaasa:

Gabaasni akka mala walitti dhufeenya maallaqa walitti qabuu itti fufsiisuuti tajaajila. Waan arjoomtichi arguu barbaadu irratti hundaa'uun gabaasicha barreessi. Gabaasa kanaaf qophaa'uun yeroo kan barbaadu yoo ta'u, barreessuun garuu salphaadha. Namni kamiyyuu daataa barbaachisaa fi odeeffannoo addaa kennuudhaan gabaasa milkaa'aa ta'eef gumaachuuf itti gaafatamummaa qaba. Deggarsa gara fuula duraa mirkaneessuuf ulaagaa arjoomtuun gabaasaaf barbaaddu guutuu fi caalanii argamuun murteessaadha. Bu'aa ykn hojii qofa osoo hin taane, bu'aa ykn dhiibbaa sagantaa dhaabbatichaa irratti xiyyeeffachuudhaan gabaasa bareedaa qopheessuu.

Kutaa xiqqaa 2: Gabaasa Faayinaansii

Kaayyoo	Kaayyoon kutaa kanaa inni guddaan hirmaattotaaf gabaasa faayinaansii barreessuu irratti beekumsa bu'uuraa kennuudha.
Bu'aa Eegamu	Leenjifamtoonni leenjii kutaa kanaa erga hirmaatanii booda beekumsa qabiyyee barbaachisoo fi dandeettii gabaasa faayinaansii odeeffannoo gaariikennu barreessuuf barbaachisan ni argatu.
Hojii Kutaa Kanaa	Hirmaattonni garee namoota 3 hanga 5 ta'an uumuun qabiyyee fi dandeettiiwwan barbaachisoo gabaasa faayinaansii odeeffannoo gaarii kennu barreessuu irratti ni mari'atu.
Yeroo	Kutaan kun daqiiqaa 45 kan turu ta'a. Hojii gareedhaaf daqiiqaa 10, dhiheessi hirmaattootaaf daqiiqaa 15, dhiheessi haala mijeessituuf daqiiqaa 20 ni ramadama.
Hojiiwwan Haa-la Mijeessituu	Marii garee haala mijeessi. Gareen tokkoon tokkoon isaanii hubannoo gabaasa deggarsaa fi qophii gabaasa deggarsaa irratti godhan irratti akka mari'atan hayyami. Leenjifamtoonni argannoo garee isaanii akka dhiyeessan haala mijeessi. Qabxiilee gurguddoo gabaabsuun walitti qabi; ibsa gabaabaadhaan barumsicha jabeessi. Qabiyyeewwanii gabaasa faayinaansii odeeffannoo gaarii qabu barreessuu fi dandeettiiwwan barbaachisu irratti ibsa Paaworpooyintii dhiyeessi.
Meeshaalee	Gabatee garagaltu, Maarkerii, Yaadannoowwan maxxanu, Pirojektara

Hubachiisa Teeknikaa:

Dhiyeessiin haala mijeessituu ibsa armaan gaditti kenname irratti hundaa'a; mata duree xiqqaatti sqoodamee kan qophaa'edha.

Gabaasa faayinaansii qopheessuu keessatti wanneen aliigalaa Yaada keessa galuu qaban:

I. Kaayyoo Isaa Hubachuu:

Kaayyoon gabaasa faayinaansii inni guddaan maallaqni akkaataa baajeta raawwii pirojektichaatiin akka bahu gochuu fi gabaasni faayinaansii fi to'annoo sirrii ta'uu mirkaneessuudha. Gabaasni faayinaansii itti fayyadama keessootiif, kan akka baasii dhaabbaticha kan keessoo hordofuuf, ykn itti fayyadama alaaf, kan akka gabaasa dhaabbilee arjoomtootaaf dhiyeessuuf qophaa'uu danda'a. Yeroo baayyee dhaabbanni deggarsa fudhatu tokko kan arjoomaa irraa unka adda ta'en fayyadamuu danda'a, garuu akkaataa qajeelfamaatti gabaasa faayinaansii keessoo qopheessuun barbaachisaa dha.

Gabaasni faayinaansii yeroo baayyee kurmaana kurmaanaan kan dhiyaatu yoo ta'u, arjoomtuu fi shiirkaan hojiirra oolmaa adeemsa baajetaa fi karooraa irratti tilmaama taasifame madaaluuf carraa kan kennudha. Gabaasi faayinaansii sirritti xumuruun dhaabbatichi itti gaafatamummaa bulchiinsa faayinaansii isaa irratti hubannoo akka qabu kan agarsiisu yoo ta'u, sochii milkaa'aa fi shiikummaa arjoomaa waliin taasisu eeguuf murteessaadha.

II. Unka hubachuu:

Arjoomtonni yeroo baay'ee unka gabaasa faayinaansii shiirakaa maallaqa deggarsaa hojiirra oolchuuf ni kennu, kunis unka arjoomtonni biroon fayyadamaniin wal fakkaachuus walfakkaachuu dhabuus danda'a. Unkaaleen tokko tokko, kan akka unka gabaasa faayinaansii EMIYI, amala addaa qabu. Galma arjoomaa fi ulaagaalee gabaasaa barbaachisu hubachuu, ibsitoota hordofuu, fi gaaffii fi ulaagaalee arjoomaa akka unkaa keessatti ibsametti deebisuun barbaachisaa dha. Daataa qindeessuufi gabaasawwan barreessuu akkaataa unka kennameen raawwatamuu qaba.

III. Garee Sagantaa fi Faayinaansii waliin mari'adhaa:

Adeemsa gabaasa faayinaansii jalqabuu dura, gareewwan sagantichaa fi faayinaansii gidduutti mariin akka taasifamu cimsee gorfama. Sirna gareen faayinaansii baasii baajetaa irratti yeroo yeroon garee sagantichaaf odeeffannoo haaraa itti kennu hundeessuun ykn cimsuun nifayyada. Dhaabbileen yeroo baay'ee meeshaa hordoffii raawwii pirojektii kan baajeta pirojektii, yeroo pirojektii, fi hojii pirojektii hordofu adeemsa gabaasuudhaaf haala mijeessuu ni qopheessu.

Kutaa xiqqaa 3: Gabaasa Seeneffamaa

Kaayyoo	Hirmaattota beekumsa bu'uuraa fi shaakala gabaasa seeneffamaa barreessuu irratti hidhachiisuu.
Bu'aa Eegamu	Hirmaattonni leenjii kana irratti erga hirmaatanii booda: Dandeettii gabaasa odeeffannoo gaarii qabu barreessuu ni horatu. Unka gabaasa arjoomtootaa fi dhimmoota ulaagaa kanaan walqabatan nihubatu. Gabaasaa qopheessuuf hojii garee jalqabuun itti fayyadamuu.
Hojii Kutaa Kanaa	Qabiyyee fi dandeettiiwwan barbaachisoo gabaasa seeneffamaa barreessuu keessatti argaman marii garee hirmaattota 3 hanga 5 of keessaa qabuun adda baasuun nishaakaluu.
Yeroo	Kutaan kun daqiiqaa 45f kan turu ta'a. Hojii gareedhaaf daqiiqaa 10, dhiheessi hirmaattootaaf daqiiqaa 15, dhiheessi haala mijeessituuf daqiiqaa 20 ni ramadama.
Hojiiwwan Haa-la Mijeessituu	Hirmaattota garee miseensota namoota 3-5tti ijaari. Gareen tokkoon tokkoon isaanii qabiyyeewwan ijoo fi dandeettiiwwan gabaasa seeneffamaa barreessuu irratti akka mari'atan hayyami. Leenjifamtoonni marii isaanii gabaabsanii kutaa sanaaf akka dhiyeessan taasisi. Qabxiilee gurguddoo gabaabsuun walitti qabi; ibsa gabaabaadhaan barumsa sana jabeessi. Qabiyyeewwanii fi dandeettiiwwan barbaachisoo gabaasa seeneffamaa barreessuu irratti ibsa paaworpooyintii ni kenni.
Meeshaalee	Gabatee garagaltu/flip chart, Maarkerii, Yaadannoowwan maxxanan, Pirojektara.

Hubachiisa Teeknikaa: Gabaasa Seeneffamaa

Gabaasni seeneffamaa qooda fudhattoota keessaa fi alaa kan pirojektii/sagantaa ta'eef paakeejii gabaasa faayinaansii fi hoggansa ibsuu, barreessuu fi gamaaggamuuf mala walta'iinsaa, adeemsa irratti hundaa'eedha. Gabaasni seeneffamaa kaayyoo deggarsichaa, galmoota pirojektii/hojii, madaallii galmootaa fi akkaataa isaan naannoo xiyyeeffannoo irratti hojjetan, bu'aa karoora hordoffii fi madaallii, akkasumas baay'ina fayyadamtoota pirojektii/hojii fi akkamitti fayyadamtoonni akka fayyadaman of keessatti qabachuu qaba. Haa ta'u malee, unki/format adda ta'e kun odeeffannoo kana kennuudhaaf caasaa gabaasa seeneffamaa arjoomaatiin qophaa'e irratti hundaa'a.

Jecha salphaadhaan yoo ilaalle, seeneffama barreeffamaa kan Microsoft Office fayyadamuun qophaa'eefi unka arjoomaatiin kenname fayyadamuun paakeejii gabaasaa gosa tokko qabudha. Gabaasni seeneffamaa yooma gumaachitoota adda addaatiin barreeffame illee adeemsa pirojektii keessatti gabatee daataa, gabatee, fi barruu, gabaasicha guutummaa isaa keessatti dhugaa yeroo hundumaa walfakkatu fayyadamuu qaba.

Kanneen Waliigalatti Ilaalamuu Qaban

Unka hubachuu: Gabaasa barreessuun dura caasaa unka gabaasichaa ilaali. Kunis gosa odeeffannoo gabaasicha keessatti hammatamuu qabuu fi dheerina barbaadamu murteessuuf gargaara. Gabaasni seeneffama kee osooma ulaagaa arjoomaa sanaa guutuu; ifatti odeeffannoo barbaachisu kan qabu, yaada walhinfaallessine kan qabu, hamma danda'ametti gabaabaa fi kalaqa kan qabu ta'uun isaa barbaachisaa dha. Wanneen waliigalaa itti yaadamuu qaban kan biroon, kan akka adeemsaa fi fooyya'iinsa pirojektichaa/sagantichaa garee sagantaa fi faayinaansii keessan waliin mari'achuu, fi hojiiwwan pirojektii yeroo gabaasaa keessatti karoorfamanii fi raawwataman adda baasuun gabaasa seeneffamaa barreessuudhaaf murteessaadha.

I. **Gabaasa Seeneffamaa sana Barreessuu**

a) Ulaagaalee Arjoomtootaaf Guutuu: Gabaasi seeneffamaa caasaa/qabiyyee unka/bifa gabaasaa arjoomtichi kenne irratti hundaa'uun barreessuun si irraa eegama. Qajeelfama arjoomaa eeguuf ulaagaalee unka keessatti ibsaman hordofuu kee mirkaneessi.

b) Pirojekticha Sirritti Seenessuu: Gabaasa seeneffamaa adeemsa pirojektichaa calaqqisiisu barreessuuf, hojiiwwan, bu'aawwan, fi bu'aa yeroo gabaasichaa keessatti argaman dabalatee, barbaachisaa dha. Akkaataa unka gabaasaa keessatti gaafatameetti ibsa addaa kenni. Pirojektichi kaayyoo arjoomtotaa adda ta'e galmaan ga'uuf akkamitti akka isaan gargaare arjoomaatti agarsiisuu fi bu'aa invastimantii gaarii agarsiisuuf carraa kanatti fayyadami.

c) Gulaaluu fi Sirreessuu: Wixinee jalqabaa erga barreessitee booda, dogoggoraa fi yaadota ykn kutaalee barbaachisoo ta'an kanneen bira darbite adda baasuuf irra deebi'ii ilaali. Gabaasa seeneffama kee gulaaluuf yeroo addaa saganteessi. Erga wixineessitee booda boqonnaa fudhadhuutii sana booda guyyoota biraatti ija haaraadhaan irra deebi'ii ilaali. Akkasumas, gabaasa galchuun dura baajeta/faayinaansii ilaaluu hin dagatin.

d) Haala Keessatti Gabaasuu: Gabaasni keessan haala jijjiirama raawwii fi bulchiinsa pirojektii irratti arjoomaaf yeroo yerootti jijjiirama jiru gabaasuutti tajaajiluu qaba. Arjoomtonni yeroo baay'ee fagoo waan jiraniif haala jijjiiramaa jiru beekuu dhiisuu danda'u.

e) Gabaasa Ariitii irraa fagaachuu: Kurmaana kurmaanaan gabaasa walfakkaatu dhiyeessuun qofti arjoomtoota ni gammachiisa jettee hin hilaalin. Kanaa mannaa, guyyoota gabaasaa hunda kalaandarii kee irratti mallattoo itti godhi, gabaasawwan sana dursitee hojjedhu, guyyaa xumuraan duras galchi. Gufuun kamiyyuu yoo jiraate, arjoomaa biratti amanamummaa eeguuf yeroon gabaasa dhiyeessi.

f) Jechoota itti fufanii jiran yaada keessa galchaa: Gabaasa seeneffamaa kee yeroo barreessitu, yeroo baay'ee jechoonni armaan gadii unka arjoomtootaa hedduu keessatti si mudata:

   i. Cuunfaa adeemsa: Ilaalcha waliigalaa fuulaa walakkaa bu'aawwan ijoo, qormaata, fi dhimmoota haalaakanneen yeroo gabaasichi hammatu keessattipirojekticha irratti dhiibbaa geessisan. Xiinxala milkaa'ina kee fi barumsa argattee dabali.

   ii. Guddina Bu'aa Bira Qabuun: Gosa hojiiwwan hojjetamanii ibsi, hirmaannaa dhaabbata keessanii fi shiirkaa keessanii hojiiwwan sana hojjechuu keessatti qaban (eenyu maal hojjete), kaayyoo hojiiwwanii, fayyadamtoota ijoo ykn qooda fudhattoota xiyyeeffannoo argatan, fi saala (fi umurii, bakka barbaachisaa ta'etti) waa'ee fayyadamtootaa yeroo dubbattu lakkoofsa addaan baasii ibsi. Akkasumas, hojiiwwan hojjetaman akkamitti bu'aa pirojektichaa galmaan ga'uuf gumaacha akka godhan ibsuudhaan tarkaanfiiwwan itti aananii karoorfaman tarreessi.

   iii. Guddina Agarsiistotaa fi Galmoota Bira Qabuun: Agarsiistotaa fi galmoota bu'uura bu'aa mirkanaa'e irraa argaman fayyadamuun bu'aa hanga ammaatti argame ibsi. Guddina tokkoo tokkoo agarsiiftuu oomishaa fi bu'aa fi galmoota kurmaanaa/waggaa ati kaa'atte waliin wal bira qabdee gabaabsii ibsi.

   iv. Karaa irraa maquu, harkifannaa, ykn qormaata: Dhimmoota gurguddoo, jijjiirama, ykn qormaata raawwii irratti dhiibbaa geessisan ykn karoora raawwii mirkanaa'e irratti ji'a sadii oliif garaagarummaa ykn harkifannaa fidan kamiyyuu irratti mari'achuu. Jijjiirama ykn karaa irraa maquu kana furuuf maaltu akka hojjetame ibsi.

v. Bulchiinsaa fi Qindoomina: Hojii bulchiinsa pirojektii fi caasaa itti gaafatamummaa, dhaabbilee shiirkaa waliin hirmaachuu, fi dhimmoota hojii dabalatee dhimmoota ykn qormaata bulchiinsa pirojektii wajjin walqabatan kamiyyuu tarreessi.

vi. Oddffannoo Maatiriksii Balaa: Yeroo gabaasichi haguugu keessatti balaawwan piropozaalicha keessatti adda baafaman akkamitti akka furte ibsa gabaabaa kenni. Qabxiilee balaa (keessaa fi alaa), kanaan dura adda baafamanii yookiin haaraa ta'an, kanneen raawwii pirojekticha irratti dhiibbaa geessisan ibsi.

vii. Karoora Kurmaana Itti Aanuu: Yeroo pirojektii itti aanuuf karoora hojiirra oolmaa kee kan haaromfame, kunis karoora faayinaansii kurmaana itti aanuu wajjin walsimsiisuun sirraa eegamuu danda'a.

viii. Dhimmoota Qaxxaamuraa Irratti Ibsa Kenni: Naannoo xiyyeeffannoo pirojektichaa fi fedhii arjoomtootaa irratti hundaa'uun, pirojektichi dhimmoota akka walqixxummaa saalaa, hammatamuu qaama miidhamtootaa, haala qilleensaa fi naannoo, fi farra malaammaltummaa akkamitti akka mirkaneessu irratti xiinxaluun sirraa eegama.

Meeshaalee yeroo pirojektichaa keessatti oomishaman:

ix. Meeshaalee armaan gadii qofaatti akka itti dabaltu sirraa barbaadamu danda'a:

x. Suuraalee (bifa JPEG fi ibsa sirri waliin) Meeshaalee viidiyoo, Waliigaltee walhubannoo (MoU) ykn waliigaltee hojii shiirkotaa fi qooda fudhattoota mootummaa waliin mallattaa'e

xi. Hubachiisa: Dabalata arjoomtichi hin gaafatin itti hindabalin.

Kutaa Gaaffii fi Deebii:

Yeroo muraasa fudhachuun kaayyoo barumsichaa haala mijeessituu fi hirmaattota biroo waliin gamaaggamaa. Gaaffii ykn yaada adda ta'e garee kanaaf qoodu qabdaa? Wanti mari'achuuf abdattanii garuu carraa hin arganne jiraa?

Qabxiilee Yaadannoo:

Tokkoo tokkoo kutaaunka gabaasa seeneffamaa sana hubachuu keessan mirkaneeffadhaa. Amala gareedhaan hojjechuu horadhaa. Gulaallii fi gamaaggama gareedhaaf yeroo kennuudhaaf yoo xiqqaate guyyaa xumuraa (deadline) guyyoota kudha shan dursaatii gabaasa irratti hojjechuu jalqabaa. Gabaasaaf jecha barreessuu irraa of eeggadhaa; kanaa mannaa, murteewwan kurmaana gara fuula duraa fi barumsa dhaabbataaf odeeffannoo kennuudhaaf adeemsa pirojektii fi raawwii dhaabbata keessanii madaalaa. Filannoo jechootaa keessan irratti dammaqaa, garmalee dubbachuu irraa fagaadhaa, akkasumas afaan arjooma sanaa fayyadamaa. 'Kanaaf maaltuta'uu qaba kan jedhuun pirojektiin keessan fayyadamtoota, namoota ga'ee jalqabaa fudhatanii fi qooda fudhattootaaf maal jechuu akka ta'e agarsiisuu yaadadhu.

5 Kutaa HOJIMAATA CUFIINSA DEGGARSAA

Kaayyoon Kutaa kanaa:

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni beekumsaa fi dandeettii faayinaansii haala bu'a qabeessa ta'een bulchuu fi to'annoo keessoo haala bulchiinsa deeggarsa keessatti hojiirra oolchuuf barbaachisu ni horatu.

Bu'aan eegamu:

Xumura moojuulii kanaa irratti hirmaattonni:

- Ulaagaalee deggarsa cufuu adda nibaasuu
- Hojimaata bu'uuraa deggarsa cufuu keessatti ilaalamuu qabanii wajjin walbaru.
- Adeemsa bu'aa cufamuun duraa fi cufamuun boodaa addaan baasuu
- Qormaata cufamuu deggarsaa waliin walqabatee jiru hubachuunwaan furmaata ta'uu danda'an-niqoratu.

Yeroo Ramadameef:

Kutaan kun tilmaamaan sa'aatii 2 akka fudhatu eegama.

Mata dureewwan Uwwifaman:

- Bulchiinsa Faayinaansii fi Bulchiinsa Deggarsaa
- Hordoffii fi To'annoo Keessaa
- Qormaata Qabatamaa Yeroo Hoggansa deggarsaafi Furmaata Isaa

Kutaa xiqqaa 1: Cufiinsa Deggarsaa Hiikuu

Kaayyoo	Hirmaattonni yaad-rimee cufamuu deggarsaa akka hubatan dandeessisuu
Hojii Kutaa Kanaa	Jechoota cufiinsa deggarsaa hubachuu
Gaaffiiwwan Marii	Gabaasni deggarsaa maal of keessatti qabata? Piroppoozaala barreessuu irraa akkamitti adda ta'a?
Mala	Hirmaattonni waa'ee cufamuu deggarsaa waan beekan barreessuudhaan beekumsaa fi muuxannoo isaanii waliif qoodu.
Yeroo	Sa'aatii 1 fi daqiiqaa 30 (ibsa haala mijeessitootaaf daqiiqaa 30, marii gareedhaaf daqiiqaa 30, fi dhiheessiif daqiiqaa 30).
Meeshaalee	Waraqaa yaadannoo, Maarkerii.

Qabxiilee Marii: Deggarsa cufuun maali? Tarkaanfiiwwan gurguddoon adeemsa cufiinsa deggarsaamaal fa'i? Yeroo cufiinsa deggarsaahaal-duree kamtu beekamuu qaba? Bakka bu'oota hirmaattotaatiin erga dhiheessiin erga dhiyaatee booda haala mijeessituchi daqiiqaa 20 fudhachuun dhimmoota ijoo hanga ammaatti ka'an gabaabsee ibsa.

Hubachiisa Teeknikaa:

Cufiinsa deggarsaa jechuun marsaa jireenyaa pirojektii hoggansa deggarsaakeessatti marsaa isa dhumaa. Innis wantoota dhiyaatan xumuruu fi sirnaan dabarsuu, akkasumas sanadoota hunda mallatteessuu, raggaasisuu fi kuusuu of keessatti qabata. Adeemsi cufiinsa deggarsaa hojiin pirojektii hundi akkaataa karooraa fi haguugiinsa hojiitiin xumuramuu isaa, adeemsi bulchiinsa pirojektii hundi raawwatamuu isaa, akkasumas dhaabbati deggarsa fudhate mallattoo dhumaa fi hayyama qaamolee dhimmi ilaallatu hunda irraa argachuu isaa mirkaneessa. Akkasumas garee kanaafi milkaa'ina pirojektoota gara fuula duraatiif raawwii pirojektichaa gamaaggamuu fi madaaluuf carraa ni kenna.

Yeroon cufiinsa deggarsaa akkaataa yeroo baay'ee yeroon hojiirra oolmaa xumuramuu isaa ji'a jahaa hanga sagalii dursee jalqaba. Murteen maallaqaa isa dhumaa kennuu karoora cufamuu waliin ragga'a. Kaffaltii dhumaa booda deggarsichi adeemsa cufamuu faayinaansii keessa kan seenu yoo ta'u, sanadoonni cufiinsaa hundi erga galii ta'ee booda cufamuu bulchiinsaa isa dhumaa seena.

Jechoota Ijoo:

Guyyaa Xumura Sagantaa: Guyyaa deggarsichi itti xumuramu, cufamuu sagantichaa fi sochiin sagantichaa dhaabuu

Guyyaa Cufiinsa Deggarsaa: Yeroo baay'ee guyyaa xumura sagantichaa booda ji'a ja'aa hanga sagaliitti yeroo ta'u, guyyaan kun guyyaa dirqamni deggarsaFandii Addunyaa hundi guutamuu isaa agarsiisa, kunis deebi'uu maallaqaa, qabeenyi hundi herregi isaa hojjetamuu, fi ulaagaalee gabaasaa hunda guutuu dabalat.

Yeroo Cufiinsa Deggarsaa: Yeroo guyyaa xumura sagantichaa fi guyyaa cufiinsa deggarsaa gidduu jiru.

Xumura Hojii: Sadarkaa galteewwan maallaqaan gargaaraman hundi galmaa'anii fi hojiiwwan walqabatan itti xumuraman. Yeroo baay'ee yeroo cufiinsa deggarsaatti ykn guyyaa cufiinsa deggarsaatti kan ta'u yoo ta'u, sana booda baasiin maallaqaa dabalataa hinta'u.

Xumura Faayinaansii: Maallaqni hin baane kamiyyuu fandii deggarsaatti erga deebi'ee booda kan ta'uudha.

Karoorri cufiinsa pirojektii ifa ta'e furmaata gara maamila ykn fayyadamaa xumuraatti haala salphaan akka ce'u mirkaneessa. Qooda fudhattootaaf odeeffannoo barbaachisaa, qabeenya fi bu'aa sana haala bu'a qabeessa ta'een bulchuu fi itti fayyadamuuf leenjii ni kenna. Adeemsi cufamuu pirojektichaas pirojektichi sirnaan xumuramuu kan agarsiisu yoo ta'u, dhaabbatichi oomisha pirojektichaa garee barbaachisaa ta'ee fi itti gaafatamummaa bulchiinsa fi suphaa isaaf akka dabarsu kan taasisudha. Pirojektii tokko ifatti cufuudhaan dhaabbatichi balaa xiqqeessa, itti quufinsa maamilaa ni dabala, akkasumas qaamolee dhimmi ilaallatu hunda gidduutti walta'iinsa ni mirkaneessa. Cufiinsi deggarsaa adeemsa barbaachisaa ta'ee fi bira darDeggarsi tokko tokko yeroo cufiinsaa guyyoota 90 kan hayyamu yoo ta'u, kunis gabaasa deggarsaa xumuruufi dhiibbaa deggarsi sun fidee fi kaayyoo bu'aa waliin deemuu isaa madaaluuf fi hojiiwwan madaallii xumuruu kan dabalatu ta'uu danda'a. Yeroo kana keessatti baasiin deggarsa cufuu wajjin walqabatee bahu deggarsa sanaaf kaffalamuu kan danda'u yoo ta'u, baasiin pirojektii biroo kana booda ramadamuu hin danda'u. Maallaqa kennitoonni gaaffii kaffaltii fi kaffaltii baasii yeroo deggarsaa keessatti raawwatameef guyyoota 30 hayyamuun isaanii kan baratameedha. Fakkeenyaaf, gorsaan tokko tajaajila yeroo deggarsaa keessatti kennameef gaaffii kaffaltii dhiyeessu kan danda'u yoo ta'u, dhaabbatichi yeroo guyyoota 30 keessatti kaffaltii sana kaffaluu qaba.

Yoo deggarsichi dhaabbata maallaqa kennu sanaan madaalame ykn yeroo odiitiitti dhaabbatichi odiitii marroo tokkoof yoo filatame dhimmoonni deggarsa waliin walqabatan hundi sirriitti galmaa'uu isaanii mirkaneessuu yeroo ramaduun faayidaa qaba.

Kutaa xiqqaa 2: Hojimaata Cufiinsaa Hubachuu

Kaayyoo	Hirmaattonni hojimaata deggarsa cufuuf eegamu akka hubatan dandeessisuu.
Hojii Kutaa Kanaa	Hojimaata cufiinsaa hubachuu.
Gaaffiiwwan Marii	Gabaasni deggarsaa maal of keessatti qabata? Piroppoozaala barreessuu irraa akkamitti adda ta'a?
Mala	Marii garee xixiqqaa ykn guddaa
Yeroo	Sa'aatii 2 fi daqiiqaa 30 (Haala mijeessituun mata duree irratti ibsa gabaabaa kennuudhaan daqiiqaa 40 ni dabarsa).
Meeshaalee	Gabatee garagaltu/flip chart, waraqaa yaadannoo, Maarkerii.

Hojiiwwan haala mijeessituu:

Hojimaata cufiinsa deggarsaa irratti qabxiilee marii hirmaattotaaf dhiyeessi. Hirmaattonni garee namoota 3 hanga 5 ta'an uumuun marii garee daqiiqaa 20 haalawwan cufiinsa deggarsaa, maalummaa isaa, fi qormaata isa keessa jiru adda baasuun marii garee nigaggeessu. Tokkoo tokkoo garee irraa bakka bu'aan tokko argannoo marii ni dhiheessa. Yaadota dhiyaatan irratti yaada hirmaattota irraa walitti qabi. Kuticha walitti qabi.

Hubachiisa Teeknikaa:

Kutaa kana keessatti dhimmoonni ijoo armaan gadii ni ilaalamu:

Adeemsa bu'aa cufamuun duraa:

Kaayyoon adeemsa 'cufiinsa deggarsichaa' fandichi sirnaan akka cufamu gochuudha. Hojiileen marsaa cufiinsaa keessatti raawwatamuu qaban pirojekticha keessatti jalqaba irratti karoorfamuu qabu. Pirojektoonni baay'een bu'aa isaanii hunda galmaan hin ga'an ykn qabiyyeewwan daangaa pirojektichaa keessaa dhabamsiisuudhaan yeroo malee cufamu. Yeroo malee cufamuun sababa baasii, barbaachisummaa tarsiimoo, ykn yeroo dhabuu irraa kan ka'e uumamuu danda'a.

Adeemsa bu'aa cufamuu boodaa:

Dhaabbanni maallaqa kennu waa'ee cufamuu deggarsaa dhufaa jiruu dhaabbata deggarsa fudhatu ni beeksisa, yeroo baay'ee guyyaa cufamuu beekamaan dura ji'a 2-3 dura. Tokkoon tokkoon beeksisaa odeeffannoo barbaachisaa kan akka mata duree deggarsaa, koodii pirojektii, guyyaa xumura pirojektii, fi qajeelfama cufamuu pirojektii ni dabalata. Yeroo pirojektichi hojiirra oolaa jiru, yoo yeroodheeressuun barbaachisaa ta'e, fudhataan deggarsa ejensii deggarsa kennu gaaffii baasii-maleedheeressuu ykn baasii waliin dheeressuu ni gaafata. Ejensiin maallaqa kennu xalayaa seeraan, tarreeffama cufiinsaa dabalatee, deggarsi erga xumuramee ji'oota muraasa booda dhaabbata deggarsa fudhateef ni erga. Tarreeffama sakatta'iinsa cufiinsaa irratti ergaa xumuraa argachuun itti gaafatamummaa hogganaa dhaabbata deggarsa fudhatuuti.

Karoora Cufiinsa Deggarsaa fi Baajata Qopheessuufi Dhiheessuu: Hojiileen cufiinsa deggarsaa kanneen duraan Karoora Hojii fi Baajata bara xumura deggarsa sanaaf mirkanaa'e keessatti hammataman Karoora fi Baajata Cufiinsa Gargaarsaa keessatti irra deebi'amanii hammatamuun hin barbaachisu.

Hojiileen cufiinsa deggarsa cufamuu eegamuu kan of keessatti qabatan:

Karoora raawwii cufiinsa deggarsaaqaamota dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuu. Madaallii raawwii alaa. Wixinee gabaasa pirojektii isa xumuraa dhiyeessu. Gabaasa sagantaa isa xumuraa mirkaneessuu. Gabaasa pirojektii isa xumuraa fi tarreeffamameeshaalee bal'inaan qaamolee dhimmi ilaallatuuf galchuu.

- *odiitii xumuruu*
- *Qabeenya sagantichaa dabarsuu ykn dhabamsiisuu fi baasii kanaan walqabatu.*
- *Qabeenya pirojektii guutummatti lakkaa'uu irratti gabaasuu*
- *Dabarsuu qabeenyaa xumuruu.*

Kutaa xiqqaa 3: Qormaata Qabatamaa Cufiinsa Deggarsaa fi Karaa Ba'umsaa

Kaayyoo	Qormaata qabatamaa yeroo cufamuu deggarsaa mudatu irratti hubannoo uumuu.
Hojii Kutaa Kanaa	Qormaata qabatamaa cufamuu deggarsa keessatti mul'atu fi karaa itti ba'an irratti mari'achuu.
Mala	Qormaata qabatamaa cufamuu deggarsa irratti muuxannoo qaban irratti marii garee xiqqaa ykn guddaatiin waliif qooduu.
Yeroo	Sa'aatii 1 fi daqiiqaa 30 (marii gareedhaaf daqiiqaa 30, dhiheessii haala mijeessituuf daqiiqaa 30, mariidhaaf ammoo daqiiqaa 30).
Meeshaalee	Gabatee garagaltu/flip chart, Maarkerii

Hojiiwwan Haala Mijeessituu:

Hirmaattonni lama ykn garee xixiqqoo namoota 3-6 akka ijaaruun qormaata qabatamaa cufiinsa deggarsaa fi muuxannoo isaanii akka waliif qoodan gaafadhu. Tokkoo tokkoo qormaata/rakkoo irratti muuxannoo isaanii fi furmaata yaada furmaataa kennaman tarreessuuf gabatee garagaltu fayyadami. Marii garee xiqqaa booda gareewwan bu'aa marii isaanii garee guutuuf akka dhiyeessan taasisi. Qabxiilee gareewwan kaasan gabatee garagaltu irratti galmeessuun qabxiilee irra deddeebi'anii ka'anhirmaattota waliin sirreessi ykn dhabamsiisi. Muuxannoowwanii fi qormaata qabatamaa cufamuu deggarsa keessatti mudatan jalaakaraa itti ba'an gabaabsi barreessi. Qormaata qabatamaa cufiinsa deggarsaa keessatti mul'atu irratti hubannoo ifa ta'e kennuudhaaf islaayidoota Paaworpooyintii qophaa'an fayyadami.

Hubachiisa Teeknikaa:

Deggarsa cufuun jireenya pirojektii keessatti hojii rakkisaa yoo ta'u, qormaanni qabatamaa kunneenis yeroo baay'ee rakkoo guddaa kan fidudha. Rakkoowwan kunis qormaata miiraa fi sammuu jedhamuun ramadamuu danda'u. Rakkoon miiraas qormaata hojjettootaan walqabatee ykn maamilaan walqabatee jirutti qoodamuu danda'a. Rakkoowwan hojjettootaan walqabatan eenyummaa garee dhabuu, kaka'umsa hojii dhabuu, hojiiwwan hafan irratti fedhii dhabuu fi soda gara fuulduraatti hojii dhabuu kan dabalatu ta'uu

danda'a. Qormaatni maamilaan walqabatee dhufu pirojekticha irratti fedhii dhabuu, ilaalcha maamiltoonni pirojektichaaf qaban jijjiiramuu, fi hojjettoonni ijoo dhabamuu ta'uu danda'a.

Dabalataanis rakkoon sammuu kan keessaa ykn kan alaa ta'uu danda'a. Rakkoon keessoo hojiiwwan gartokkoon xumuraman sakatta'uu, ulaagaalee mirkaneessaa fi meeshaalee hin fayyadamne dhabamsiisuu dabalatee ta'uu danda'a. Rakkoon alaa maamiltoota waliin waliigaltee dhiyeessii fi meeshaalee cufiinsa irratti uumamuu danda'a.

Kutaa xiqqaa 4: Tokkoo Tokkoo Guyyaa Leenjii Goolabuu

Kaayyoo	Guyyoota leenjii fi kutaa irratti xiinxaluu fi adeemsa kana milkeessuuf duub-deebii kennuu.
Hojii Kutaa Kanaa	Akkaataa itti kutaan leenjii madaalliidhaan cufamu shaakaluu.
Mala	Marii banaa.
Yeroo	Daqiiqaa 10
Meeshaalee	Giriidii madaallii, gaaffilee madaallii, unka madaallii isa xumuraa, qalama, maarkerii.

Hojiiwwan Haala Mijeessituu:

Xumura kutaa dhumaa guyyaa sanaa irratti hirmaattonni geengoo uumanii akka walitti qabaman gaafadhu. Hirmaattonni kutaa leenjii guyyaa sanaa fi sochii guyyaa sanaaf gumaacha godhaniif galata ibsiif. Yoo barbaachisaa ta'e hojii manaa ykn waraqaa kamiyyuu raabsi (fedhii haala mijeessituu irratti hundaa'a). Hirmaattota keessaa nama haala mijeessituu guyyaa itti aanuu ta'eef qophaa'ee akka dhufu gaafadhu. Supparvaayizera madaallii ta'ee nama muudameef itti gaafatamummaa dabarsii kenni. Suppervaayizerri madaallii gaaffii giiridii madaallii waraqaa guddaa haala mijeessituchi keenyan irratti maxxanse irratti ni barreessa. Hirmaattonni gaaffilee madaallii deebisuudhaan kutaa guyyaa sanaa ni madaalu (tooftaalee madaallii iccitii fayyadamuun ni danda'ama).Deebii hunda gabatee garagaltu irratti galmeessi fi/ykn giiridii madaallii fayyadami. Gara dhuma kutaa madaalliitti, hirmaattonni ganama itti aanutti kutaa keessa deebii keessatti gaaffilee mariif akka dhiyeessan gaafadhu. Hirmaattonni gaaffii mataa isaanii akka kaasan jajjabeessi. Borumtaa isaa ganama hirmaattonni bu'aa madaallii irratti yaada isaanii qooduun ifatti irratti mari'achuutu irraa eegama. Guyyaa Leenjii Madaaluuf Giriidii Madaallii:

Giriidiin madaallii hirmaattonni qabiyyee, kenniinsa leenjii, fi itti fayyadama yeroo guyyaa leenjii tokkoo tokkoo isaanii akka madaalan ni taasisa.

Sadarkaa: 1 = Ga'umsa Hin Qabu | 2 = Quubsaa | 3 = Gaarii | 4 = Baay'ee Gaariidha | 5 = Baay'ee Baay'ee gaarii dha

Kutaa har'aa keessatti tarkaanfiiwwan barnootaaf mijatoo turan warra kami? Hojjiiwwan har'a barumsa keenya gargaaran kamfa'i? Leenjii har'aa irratti gufuuwwan akkamiitu nu mudatan? Haala mijeessituun maal gochuu qaba? Qindeessitootni maal gochuu qabu? Hirmaattonni maal gochuu qabu? Maaltu fooyya'iinsa barbaada?

Tarkaanfiiwwan kamfaatu fudhatamuu qaba, eenyuun, yoom, akkamitti?

Qabxiilee Hubatamuu Qaban:

Hirmaattonni qabxii lamaa fi isaa gadi yoo kennan, haala mijeessituchi hirmaattota osoo hin komatin ykn osoo hin qeeqin maaliif sadarkaa gadi aanaa akka kennan amalaan nigaafata. Hojiiwwan guyyaa guyyaa erga madaalee booda haala mijeessituchi leenjii guyyaa sanaa ni xumura. Yeroo madaalliitti haala mijeessituchi qeeqa ykn yaada hirmaattotaa irratti hundaa'uun yaada kennuu ykn ilaalcha isaanii mirkaneessuu irraa of qusachuu qaba. Kunis haala mijeessituu irratti miira amantaa uumuun hirmaattonni yaada isaanii bilisaan akka ibsan taasisa. Haala mijeessituchi namni kamiyyuu damee barnootaa hunda irratti beekumsa 100% qabaachuu akka danda'u qabatamaan eegamuun akka hin danda'amne yaadachuu qaba.

Kutaa xiqqaa 5: Madaallii Dhumaa Xumura Leenjii fi Hordoffii

Kaayyoo	Itti quufinsa waliigalaa hirmaattonni sagantaa leenjii irratti qaban madaaluu, yaaddoo ykn waan eegan kamiyyuu furuu, fi fooyya'iinsa gara fuula duraatiif duub-deebii walitti qabuu.
Gochaalee	Wantoota Jalqabaa irraa eegan irratti yaada kennuu: Hirmaattonni jalqaba leenjichaa irratti waan isaan eeganiifi yaaddoo adda baafame akka yaadatan gaafadhu. Gabatee garagaltuu kan isaan jalqaba irratti eeganii turanii fi yaaddoowwan qabatee keenyanirrajiru agarsiisi.
Marii Garee	Hirmaattonni marii irratti akka hirmaatanii fi gaaffilee armaan gadii irratti yaada isaanii akka qoodan jajjabeessi: a. Leenjii kanarraa maal eegnee turre? b. Wanti nuti eegne guutamee jiraa? c. Waan eegne keessaa kamtu hin guutamne? d. Yaaddoowwan jalqabaa yeroo leenjii kana keessatti furmaata argataniiru?
Unka Madaallii Xumuraa	Tokkoo tokkoo hirmaattotaaf unka madaallii dhumaa raabsi. Unki kun gaaffilee qabiyyee leenjii, kenniinsa, haala mijeessuu, gurmaa'ina, fi muuxannoo waliigalaa wajjin walqabatan of keessatti qabachuu qaba.
Unka Madaallii Xumuraa Guutuu	Hirmaattonni unka madaallii akka guutaniif yeroo gahaa kenniif; barbaachisummaa duub-deebii amanamaa fi ijaarsaa kennuu irratti xiyyeeffadhu.
Unka Madaallii Walitti Qabuu	Unka madaallii hirmaattoota irraa akka walitti qabuuf nama kan akka supparvaayizera madaallii ramadi.
Malawwan	Marii garee, madaallii barreeffamaa
Meeshaalee	Gabatee garagaltu, unka madaallii dhumaa, qalama/irsaasii
Yeroo	Tilmaamaan daqiiqaa 30 yaada keennuu fi marii garee, hirmaattonni unka madaallii akka guutaniif daqiiqaa 15.

Hojiiwwan Haala Mijeessituu:

Kutaa madaallii isa dhumaatti ce'umsi sirrii ta'e mirkaneessuudhaan waltajjicha supparvaayizera madaalliitti dabarsi.

Hirmaannaa ho'aa jajjabeessuun hirmaattonni yaada fi duub-deebii isaanii akka ibsaniif haala deggaruu fi banaa ta'e uumi.

Hirmaattonni leenjicharraa waan eegan, itti quufinsaa fi yaaddoo wajjin gaaffiiwwan walqabatan kaasuun marii gareef haala mijeessi.

